

# Abbaa Irrummaa irraa Gama Dimokraasii -- Bilisummaaf yaada rimeettii

FROM DICTATORSHIP TO DEMOCRACY: A CONCEPTUAL  
FRAMEWORK FOR LIBERATION

**GENE SHARP**

THE ALBERT EINSTEIN INSTITUTION, 1994  
TRANSLATION: THE ALBERT EINSTEIN INSTITUTION  
TRANSLATORS: DR. ABDULSAMAD M. YUSUF,  
BORUU BARRAAQAA AND JAWAAR SIRAAJ  
MAY 2010

# TRANSLATOR'S NOTES

# Abbaa Irrummaa

## irraa

# Gama Dimokraasii

Bilisummaaf yaada rimeettii

---

**Barreeffama US marsaa 4ffaa**

**Jene Sharp**

**Dhaabbata Albert Einstien**

Maxansa kana keessatti wanneen argaman hundi qabeenya ummataa waan taheef eeyyama malee baayyisuun ni danda'ama.

Barreeffama kana hiikuu, maxxansani baayyisuu, keessaa waraabbatanii dhimma itti bahuu, qabsiisa irraa tolfachuf yoo dhaabbata Albert Einstein beeksisan itti gammadna.

Maxxansa marsaa duraa, Caamsaa 2002

Maxxansa marsaa 2ffaa, Waxabajjii 2003

Maxxansa marsaa 3ffaa, Guraandhala 2008

Maxxansa marsaa 4ffaa, Caamsaa 2010

Kitaabni “*Abbaa Irrumaa irraa gama Dimokraasii*” jedhu kun yeroo jalqabaa kan maxxanfame Bangkok keessatti bara 1993 ture. Barruu kanas kan maxxansiise dhaaba “*The Committee for the Restoration of Democracy in Burma*” jedhamuu fi gaazexxaa “*The New Era Journal*” jedhamu wal gargaaruun ture. Erga yeroo sanaatti yoo xiqqaate afaanota 31tti hiikameera. Biyyoota akka Serbia, Indonesia, Thailand fi kaan keessati maxxanfameera.

The Albert Einstein Istitution

P. O. Box 455

East Boston, MA 02128, USA

Tel: USA +1 617-247-4882

Fax: USA +1 617-247-4035

E-mail: [einstein@igc.org](mailto:einstein@igc.org)

Website: [www.aeinstein.org](http://www.aeinstein.org)

ISBN 1-880813-09-2

## **Baafata**

### **Boqonnaa 1ffaa**

#### **Abbaa Irree Kallattin Kiphuu**

- 1.1 Rakkoo Itti Fufu
- 1.2 Bilisummaa Goolii Dhaan
- 1.3 Fonqolcha, Filmaata, Gargaarsa Alagaa?
- 1.4 Dhugaa Hadhaawaa Dhaandhamu

### **2 Boqonnaa 2ffaa**

#### **Balaa Araara/Walhaasa'uun Qabu**

- 2.1 Mishoomaa fi Fafa Walhaasa'uu
- 2.2 Walhaasa'uun Harka Kennuu?
- 2.3 Walhaasa'uu keessatti humnaa fi haqa
- 2.4 Abbaa Irree Mijjataa
- 2.5 Nagaa Gosa Kamii?
- 2.6 Sababoota Abdii Nuun Kennan

### **3 Boqonnaa 3ffaa**

#### **Aangoon Eessaa Dhufaa?**

- 3.1 Oduu Qamalee
- 3.2 Madda Aangoo Siyaasaa
- 3.3 Wiirtuulee Aangoo Dimokraatawaa

### **4 Boqonnaa 4ffaa**

#### **Abbootiin Irree Laafina Qabu**

- 4.1 Faana Achilles Adda Baafachuu (Identifying the Achilles' Heel)
- 4.2 Laafina Sirna Abbaa Irruummaa
- 4.3 Laafina Sirna Abbaa Irruummaa Haleeluu
- 4.4 Xumura

### **5 Boqonnaa 5ffaa**

#### **Aangootti Dhimma Bahuu**

- 5.1 Qabsoon Karaa Nagaa Maal Akka Dalagu
- 5.2 Naamusaa fi Meeshaa Qabsoo Karaa Nagaa

- 5.3 Banaa, Iccitii fi Hamilee Guddaa
- 5.4 Hariiroo Aangoo Bakka Geeddaruu
- 5.5 Jijjiirraa Fiduuf Mala Afur
- 5.6 Dimokraasii Argamsiisuuf Qooda Diddaan Siyaasaa
- 5.7 Qabsoon Karaa Nagaa Walxaxaa dha

## **6 Boqonnaa 6ffaa**

### **Barbaachisummaa Karoora Tarsiimoo**

- 6.1 Karoora Qabatamaa
- 6.2 Karoorfachuuf Gufuulee Jiran
- 6.3 Karoora tarsimawe baasuuf ulaagaalee fardii afur

## **7 Boqonnaa 7ffaa**

### **Karoora Tarsimaawe qabaachuu**

- 7.1 Mala qabsoo filachuu
- 7.2 Dimikiraasii Qiyyaasuu
- 7.3 Deggersa Alaa
- 7.4 Tarsiimoo Bu'uraa utubeessuu
- 7.5 Tarsiimoo Duulaa Wixinuu
- 7.6 Yaada Diddaa Babal'isuu
- 7.7 Cuncursaa fi Tarkaanfii Maluuf
- 7.8 Tarsiimoo Qiyyaasameetti Amanuu

## **8 Boqonnaa 8ffaa**

### **Diddaa Siyaasaan Hojjachuu**

- 8.1 Diddaa filachuu
- 8.2 Didhaa Agarsiisuu
- 8.3 Dirqama babal'isuu
- 8.4 Aangoo Abbaa Irreetti Qiyaafachuu
- 8.5 Tarsiimoo Jijjirrachuu

## **9 Boqonnaa 9ffaa**

### **Sirna Abbaa Irree Caccabsuu**

- 9.1 Bilisummaa Babal'isuu
- 9.2 Abbaa Irrummaa Caccabsuu/Unkuteessuu
- 9.3 Injifannoo fi milkii sirnaan qabu

## **10 Boqonnaa 10ffaa**

### **Dimokraasii Gad Dhaabuuf Hojii Durfamuu Qabu**

- 10.1 Sodaa Abbaa Irree Haaraa

- 10.2 Fonqolcha Ittisuu
- 10.3 Heera Mootummaa Wixinuu
- 10.4 Imaammata Ittisa Biyyaa Dimokraatawaa
- 10.5 Diqama ykn gaafatama Kabajaa gonfachiisu

## **Appendix**

# Seensa

Baroota dheeraadhaaf kan natti dhaga'amaa ture akkamitti ummatni abbaa irrummaa dhorkuu fi dhabamsiisuu danda'u kan jedhu ture. Yaada koo kana kan gaabbisanii fi cimsan amanatta mootummooti abbaa irree ummata hacuucuu fi dhabamsiisuu hin qaban kan jedhu ture.

Amantaa kana daran kan naa cimse kitaabota barbaachisummaa mirga dhala namaa ibsan, haalaa fi amaloota abbaa irree (kan Aristotle abbaa irree itti xiinxale), fi seenaa abbootii irree keessaafuu kan Nazi fi Stalin faa dubbisuu kiyya ture.

Bulchiinsa Nazitii jala namoota jiraatanii fi miidhaman, warra kaampitti guuramani irraa hafan wajjin wal bareera. Biyya Norway tti namoota bulchiinsa Nazi didanii fi irraa hafan qunnameera. Oduu warra didda Nazi irratti dhumanis dhaga'eera. Yihudota du'a Nazi jalaa miliqanii fi jara miliqsuu irratti namoota isaan gargaaran wajjin haasa'eera.

Beekumsa shororkaa bulchiinsi komunisti ummata irraan gahan namoota qunnamuun osoo hin taane kitaabota dubbisuun argadhe. Shororkaan warri komunistii kun maqaa cunqurfamootaa bilisoomsuutin sirna abbaa irrummaa gaggeessu tahee natti mul'ata.

Waggooti dhihoo as ammoo biyyoota akka Panama, Poland, Chile, Tibet fi Burma kanneen abbaa irreen bulan keessa namoota jiraatan qunnamuun caalaatti maalummaa abba irree hubachuu danda'eera. Weerara komunisti Chayna of irraa deebisuuf lola warri Tibet lolan; Rashiyaa keessatti fonqolcha mootummaa bara 1991 yaalame warra fashalsiise fi Thailand keessatti bulchiinsa waraanaa deebisuu yaalii tahe ummatni karaa nagaa qabsoo godhuun hambisuu danda'uu isaanii fi waa'ee hammenya abbaa irrummaa irraa waan baayyee baradheera.

Bulchiinsa hammeenyaan mormuuf qabsoo godhamee fi wareegamni hadhaawaan kaffalame kan nama gaddisiisuu tahus amma illee balaan guddaan jiraatuu osoo beekanii dhiiraa fi dhalaan qabsoo godhuu itti fufan isaanii kan nama jajjabeessuu dha. Kanaaf fakkeenya gaari kan tahu: Panamaa keessatti bulchiinsa Noreegaa kan morman, cunqursaa Soviet mormuun Vilnius fi Lithuania keessatti qabsoo godhame, Chaynaa keessatti waltajjii Tiananmen tti hiriira bahamee haga galgala taankiin waltajjii seenutti fi Burmaa keessatti naannoo Manerplaw bilisoomsuuf qabsoo godhamanii dha.

Bakkoota qabsoon itti godhamanii mormitooti itti kufan dowwadhe keessaa: bakka awwaalaa fi waajjira TV Vilnius, Riga bakka namooti itti rashanaman, Kaaba Xaliyaani keessa bakka Ferrara jedhamu iddoo mormitooti dhukaasaan ajjeefaman, bakka awwaalaa Manerplaw kan namooti hedduun daa'ima dabalatee itti awwaalaman dha. Sirni abbaa irrummaa hundi godaanisa kana fakkaatu of duubatti dhiisanii dabru.

Muxannoolee kana keessaa, abbaa irree ittisuun, ajjeechaa inni raawwatu irratti qabsoo gaggeessanii injifachuun, abbaa irree daaraa tahee awwaala isaa irratti gara biraan akka hin dhalanne ittisuun ni danda'ama yaadi jedhu dagaage.

Akkaataa fi mala, wareegamaa fi miidhaa xiqqaa dhaan, abbaa irree guutummaatti diigani dhabamsiisan irratti yaaduuf yaaleera. Waggootii dheeraaf abbaa irrummaa, sochii diddaa, warraaqsoota, yaada politikaa, sirna mootumma fi qabsoo karaa nagaa godhamu qoradheen jira.

Kitaabni kun itti baha qorannoo kanaa ti. Kitaabni kun akka guutuu hin taane naaf gala. Haa tahu malee sochii bilisummaattif yaada masakaa kan irra dhaabbatanii yaadanii fi karoorsan ni taha jedheen amana.

Xiyyeeffannaan kitaaba kanaa abbaa irrummaa akkaataa itti dhabamsiisanii fi haaraan akka hin dhalanne godhanii dha. Biyyi tokko maal akka godhuu qabu xiinxaluu fi yaada dhiheessuf dandeetti isaa itti hin qabu. Haata'u malee xiinxalli bu'uraa an godhe kun biyya rakkoo abbaa irrummaa qabani hundaaf ni hojjata. Xiinxala asitti dhihaate haala biyya isaanii keessa jiruu wajjin wal fudhachiisuun qabsoo isaanii qindeeffachuu dha.

Xiinxala kana keessatti abbaa irree diduun kan gatii hin gaafanne fi salphaa jedhee hin dhiheessine. Qabsoon hundi xaxaa mataa isaa fi wareegama kaffalchiisu qaba. Abbaa irree loluun miidhama qamaa fi lubbuu geessisu ni qaba. Xiinxalli as keessatti dhiheesse kun hoggantooti humna isaanitti gahaatti dhimma bahanii, fincilaa daandii wareegama xiqqaa gaafatu akka filatan isaan gargaara jedhee abdadha.

Xinxalli kun abbaan irree tokko oggaa kufu rakkoon hundi ni dhabama akka jedhutti fudhachuun hin tahu. Mootummaan tokko kufuun rakkoo hundaa hin dhabamsiisu. Kan inni godhu hojii jabaaf ulaa saaqee, dadhabbi guddan hawaasa, dinagdee, fi hariiroo siyaasaa kan cunqursaa fi miidhaan hin qabne ijaaru dha. Xiinxalli gabaabaa akkaataa abbaa irrummaa itti buqqisan kun fedhii ummatooti jala jiran bilisoomsuu ni garaa jedhen abdadha.

Jene Sharp

6 October 1993  
Albert Einstein Institution  
Boston, Massachusetts



# Boqonnaa 1ffaa

## Abbaa Irree Kallattin Kiphuu

Baroota as kaluu kana keessa Abbaan irree gosti fedhe iyyuu ummatni wal kakaasee yeroo dura dhaabbatu oggaa caccaban agarree jirra. Abbootii Irree jaboo fi kan hin sochoone fakkaatan illee diddaa ummataa qindaawe karaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa godhamu dura dhaabbachuu hin danda'an.

!980ta irraa kaasee ummatooti biyya Estonia, Latvia, Luthuania, Poland, Jarman Bahaa, Czechoslovakia, Slovenia, Madagaskar, Mali, Bolivia fi Philipinnes diddaa karaa nagaa adeemsisaniin abbootii irree caccabsanii jiru. Biyyoota akka Nepal, Zambia, South korea, Chile, Argentina, Haiti, Brazil, Uruguay, Malawi, Thailand, Bulgaria, Hungary fi warra qaama Soviet Union turan keessatti qabsoo dimokraateessuuf godhamuuf diddan karaa nagaa godhamu guddaa gumaachee jira.

Itti dabalees diddaan siyaasaa Chayna, Burma fi Tibet keessatti dhiheenya kana mul'atee jira. 1 Qabsoon biyyoota kana keessatti deeman akeeka isaanii rukutanii abbooti irree ykn mootummaa hacuccuu buqqisuu baatan illee hammenya mootummaalee kanaa hawaasa addunyatti saaxiluu duwwaa osoo hin taane ummaticha bu'aa qabsoon karaa nagaa maal akka tahe itti agarsiiseera.

Biyyootii olitti maqaan dhawame keessatti sirni Abbaan irree buqqifamuun rakkoolee hawaasaa: hiyyummaa, yakka, xaxaa birokraasii, fi uumama naannoo mancaasuu haquu hin dandeenye. Rakkooleen kun bulchinsa Abbaan irree irraa kan as dabranii dha. Abbaan irree kun buqqa'uun yoo xiqqaate cunqursaa ummataa irra guddaa kaasee hawaasichi akka dimokraasii, bilisummaa fi haqa ijaaruuf karaa saaqeera.

### 1.1 Rakkoo Itti Fufu

Kudhanota dabran keessa addunyaan gara dimokraasii fi bilisummaatti tarkaanfii guddaa fudhate. Akka dhaabbati Mana Bilisummaa (Freedom House) jedhamu sadarkaa mirgoota siyaasaa fi civilii qoratee galmeesseetti biyyooti bilisa (free) jedhaman lakkoobsi isaan guddaa dabalee jira:2

	Bilisa	Cina Bilisa	Bilisa miti
1983	54	47	64
1993	75	73	38
2003	89	55	48
2009	89	62	42

Haalli kun gaarii fakkaatu illee amma iyyuu ummatni bulchiinsa abbaa irree jala jiran guddaa dha. Haga bara 2008tti baayyina ummata addunyaa biliyoona 6.68 keessaa %34 biyyoota "*bilisa miti*"<sup>3</sup> jedhaman keessa jiru jedhama. Isaan kun biyyoota mirgi siyaasaa fi civilii akka cimaatti

ugguramee dha. Biyyoota 42 bilisa miti jedhaman keessaa garii bulchiinsa abbaa irree waraanaa (kan akka Burmaa), sirna mootiin bulchuu (kan akka Saudi Arabia fi Bhutan), paartiin tokkichan buluu (kan akka Chayna fi Koriya Kaabaa), humnoota alagaan hachuucamani bulfamuu ( kan akka Tibet fi Sahaaraa dhihaa), ykn warra cehumsa sirnaa irra jiranii dha.

Har'a biyyootiin baayyeen haala guddina dinagdee ariifachiisaa, jijjiirraa siyaasaa fi hawaasaa keessa jiru. Lakkobsi biyyoota bilisa jedhaman baayyatu illee guddina buqqaasaa galmeessaa jiru waan taheef gara bulchiinsa Abbaan irree bifa haaraa jalatti deebi'uu malu shakkiin jedhu ni jira. Murni qondalota waraanaa, namtokkeen bolola qaban, qondaalli filame fi paatiin garii dantaa isaanii duwwaa gad dhaabuuf ni tattaafatu. Fonqolchi waan amma tahuu ykn gara fuulduraatti as bahuu malu dha. Haala akkasii ammoo mirgi namoomaa fi siyaasaa ummataa ugguramuun itti fufuu danda'a.

Haalli kaleessaa fi dheengadda ture har'a illee numa wajjin jira. Rakkon Abbaa Irruummaa hiddi isaa gad fagoo dha. Ummatni biyyoota baayyee keessa jiran cunqursaa keessaa ykn kan alagaa baroota kudhanoota ykn jaarraa dhaaf jala jiraatan. Yeroo baayyee gaaffii malee jilbeenfatani warra aangoo qabuuf abboomamuun sammuu namaa keessatti maxxanee jira. Yeroo tokko tokko ammoo jaarmayaan hawaasaa, siyaasaa, dinagde fi amantii beekaa mootummaan dadhabsiifamanii, meeshaa mootumman hawaasa ittin tohatu tahanii jiru. Ummatni akka quba wal qabaatee, wal irratti amantaa horatee bilisummaa isaaf hin sochoone godhama.

Haala akkasii keessatti itti bahi isaa: ummatni dadhabaa taha, of irratti amantii dhaba, diddaa agarsiisuu hin danda'u. Ummatni mootummaa Abbaa Irruummaa akka jibbu, bilisummaa akka dheebotu kan biraa illee hafee firaa fi maatii isaa wajjin hin haasa'u. Diddaa ummataa gaggeessina yaada jedhu yaaduun iyyuu ummata ni sodaachisa. Waan akkasii yaaduun maal bu'aa buusa? Abdii kutatee mataa gad qabadhee jiraachuu naa wayya jedha.

Har'a haalli Abbaan irree keessa jiru isa duraanii irra gadhee tahuu mala. Yeroo dabre namooti garii finciluu yaalanii turan. Yeroo gabaabuuf illee haa taatu malee ummatni hiriira bahuun diddaa isaa agarsiisuun ni ture. Kun hamilee ol kaasuu hin oolle. Yeroo gara biraa ammoo namtokkeeleef fi gartuun xiqqoon gootumman ka'anii sochii ija hin qabne godhan illee kaayyoo diddaa fi finciluu akeekaniiru. Tarkaanfiileen kabajamaan amma duraa kun garuu, sodaa fi aadaa gaaffii malee abboomamuu ummataa, kan Abbaa Irruummaa buqqisuuf haal-duree tahan dhabamsiisuu hin dandeenye. Diddaa fi fincilli ka'anii dhaaman dhiphuu fi ajjefamuu ummataa dabalana malee injifannoo fi abdii hin fidne.

## **1.2 Bilisummaa Goolii Dhaan**

Haala akkasii keessatti maaltu godhamuu qaba? Waanti godhamu danda'u kan bu'aa hin qabne fakkaata. Abbootiin irree heera fi seera, murtii nama seeraa fi yaada ummataa irra eejjetu. Gochaa ajjeesuu, ukkamsuu, reebuun dararuu fi ukkaamsanii dhabamsii kanaaf ummatni falli jiru goolii uumuu dhaan, meeshaa lolaan debii kennuu dha jedhee xumura taha. Warri miidhaan aarsite wal ijaaree Abbaa Irruummaa haga funyaanitti hidhate meeshaa lolaa fi dandheetii waraana

haga qabuun of irraa loluutti seena. Kun ammoo fafa isaaf qabaachuu hin hubatu taha. Namooti akkasitti ka'an gootummaan lolanii wareegama lubbuu fi qaamaa hir'achuun irra gaheera taha. Tarkaanfiilee boonsa galmeessan illee bilisummaa barbaadamu kan argamsiisan baayyee xiqqo tahu. Diddaan meeshaa lolaan godhamu Abbaan irree gara jabinaan akka ummata caalaatti miidhuu fi abdi kutachiisu godhuun deddeebi'ee mul'ateera.

Hidhannoon diddaa agarsiisuun bu'aa qabaatu illee waanti tokko ifatti mul'ata. *Meeshaan loluu filachuun mataan isaa dirree Abbaan irree olaantummaa itti qabuutti seenuu taha.* Abbootin Irree goolii hojii irra oolchuu hidhatanii jiru. Dimokraatonni qawwee lafaa kaasan yeroo haga tokkof itti fufan illee haleellaan waraana Abbaa Irruummaa jalaa baraaramuu hin danda'an. Abbootin Irree meeshaa waraanaa, rasaasa, geejjiba fi humna loltuu olaanaa qabu. Dimokraatonni gootummaa hagam qabaatan illee humna Abbaan irreen gituu hin danda'an.

Warri fincile lola dhaabbataa loluun akka bu'aa hin qabne yeroo hubatan tooftaa riphee lolaa filachuu ni malan. Haata'u malee lolli riphee lolaa yeroo baayyee ummata cunqurfameef bu'aa hin qabu, dimokraasiis fidee hin beeku. Lola riphee lolaa loluun miidhaa guddaa ummata irraan gaha waan taheef furmaata fidu hin qabu. Tooftaan kun deggersa keessaa fi alaa qabaatu illee kufaatii oolchuuf waanti iggitii tahu hin jiru. Qabsoon riphee lolaan godhamu yeroo dheeraa fudhata. Ummatni qe'ee isaanii irraa buqqifamu, miidhaa fi dararama guddaatu irra gaha.

Lolli riphee lolaa yoo milkaawee injifate iyyuu yeroo lolaa bu'ura ijaarsa biyyaa diigaman bakkatti deebisuun yeroo dheera fudhata. Mootummaan lolamaa jiru sun of ittisuuf jecha Abbaa Irruummaa hiriyaa hin qabne taha. Riphee loltoonni yeroo injifataniis aangoothi dhufan humni waraanaa fi caasaan isaanii waaltawaa waan taheef, dimokraasii gad dhaabuuf jaarmaya hawaasaa barbaachisan diiguu ykn dadhabsiisuu dhaan yeroo tokko tokko Abbaa Irruummaa isa kuffisan caalaa Abbaa Irruummaa tahananii as bahu. Namooti Abbaa Irruummaa jibban fala gara biraa dhawuu jalqabuu qaban.

### **1.3 Fonqolcha, Filmaata, Gargaarsa Alagaa?**

Mootummaa Abbaa Irruummaa cunqursituu tahe karaa salphaa fi gabaabaan itti buqqisan fonqolcha waraanaa gaggeessuu fakkaachuu mala. Haata'u malee malli kun rakkoo cimaa qaba. Rakkoon duraa fi cimaan wal caalmaa akkaataa aangoon ummataa fi qondaalota waraanaa qoodame bakkumatti dhisa. Namtokke ykn murna tokko bulchiinsa harkaa qabu kaasuun gara biraa akka bakka bu'u godha malee waan geeddaru hin qabu. Tarii gartuun amma aangoothi dhufe hammenya guddaa kan hin qabne fi jijjiiraa dimokraasee garii fudhachuu danda'a. Haata'u malee faallaan kanas as bahuu danda'a.

Murni reef aangoothi dhufe gaafa gad of dhaabe kan duraanii caalaatti bololaa fi gara jabaataa tahuu mala. Jijjiirraa fida jedhamee murni abdatame, dimokraasii fi mirga namoomaaf dantaa osoo hin qabaanne waan fedhe hojjachuu jalqaba. Kun ammoo rakkoo Abbaan irree furmaata hin tahu.

Sirna Abbaa Irruummaa jalatti filmaatni jijjiiraa siyaasaa fida hin jedhamu. Mootummooti abbaa irree kan Soviet duraanii dimokraatawaa fakkaachuuf tarkaanfiilee fudhatan ni qabu. Filmaatni Abbaan irree geggeessan garuu ummata kan tohatu, kadhiamtooti dorgommiif dhihaatan dursanii kan qopheessani dha. Dhiibamanii ykn dirqisiifamanii Abbaa Irruummaa seera filmaataa haaraa fudhatan illee sagalee kennamu hatuun abbaa barbaadan duwwaa moo'e jechu dhan maxxantoota isaanii akka waajjira mootummaa qabatan godhu. Yoo kaadhiamtooti mormitootaa akka dorgoman godhamee filaman, akkuma bara 1990 Burma, bara 1993 Nigeria keessatti tahe, sagaleen ummatni kennate kabajamuun hafee, inni mohate sun arihatamuu, hidhamuu ykn ajjeefamuun iyyuu isa muudachuu danda'a. Abbaa Irruummaa filmaata aangoo irraa isaan buqqisu akka geggeefamu hin eeyyaman.

Ummatni baayyeen kan bulchiinsa Abbaa Irruummaa jalatti cunqurfamanii bulan, ykn kanneen baqatanii biyyaa bahan, cunqurfamaan of bilisoomsuu ni danda'a jedhanii hin amanani. Namni ykn humni gara biraan dhufee akka bilisa isaan baasutti abdatu. Hawwii fi abdi isaanii humna alaa irra kaa'u. Gargaarsa addunyaatu duwwaatu cimina qabaatee Abbaa Irruummaa buqqisa jedhanii amanu.

Ilaalchi cunqurfamaan Abbaan irree buqqisuu hin dandeenyu jedhu kun yeroo haga tokkoof sirrii tahuu danda'a. Malaa fi tooftaa cunqursaa ittin of irraa buqqisan waan hin beekneef cunqurfamooti of irratti abdi qabaatanii wal ijaaranii qabsoo hin godhan. Haalli kun yeroo haga tokkof dhugaa tahuu danda'a. Kana irraa ka'ee sababiin ummatni humni alagaa na bilisoomsa jedhe abdatuuf hubatamaa dha. Humni alaa kan jedhamu Mootummoota Waltaha (UN), biyya beekamaa tokko, ykn ammoo wixii dinagdee fi siyaasaa hawaasi addunya godhu tahu mala.

Tahu-malaa humni alaa bilisa na baasa jedhanii abdatun kan nama jajjabeessu fakkaatu illee rakkoo cimaa of keessaa qaba. Abdi akkasii guutummaatti kan hin jirre taha. Humni alaa dhufee bilisa nama baasu hin jiraatu, yoo mootummoti itti seenan ammoo kun tasa kan hin amanamne dha.

Dhugaa jiru irraa ka'amee maaliif humna alaa akka hin abdatamne tuttuquuf:

- Mootummooti alaa dantaa siyaasaa fi dinagdee isaanii dursuun Abbaan irree gargaaruu ykn ammoo gochaa isaa obsuufii ni malu.
- Mootummooti alaa akeeka mataa isaanii dursuun fedhi cunqurfamooti bilisummaaf qabanif dhimmuu dhiisuu ni malu.
- Mootummoti alaa garii biyya sana harka lafa jalaan tohatanii dantaa dinagdee, siyaasaa fi waraanaa isaanii tikfachuuf Abbaan irree irratti tarkaanfii ni fudhatu.
- Mootummoti alaa erga diddaan ummataa biyya keessaa ka'ee cimee Abbaan irree raasee ilaalcha addunyaa argatee booda itti seenanii gargaarsa kennuu danda'u.

Yeroo baayyee Abbootiin Irree lubbuu kan dheerataniif akkaataa aangoon biyya sana keessatti goodame irraa ti. Qabeenyaa fi aangoon harka namoota muraasatti (xinnoo) kuufamee jira yoo tahe ummatni fi hawaasi dadhaboo waan tahaniif Abbaan irreetti rakkoo uumuu hin danda'an.

Hariiroon alaa Abbaa Irruummaaf aanjaa uumuu ykn dadhabsiisuu malu illee umrii isaanii itti fufuuf haala biyya keessaatu murteessaa dha.

Biyya keessaa sochiin diddaa ummataa cimaan yoo jiraate dhiibbaan alaa godhamu gargaarsa bu'a qabeessa kennuu ni danda'a. Wixileen kan akka hariiroo diplomaasii kutuu, dinagdee, jaarmayaa idil-addunyaa keessaa arihuu, Mootummoti Waltahan balaaleffachuu fi kkf guddaa gargaara. Haata'u malee kun tahuuf sochiin diddaa ummataa cimaan biyya keessa jiraachuu qaba.

#### **1.4 Dhugaa Hadhaawaa Dhaandhamu**

Xumurri dhimma kanaa baayyee jabaa dha. Abbaan irree karaa salphaa fi gatii laafaa dhan buusuf dalagaalee afur hatattamaan hojjatamuu qaban:

- Murannoo, of irratti amantii fi tooftaa diddaa ummata cunqurfamaa cimsuu
- Dhaabbilee fi jaarmayaalee walaba hawaasaa jabeessuu
- Diddaa biyya keessaa humna qabu uumuu fi
- Bilisummaa argamsiisuuf karoora cimaa fi tarsiiimawaa karoorsuuf bilchinaan hojii irra oolchuu dha.

Gartuun bilisummaaf qabsoo godhu of irratti irkachuu fi humna isaa jabeeffachuu qaba. Bara 1879 fi 1880 keessa oggaa warri Ireland diddaa gaggeessan namtichi Charles Stewart Parnell jedhamu:

Mootummaa irratti abdachuu ykn irkachun bu'aa hin qabu..... Kan ati irratti abdatu ykn irkattu murannoo kee tahuu qaba..... Walcinaa dhaabbachuun wal gargaaraa..isin keessaa warra dadhaboo tahan jajjabeessaa... harka wal qabadhaa, wal ijaaraa egaa ni injifattu.

Haga gaafa haala kan dhugoomsitanitti hin dubbatinaa. Gaafa bilcheessitan dubbadha.4

Abbaan irree humna cimaa of irratti amantii qabu, karoora ogomte kan karoorfate, naamusa cimaa fi gootummaan tarkaanfii fudhatu, cimina keessa isaa irratti kan hundaawuun yoo rukutame ni burkutaawa, ni diigama. Yoo xiqqaate garuu ulaagaaleen afuran olitti tarrifaman guutamuu qabu.

Haasawa armaa olii irraa kan hubatamu, Abbaan irree buqqisanii bilisoomuuf murteessaan dandeetii ummataa ti. Diddaa siyaasaa karaa nagaan gaggeessanii galiin gahuun, akka olitti tuqametti, ummatni of bilisoomsuuf carraa ni qaba. Carraan kun garuu dhimma itti bahamaa hin jiru. Boqonnaa itti aanu keessatti dhimma kana ilaalla. Haata'u malee dura dhimma araaraan wal haasa'uun Abbaan irree buqqisuu ilaalla.

## **Boqonnaa 2ffaa**

### **Balaa Araara/Walhaasa'uun Qabu**

Abbaa Irruummaa buqqisuuf yaalanii yeroo itti ulfaatu ykn rakkoon itti heddumaatu ummatni garii mormii malee harka kennachuutti deebi'u. Namooti garii Abbaan Irree kan achii hin sochoone itti fakkaatee, dimokraasii argachuu hin dandeenyu kanaaf araara, walhaasa'uu dhaan cunqursaa of irraa xiqqeessuu dandeenya jedhanii yaadu. Irra keessa yeroo ilaalan filmaata gara biraa dhabuu irraa akkasitti yaadun waan bu'aa qabu fakkaata.

Abbaan irree irratti qabsoo godhuun waan salphaa miti. Karaa qabsoo kana deemun iyyuu maaliif barbaachise? Walhaasa'uu dhaan, jaarsummaa dhaan suuta jechuu dhaan Abbaan irree kaasuun hin danda'amu? Dimokraatooti Abbaan irreetti dhihaatanii haasofsiisuun akka namoomaaf jecha gochaa isaanii hammenyaa kana suuta akka laaffisaa deeman godhuun, maayii irratti aangoo gad dhiisanii akka dimokraasiin utubamu godhuun hin danda'amu?

Yeroo tokko tokko dhugaan gama tokko jiraachuu dhiisuu ni malti jedhanii falmuun ni danda'ama. Tarii dimokraatonni A/ Irre hubachuu dhabu irraa kan ka'e Abbaan irree yeroo keessa tarkaanfii gaarii ni fudhatuu? Tarii namooti garii Abbaan irree yeroo rakkoo cimtuun biyya qunnamtu, xiqqoo yoo jajjabeessan, gammachuu dhaan aangoo irraa bu'u jedhanii yaadu taha. Haala gamni tokko argatee kaan hin kaasaarre, Abbaa Irruummaa fi ummatni bu'aa itti argatan Abbaan irreef dhiheessuun ni danda'ama jedhani falmuun tarii ni ka'a. Qabsoo kanaaf kana caalaa wareegama kaffaluu fi balaan muudachuun hin barbaachisu jechun falmuu fi akka namooti beekamoon ykn mootummaan biraa dhimma karaa nagaa fi araaraa xumuru wayya jechuun ka'uu danda'a. Qabsoo ulfaataa gaggeessuu irra kun irra hin wayyuu?

## **2.1 Mishoomaa fi Fafa Walhaasa'uu**

Walhaasa'uun/jaarsummaan mormii tokko tokko furuu irratti meeshaa baayyee barbaachisaa yeroo tahu waan jiruuf lagatamuu hin qabu.

Haala wal haasa'uu kaayyoo bu'uraa hin miine keessatti mormii furuuf wal haasa'anii, waan garii walii beekanii dhiisuun meeshaa araaraa gaarii dha. Dafqaan bulaan dabala mindaa gaafachuun hojjii yeroo dhaabu, mormii kana furuuf walhaasa'uun furmaata fida. Gaaffii dafqaan bulaan gaafatee fi abbaan warshaa deebii kennu giddutti madaalani walhaasa'uun furmaata irra gahuun ni danda'ama. Haalli wal mormii dafqaan bulaa waldaan ijaarame fi abbaa qabeenyaa gidduu jiruu fi Abbaan irree humnaa fi gara jabinaan bulchuu fi ummata gaaffii siyaasaa gaafatu gidduu jiru wal hin fakkaatu.

Dhimmi irratti haasa'amu kaayyoo bu'uraa amantii, mirga namoomaa ykn ammoo dagaagina hawaasaa gara fuulduraa kan tuqu ykn miidhu yoo tahe walhaasa'uun furmaata wal hubannaan irratti argamu fiduu hin danda'u. Dhimmota bu'uraa fi murteessoo tahan irratti haasa'uun irraa bu'un tasa hin jiraatu. Kaayyoo bu'uraa kan iggiteessuu danda'u yoo aangoon harka Abbaa Irruummaatii bahee harka dimokraatotaatti gale duwwaa dha. Aangoon harka geeddarachun kan danda'u ammoo qabsoo dhaan malee wal haasa'uun hin tahu. Kana jechun ammoo walhaasa'uun lagatamuu qaba jechuu miti. Yoo dimokraatoti humna qaban jiraatan malee Abbaan irree jabaa walhaasa'uun kaasuun hin danda'amu.

Walhaasa'uun filmaata tokko tahuu dhiisuu ni mala. Abbaan irree akka gaaritti gad of dhaaban mormiitoota isaani dimokraatootaa wajjin haasa'u diduu danda'an. Yokaan wal haasa'uun jalqabee, dimokraatooti haasaa jalqaban achumaan dhabamuu malan.

## **2.2 Walhaasa'uun Harka Kennuu?**

Gartuu ykn namooti Abbaan irree dhaan morman sababa qabatamaa araara itti barbaadan qabaachuu danda'u. Keessaafuu karaa hidhannoo qabsoo godhan yoo tahe, qabsoon sun bara dheeraa deemee injifannoo galmeessuu oggaa hanqatu, ummatni nagaa nuu wayya jechuu danda'a. Haala Abbaan irree karaa humna waraanaa olaantummaa qabaatee miidhaa guddaa ummata irraan gahu yeroo ulfaatu dimokraatoti walhaasa'uun qabxii ka'u taha. Haala akkasii keessatti akeeka dimokraatoota haga tokko dandamachiisuuf, goolii fi jeequmsa uumame dhaabuuf mala dhawuun jalqabuf fedhiin namatti buluu ni mala.

Waamicha araaraa Abbaan irree dimokraatootaaf godhu hin amanamu. Goolii fi jeequmsii deemaa jiru battalatti kan dhaabbatu yoo Abbaa Irruummaa ummata isaani irratti lola banan yoo dhaabani dha. Kana ammoo dhiibbaa tokko malee kaka'iinsa mataa isaaniin, wal haasa'uu tokko malee, kabajaa ummataaf qaban bakkatti deebisanii, mirga naamoomaa beekani kabajani, hidhamtota siyaasaa hiikani, torchar dhaabani, ummata dhiifama gaafatani aangoo irraa bu'uu danda'u.

Abbaan irree ciminni yeroo itti dhaga'amu, mormiitoota dadhaboo garuu kan isa tuttuqan, nagaa golgaa godhachuun, mormiitoota harka kennachiisuuf walhaasa'uu ni fedha taha. Waamichi walhaasa'uuf godhamu nama harkisuu mala, garuu balaa hamaan walhaasa'u kanaan dhufuu danda'a.

Gama biraan ammoo yoo mormiitooti baayye cimoo tahanani Abbaa Irruummaa kan sodaachisan tahe, Abbaan irree haga tokko of dandamachiisee qabeenya isaa hambifachuuf walhaasa'u ni fedha taha. Karaa lamaaniinis tahe dimokraatoti akeeka Abbaan irree gargaaruu qabuu?

Kiyoo walhaasa'uu Abbaan irree diriirsanitti akka hin kufne dimokraatoti guddisanii of eeguu qaban. Dhimma walabummaa siyaasaa ilaalu irratti waamichi Abbaa Irruummaa walhaasa'uuf dimokraatotaaf dhiheessu akka harka kennatanii, Abbaan irree hakuuccee isaa itti fufu taasisa. Walhaasa'uun dhugaa kan argamuu danda'u qabsoon cimee aangoo Abbaan irree erga akka gaaritti dhabamsiisee booda taha. Kunis Abbaan irree nageenya mataa isaaf dirree xiyyaaraan akka biyyaa bahuuf gargaara.

## **2.3 Walhaasa'uu keessatti humnaa fi haqa**

Akkaataa walhaasa'uun itti deemu irratti kan dhihaate yoo ulfaate warra walhaasa'uu fedhaniif karaa laafa dhiheessun ni danda'ama. Garuu akkaataa walhaasa'uun deemu irratti yaadi ifaan jiraachuu qaba.

Walhaasa'uu yeroo jedhamu gamni lachuu wal qixa wal maddii taa'anii wal dhabbii isaan gidduu jiru haasa'anii furatu jechuu miti. Kana irratti qabxiin lama hubatamuu qaba. Tokkoffaa, walhaasa'u keessatti ilaalchaa fi akeeka wal morman lamaan gidduu dhugaan jiru waltahiinsa fiduu hin fidu. Lammaffaa, qabxiin irratti wal galamu humna gamni lachuu qaban irratti hundaa'a.

Gaaffiilen jajjaboon as irratti ilaalamuu qaban. Haasawaan deemee, dhuma irratti, walii galtee irra gahuun yoo dadhabame, akeeka ofii tikfachuuf gamni lachuu maal godhuu qaban? Walii galtee irra gahamee, gamni tokko waadaa gale yoo cabsee humna qabuun akeeka deebifachuuf socho'e, gamni lachuu maal godhuu qaban?

Dhimma haasa'amu irratti kun sirrii, sun sirrii miti jechuu dhaan furmaata irra gahuun hin danda'amu. Dhimmota sana irratti marii fi haasaa bal'aan godhamu illee wahitti bahuuf murteessaan humna gartuun wal falman lamaan qabani dha. Dimokraatooti waan barbaada keessaa isa xiqqaa akka hin dhorkatamneef maal godhuu qaban? Abbaan irree aangoo irra turanii dimokraatoota tohachuu fi dadhabiiisuuf maal godhuu qaban? Yoo walii galteen kan bu'u tahe, akkaataa gamni lachuu humna wali itti tilmaamanii fi qabsoo sana itti xumuran itti herregan irratti hundaa'a.

Kan ilaalamuu qabu, walii galtee irra gahuuf gamni lachuu maal kennuuf fedhii akka qabuu dha. Walhaasa'u milkiin xumuramu keessa kennanii fudhachuun, garaagarummaa walii beekutu jira. Gamni lachuu akeeka isaa irraa haga tokko bu'ee, kan barbaadu irraa ammoo haga tokko argata.

Haala Abbaan irree fuggifamaa tahe keessatti dimokraatoti hagam gad dhiisuufii qabu? Akeeka Abbaa Irruummaa keessaa dimokraatooti maal fudhachuufii danda'u? Dimokraatoti mootummaa gara fuulduraatti heera irratti hundaawe dhaabbatu keessatti akka qooda qabaatu Abbaa Irruummaaf kennuu danda'uu? Sana keessatti dimokraasiin eessa jiraata?

Walhaasa'uun akka gaaritti yoo deeme illee gaaffilee : Nagaa akkamitu bu'a? Yoo dimokraatotni qabsoo itti fufan jireenyi ni foyya'a moo ittumaa hammata? gaafachuu barbaachisa.

## **2.4 Abbaa Irree Mijjataa**

Abbaan irree akeekaa fi fedhii itti hakuucanii bulchanif adda addaa kan akka: aangoo, qabeenyaa, hawaasa jijjiiruu fi kkf qabaachuu danda'u. Yoo bakka qabatani irraa ka'an fedhiin isaanii kun duraa hafa. Kanaaf yeroo walhaasa'an Abbaa Irruummaa akeeki isaanii akka hin tuqamne barbaadu.

Abbaan irree dimokraatota harkatti galfaachuu yeroo walhaasa'amu abdii fi waadaa adda addaa galanii erga harkaan gahatanii booda waadaa isaani sodaa tokko malee cabsu.

Dimokraatoti diddaa isaanii giddutti yoo dhaaba maayi irratti itti gaabbu. Qabsoo diddaa gidduutti laaffisuun cunqrusaa hin hir'isu. Humni isaaniin mormu keessas tahe alaa qabbanaaw Abbaan irree isa durii caalaatti tarkaanfii hammeenya fi hacuuccaa fudhatu. Diddaan ummataa



jiraachuun Abbaan irree miidhaa ummata irraan geessu irraa akka of qusatu taasisa. Yoo diddaan ummataa hin jiraanne Abbaa Irruummaa abbaa fedhe irratti tarkaanfii fudhata. Krishnalal Shridharani namni jedhamu “ Abbaan irree waan nuti of irraa ittisuu hin dandeenya humna waan qabuuf rawwata”<sup>5</sup> jedhe.

Kaayyoon bu’ura kan tuqamu yoo tahe mormii jiru hiikuuf diddaa itti fufuu malee walhaasa’uun gatii hin qabu. Diddaan haga Abbaa Irruummaa aangoo irraa buusutti itti fufuu qaba. Injifannoon yeroo baayyee walhaasa’un waliin galuun osoo hin taane diddaa ummataatti ogummaan fi ciminaan dhimma itti bahuu dhaan argama. Qabsoo bilisummaaf godhamu keessatti meeshaa jabaan diddaa siyaasaa fi qabsoo karaa nagaa godhamu akka tahe ni dhiheessina.

## **2.5 Nagaa Gosa Kamii?**

Yoo Abbaan irree fi dimokraatonni waa’ee nagaa haasa’an, yaada ifaa qabaatan malee balaa qaba. Nagaan barbaada kan jedhu hundi nagaa bilisummaa fi haqa wajjin hin barbaadu. Abbaa Irruummaa ummata kumootaan cunqursuu fi hacuucutti harka kennuun nagaa fiduu hin danda’u. Hitler nagaa jedhaan kan ture, fedhii fi aangoo isaatti harka kennaa jechuu ture. Nagaa Abbaan irree jedhan yeroo baayyee nagaa mana hidhaa ykn awaala keessa irraa adda miti.

Balaa gara biraas ni jira. Namooti garii akeeka walhaasa’uu fi deemsa haasaa waliin dhawu. Dimokraatooti yeroo Abbaan irree wajjin haasa’an biyya keessaa fi alatti fudhatama Abbaan irree sababa hammeenya fi dhiittaa mirga namaa raawwatuuf dhabee ture deebisuuf. Abbaa Irruummaa fudhatama yoo hin arganne bulchiinsa isaanii itti fufuu hin danda’an. Warri nagaa barbaadan fudhatama Abbaan irree dhabe sana kennuufii hin qaban.

## **2.6 Sababoota Abdii Nuun Kennan**

Akkuma olitti tuqamee ture, hoggantooti mormitootaa qabsoo godhan irraa yeroo abdii dhaban gara nagaa haasa’uutti deebi’u. Abdii kutannaa ykn laafinni har’a mul’atu ni jijjiirama. Abbaan irree bara baraan kan jiraatan miti. Ummatooti bulchiinsa Abbaan irree jala jiran dadhaboo akka tahanitti hafuu hin qaban. Akkasumas Abbaan irree jabaa fi abbaa humnaa akka tahanitti hin hafan. Aristootil bara dheeraan dura “ Bulchiinsi Abbaan irree bulchiinsa warra kaan irra lubbuu gabaabbatu . Abbaan irree lubbuu dheerate hin jiru.” jedhee jira. Abbaan irree barannee ammoo qaama laafina qabu. ( Boqonnaa IV keessatti qaama laafina kana bal’inaan ilaalla.)

Seenaa irraa akka arginutti Abbaan irree yeroo gabaabaa keessatti unkutaa’anii caccabu. Kanaaf fakkeenya kan tahu biyyoota bulchiinsa komunistii jala turan Polaand, East Germany, Chekoslovia faa dha. Abbaan irree biyyoota kanaa bara 1989 keessa torbanoota gabaaboo keessatti caccabaniin badan. Bara 1944 keessa qabsoon Abbaan irree humna waraanaa buusuuf deemifame torban lama duwwaa fudhate. Mootummaan Shaah biyya Iraan kan humna waraanaa guddaa qabu yeroo gabaabaa keessatti buqqa’e. Bulchiinsi Abbaa Irree Maarqos, kan biyya Philippines 1986ta keessa bulchaa ture, qabsoo mormitootaa itti jabaannaan, yeroo gabaabaa

keessatti biyya gad dhiisee Ameerikaatti baqate. Biyya Rashiiyaa keessatti fonqolchi bara 1991 yaalamee ture diddaa ummataa bakka gahuu hanqate. Haala kanaan hawaasoti cunqursaa jala turan yeroo gabaabaa keessatti bilisummaa isaanii argatan.

Kanaaf ilaalchi dullachi kan qabsoon hidhannoo dafee hojjata, qabsoon karaa nagaa yeroo dheeraa fudhata jedhamaa ture dhugaa tahuu dhiiseera. Haalaa fi hawaasa keessatti jijjiirraa buqqaasaa fiduun yeroo yoo fudhate illee, yeroo tokko tokko abbaa irree buusuuf qabsoon karaa nagaa godhamu shaffisuu danda'a.

Lola itti fufuu ykn harka kennuuf dhaaf walhaasa'uun filmaata tokkicha tahuu hin danda'u. Fakkeenyoti olitti kaafne, boqonnaa tokkoffaa keessatti akkuma ibsame, nagaa fi bilisummaa warra barbaadaniif filmaatni gara biraan diddaa siyaasaa karaa nagaa deemsisuu dha.

## **Boqonnaa 3ffaa**

### **Aangoon Eessaa Dhufaa?**

Hawaasa nagaa fi bilisummaa qabu argamsiisuun dalagaa salphaa miti. Kana argamsiisuuf ogummaa, jaarmayaa fi karoorra tarsimawaa qabaachuu gaafata. Hundaa olitti ammoo aangoo qabaachuu gaafata. Abbaan irree buqqisuuf dimokraatonni siyaasaa walaba gad dhaabuuf aangoo siyaasaa qabaatanii gahummaan dhimma itti bahuu isaan barbaachisa.

Garuu, aangoo siyaasaa kanatti akkamitti dhimma bahamaa? Humna waraanaa fi polisiin Abbaan irree dhabamsiisuuf dimokraatonni aangoo siyaasaa akkamii fi hagamiin socho'uu qabaniin? Deebiin gaaffilee kanaa aangoo siyaasaa hubachuu irraa dhufa. Aangoon siyaasaa maal akka tahe hubachuun guddoo rakkisaa miti. Dhugaan garii salphaa fi dirree irra jira.

### **3.1 Oduu Qamalee**

Aangoon siyaasaa maal akka tahe hubachuuf oduu/fakkeenya warra Chaynaa lui-Ji jedhamu ilaalun ni gaha. Oduun ykn fakkeenya kunis akkasi:

Kutaa Chayna Chu jedhamu keessa jaarsi tokko qamalee hojjachiifachuun jiraata ture. Ummatni Chu jaarsa kanaan 'ju-gong' jedhaniin waamu. Ji-gong jechuun gooftaa qamalee jechuu dha.

Jaarsi kun ganamuu qamalee balbala mana isaa duratti walgahii godhaaf ture. Walgahii kana irratti isaan keessa isa jaarsa tahetti warra kaan fudhee gara bosonaa akka deemu ajaja itti kenna ture. Qamaleenis bosona deemanii ija mukaa funaananii akka fidan dirqama qabu. Qamaleen kam iyyuu ija mukaa funaane kudhan keessaa tokko jaarsa kanaaf kennuu qaba. Kun seera dhaabbataa tures. Warri seera kana kabajuu didan alangaa dhaan reebamu turan. Qamaloti miidhaa kana hubatan illee kan isaan keessaa onnee godhatee gungumu hin turre.

Guyyaa tokko ganama, qamalee xiqqoon tokko “mukketii bosonaa kana hundaa jaarsa kanatu dhaabeeyii?” jettee warra kaan gaafatte. Qamalooti kaanis “lakkii mukkeetiin kun ofumaan biqilani” jedhanii deebisaniif. Qamalee xiqqoon sun itti fuftee “eeyyama jaarsa kanaa male ija mukkeetii kana ofii fudhachuu hin dandeenyuu?” jettee gaafatte. Warri kaanis “eeyyee ni dandeenya” jedhanii deebisaniif. Qamalee xiqqoon sun itti fuftee “egaa, nuti maaliif jaarsa kanaaf hojjanna ree?”

Osoo isheen gaaffii ishee gaafattee hin fixin qamalooti dhugaan galeefii dammaqan.

Halkan guyyaa sanaa, akka jaarsichi rafe erga mirkaneeffatanii booda dallaa mooraa itti galan cabsanii bahan. Gumbisaa iji mukaa keessatti walitti qabamu cabsanii barbadeessan. Ija mukaa jaarsichi walitti kuufate guurratanii mukatti galan, lamatas gara isaatti hin deebine. Jaarsichii waan nyaatu dhabee beela’ee du’e.

Addunyaa kana keessa namooti garii ummata bulchan dhugaan osoo hin taane gowwomsaa ykn abshaalummaa xixiqqaa dhaan bulchu jedhe ture namtichi Chayna Yuli-zhi jedhamu. Namooti akkasii jaarsa gooftaa qamalee sanan wal hin fakkaatuu? Sammuun isaanii akka joonja’aa tahe of irratti hin beekan. Ummatni isaan gowwomsaan bulchan gaafa itti dammaqe, abshaalummaan isaanii lammata tasa hin hojjatuuf.

### 3.2 Madda Aangoo Siyaasaa

Madda aangoo siyaasaa baruun salphaa dha. Abbaan irree ummata bituuf tumsa isaanii qabaachuu qabu. Yoo tumsa ummataa hin qabaanne Abbaan irree madda aangoo siyaasaa qabaachuu fi turfachuu hin danda’an. Madda aangoo siyaasaa kan jedhaman warra armaan gadii ti.

- Aboo/Abbommuu (Authority)  
Ummatni kan mootummaa dhaaf ajajamu ykn abboomamuuf waan mootummaan sun sirnaawwa/ seerawaa dha jedhee amanuuf. Mootummaan sun seerawa dha jedhee waan amanuuf abboomamaaf.
- Deggersa Namaa (Human Resources)  
Bayyinnii fi dandeehin namoota murna biyya bulchuuf tumsa, gargaarsaa fi warri abbomaman aangoo siyaasaaf murteessaa dha. Gita bittuuf warri tumsan abboomaman fi gargaaran bayyinni fi dandeehin isaanii jabinaa fi laafina aangoo siyaasaa akeeka.
- Ogummaa fi Beekumsa (Skills and Knowledge)  
Mootummaan waan tokkoo tokko dalaguu dhaaf beekumsaa fi ogummaan warra isaaf tumsanii cimaa ykn dadhabaa tahuun murteessa dha.
- Wanneen Hin Mul’anne/ Qorqalbii (Intangible Factors)  
Ummatni warra bulchaniif tole jedhee ajajamuu fi bitamuuf qorqalbii fi idolojiin jiru dhiibbaa qaba.
- Qabeenya (Material Resources)

Warri bulchan hagam akka qabeenya uumamaa, badhaadhina jiru, maallaqa, dinagdee, daandii wal qunnamtii fi geejjibaa akka tohatan murteessaa dha.

- Adaba/Wixii (sanctions)

Warra isaaf abboomamuuf diddaa agarsiisan jilbeenfachiisuuf adabbii, sodaachisa, dorsiisa ummata irratti raawwatamu. Imaammata isaa hojii irra oolchuuf dhiibbaa humnaa warri bulchu ummata irraan gahu.

Maddi aangoo armaa olii kun hundi kan irratti hundaawu ummatni mootummaa sana fudhachuu fi dhiisuu irratti taha. Yoo ummatni gaaffii tokko malee mootummaa dhaaf ajajame waan inni ajaju dalage baayyinni ummata ajaja fudhatu, dhaabbileen isaaf tumsanii jabina aangoo siyaasaa ni akeeku. Haalli hundi ajajamuu, abboomamuu ammoo iggitawaa miti, ni geggedarama. Ummatnii fi dhaabbileen guutummaatti mootummaadhaf ni ajajamu, ni gargaaru, ni tumsu yoo tahe aangoon siyaasaa isaa ni jabaata.

Karaa gara biraa ummatni fi caasaaleen jiran Abbaan irree tumsuu fi gargaaruu yoo dhaaban aangoon siyaasaa ni dhumata. Maddi aangoo siyaasaa murna bittuu deggersa ummatica biraa qabu irratti hundaa'a. Tumsaa fi deggersa ummataa yoo hin qabu tahe aangoon siyaasaa gareen bittuu laaffatee maayii irratti ni diigama ykn ni dhabama.

Abbaan irree gochaa ykn yaada akka fedhan dalaguu fi ajajuu isaanii xiqqeessu ykn gaaffii jala galchu guddaa sodaatu. Kanaaf Abbaan irree warra isaaf ajajamuu, tumsuu, hojjachuu fi abboomamuu didan ni sodaachisa, ni adabas. Kana gochuun Abbaan irree garuu jaalala fi ajajamu ummataa inni barbaadu hin argamsiisuuf. Abbaan irree ummata humnaan hacuucuun jilbeeffachiisuun kan inni barbaadu ajajamuu fi abboomamuu ummataa fiduufii hin danda'u.

Miidhaa fi hacuuccaan osoo irra gahaa jiruu ummatni yoo diddaa isaa yeroo gabaabaaf illee itti agarsiise mooraa Abbaa Irruummaa keessatti jeequmsa uuma. Ummata sochaachuu fi garaa wallaalutti seena. Kun ammoo aangoo Abbaan irree sharafa ykn dadhabsiisa. Ummatni aangoo mootummaa sodaachuu dhiisuun yeroo dheerina keessa gara sirna Abbaa Irruummaa laamisheessuu fi dalagaa dadhabsiisuutti geessee maayii irratti kufaatiin isaan xumurama. Haalli kun aangoon Abbaan irree deggersa siyaasaa dhabuun agabee suuta ykn shaffisee du'uu agarsiisa.

Sirna mootummaa kam keessatti iyyuu sadarkaa bilisummaa ykn gabrummaa ummatoota kan irratti hundaawu murannoo ummatni sun bilisummaaf qabu, sirna isa hudhee gabromsuu fedhu of irraa kaasuuf murannoo fi cichoomina inni qabuu dha.

Faallaa akkaataa hubannaa hawaasaatti Abbaan Irree deggersa ummataa malee jiraachuu hin danda'u. Haala kana namtichi Karl W. Deutsch jedhame bara 1953tti akkasitti ibse.

“ Abbaan irree aangoo harkaa qaban hundumaa guutummaatti dhimma itti hin baane lubbuu ni dheeratu. Abbaa Irruummaa aangoo isaanii guutummaatti yeroo hundumaa kan dhimma itti bahan yoo tahe bulchiinsi isaanii lubbuu hin dheeratu. Gosa mootummaa kamu iyyuu caalaatti mootummaan Abbaa Irruummaa aangoon isaanii ummatni bulchan

isaaniif ajajamuu fi abboomamuu irratti hunda'a. Ummatni yoo isaan hin deggerre barri isaani lubbuu dheerachuu hin danda'u."

Namtichi Ingilizii John Austin jedhamu jaarraa 19ffaa keessa hariiroo Abbaa Irruummaa fi ummata gidduu jiru ibsee jira. Akka Austin jedhdetti yoo ummatni mootummaa kana buqqisuun qaba jedhee murteeffate, murtii isaa hojii irra oolchuuf waan isa muudachuu malu beekke itti seene, mootummaan ummatni jibbee sun humna jabaa qabaatus, deggersa keessaa fi alaa qabaatus, kufaatii irraa waanti isa dandamachiisu hin jiru. Ummata didde fincile humni deebisee akka duraanitti akka abboomamee bulu godhu tasa hin jiru jedha Austin.

Namtichi Nikolo Makiveli jedhamus " mootiin hawaasa guutuu diineffate nagaan jiraachuu hin danda'u. Ummata irratti hammeenya raawwatu akka cimaa deemeen mootummaan isaa laafaa deema" jedhe.

Dhugaan olitti himame seenaa keessatti ummatni Norway duula Naazii dura dhaabbachun mirkaneessanii jiru. Itti dabalees cunqursaa fi abbaa irrummaa komunistootaa dura ummatooti Polaand, Jarman, Czechs, Solvak fi warri kaan dhugaa kana raggaasisanii jiru. Dhuma irrattis sirna komunistii Awroppaa keessaa buqqisuun dhaan xumuranii jiru. Seenaa keessatti dhaloota Kristoos dura bara 494tti ummatni bulchiitoota Roomaatiif karaa nagaan ajajamuu didanii mootummicha diiguu danda'anii jiru. Qabsoon karaa nagaan godhamu ummatoota Awroppaa, Eshiyaa, Afrikaa, Amerikaa, Australia fi bakkoota biroottis dhimma bahamee jira.

Mootummaan aangoo tohachuu ykn tohachuu dhabuu qabxiilee murteessan: a) fedhii ummatni dhiibbaa godhee aangoo mootummaa daangeessuuf qabu, b) cimina jaarmayaa fi dhaabbilee ummataa waloon deggersa mootummaa dhorkachuu danda'uu fi c) dandeettii ummatni gargaarsaa fi deggersa mootummaaf godhu agabsuu danda'uu tahu.

### **3.3 Wiirtuulee Aangoo Dimokraatawaa**

Hawaasi tokko dimokraatawaa tahuuf mallattoolee jiran keessaa tokko jaarmayaan hawaasaa, dhaabbileen adda addaa fi jaarmayooti miti-mootummaa walabni kan mootummaan hin tohanne jiraachuu dha. Dhaabbilee ykn jaarmayaalee kun fakkeenyaaf: kan maatii, waldaa amantii, waldaa aadaa, waldaa isportii, siyaasaa, naannoo qubsumaa, walda mirga namoomaa, waldaa muziqaa, waldaa beektootaa, fi kkf dha. Waldaaleen ykn dhaabbileen akkasii hawaasa tokko keessa jiraachuun mallattoo dimokraatawaa tahuu ti. Qaamoti ykn waldaaleen gara garaa kun akeeka dhaabbataniif haa hojjatan malee walitti kuufamee waan hawaasichi barbaadu argamsiisu.

Itti dabalee qaamoti kun siyaasaa keessatti qooda guddaa qabu. Hawaasichi kallatti itti deemu bu'urri irraa ka'anii dhiibbaa godhamu qaamota kana tahu. Waldaaleen, jaarmayaaleen fi qaamoti kun hawaasicha irratti dhiibbaa godhan qabu jechuu dha. Akkasumas yoo mootummaan ykn gartuun tokko fedhii hawaasaa ala deemuu jalqabe qaamoti kun dura dhaabbachuu danda'u.

Namtokkeen yoo hin ijaaramin hawaasichaaf waan gumaachan hin qabaatan. Ummatni yoo hin ijaaramne ammoo mootummaa Abbaa Irruummaa irratti dhiibbaa godhuu hin danda'an.

Mootummaan Abbaa Irruummaa qaamotaa fi waldaalee kana walabummaa yoo dhorkate ummatni dhiibbaa godhuuf humna hin qabaatu. Akkasumas mootummaan sun waldaalee fi dhaabbilee kana yoo kan dhuunfate tahe mootummaan sun namtokkee fi hawaasa hakuuca jechuu dha.

Yoo jaarmayooti fi waldaaleen hawaasaa kun walaba kan mootummaan isaan hin tohanne yoo tahe diddaa siyaasaa ummatni godhuuf qooda guddaa qabaatu. Ummatni harka wal qabatee jaarmayatti dhimma bahee diddaa siyaasaa gaggeessaniin Abbaa Irruummaa buqqisuu ykn laaffisuu akka danda'an fakkeenya hedduu seena keessa jira.

Jaarmayaaleen ummataa wiirtuu aangoo fi bu'ura ummatni irraa ka'ee Abbaa Irruummaa dura dhaabbatuu dha. Hawaasa bilisa bor ijaaramuuf jaarmayooti kanatu bu'ura tahu. Qabsoon bilisummaa milkaawuuf jaarmayaaleen walabni jiraachuu fi jabaachuun haal-duree barbaachisaa dha.

Abbootiin Irree dhaabbilee miti-mootummaa fi jaarmayaalee hawaasaa tohachuutti yoo milkaawan ummatni jaarmayaa gara biraa bilisaa fi walaba ijaarrachuun barbaachisaa dha. Biyya Hungary keessatti warraaqsa bara 1956 – 57 deemsisan keessatti waldaalee walaba ijaarratanii, waldaalee kana walitti fiduun yeroo gabaabaaf illee tahu sirna federaalummaa dhaabbatanii turan. Akkasumas bara 1980ta keessa hojjattooti biyya Poland walitti dhufuun tumsa ijaarrataniiin dhimma biyyaa sadarkaa tohachuu irra gahanii turan. Jaarmayaalee akkasii dhaabbachuuf fi dagaagsuun deemsa siyaasaa keessatti barbaachisummaa cimaa qaba.

Malli ykn tooftaan adda addaa olitti tuqaman salphaa dhumatti Abbaa Irruummaa dhabamsiisuu ykn dadhabsiisu jechuu miti. Yaalii yeroo tokkoon fiixa bahuus jechuun hin danda'amu. Qabsoon godhamu wareegama malee ta'as hin jedhamu. Warri Abbaa Irruummaaf hojjatan ummatni akkuma isaa duraanitti akka mootummaaf ajajamu godhuuf humnatti dhimma bahuun isaanii hin oolu.

Unkaa madda aangoo olitti ilaalle diigamuu sirna Abbaa Irruummaatti gumaachuu ni danda'u. Haa tahu malee Abbaa Irruummaa buqqisuuf qaama laafina sirna isaa beekuun barbaachisaa dha. Itti aansinee amalaa fi qaama laafina Abbaa Irruummaa ilaalla.

## **Boqonnaa 4ffaa**

### **Abbootiin Irree Laafina Qabu**

Abbootiin Irree jabaa kan qilleensi hin raafne fakkaatan illee laafina ni qabu. Caasaan mootummaa Abbaan irree: tikaa, polisii, waraanaa, mana hidhaa, saglii dhoksaan nama ajjeeftuu fi kkf namoota lakkobsaan xiqqoo dhaan tohatamu, ajajamus. Qabeenyi uumamaa, maallaqni,

omishini biyyaa, fi kkf Abbaa Irruummaan saamamu akka dantaa isaaniif duwwaa oolu godhama. Biyya akkasii keessatti dhaaboti ykn humnoti mormiitootaa dadhaboo, laaffatoo kan waa godhuu hin dandeenye fi aangoo hin qabne dha. Haalli kun humnotiin mormiitootaa akka homaa godhuu hin dandeenye fakkeessa. Kun garuu dubbii isa dhumaa miti.

#### **4.1 Faana Achilles Adda Baafachuu (Identifying the Achilles' Heel)**

Hirpha Achilles kan jedhamu kun oduu durii warra Giriikii irraa dhufa. Oduun kun qaamni jabaa kan hin tuqamne fakkaatu bakka laafaa tokko akka qabu agarsiisa. Oduun kunis akkasi. Biyya Giriikii keessa goota ykn loltuu jabaa Achilles jedhamutu ture. Loltuu kana meeshaan lolaa eeboo fi goraadeen gogaa isaa seenu hin turre jedhama. Sababni isaas daa'imummaa isaatti haatii isaa laga Styx jedhamu laga xinqolaa keessa cuuphxee turte jedhama. Namni laga kana keessa cuuphame sibillii qaama isaa hin seenu jedhanii amanu turan. Balaan akkamii illee isatti hin dhufus jedhu. Achilleen garuu qaama laafaa sibilli waraanu danda'u qaba ture. Haati isaa oggaa laga sana keessa isa cuuphxe akka bishaan fudhatee hin deemneef faana isaa qabdee ture. Bakka harki haadha isaa qabde sun bishaan hin tuqne ture. Qaamni laafaan Achilles bakka kana tahe. Achilles guddatee loltuu oggaa tahe meeshaan isa waraanu dhabame. Lola seenu hundaatti injifatee gala. Haata'u malee lola warra Troy jedhaman wajjin godhame irratti dhoksaa qaama laafina Achilles namni beeku tokko loltuu Troy miilla/ faana isaa ilaalii xiyyaan rukuti jedhee gorse. Akkuma sanatti loltuun Troy faana Achilleetti qiyyaafatee rukutee madeesse. Achilleenis madaa sana irraa hafuu dadhabee moo'ame. Erga yeroo sanaatii jechi "Faana Achilles" jedhamu qaama laafina nama, dhaaba, jaarmayaa ykn mootummaan tokko qabu akeekuuf dhimma itti bahama.

Jechi dhugaan kun Abbaa Irruummaatif ni hojjata. Abbaa Irruummaa jabaa fakkaatu illee moo'amee booji' amuu danda'a. Kun tahuuf ammoo bakka laafina isaanii (Faana Achilles) beekuutu barbaachisa. Waan dandeessu hundaa humnaa fi qabeenya walitti kuuftee bakka laafina Abbaa Irruummaa haleeluu dhaan isa injifachuun ni danda'ama.

#### **4.2 Laafina Sirna Abbaa Irruummaa**

Laafinoota sirna Abbaa Irruummaa keessaa garii warra armaan gadii ti.

1. Sirna Abbaa Irruummaa sochoosuuf tumsa ummataa, dhaabbilee fi jaarmayaa isa barbaachisu irraa kutuu ni mala.
2. Imaammata haaraa kan isaa duraan hordofaa ture baafachuun haala fi amalli isaa isa hin dandeessisu.
3. Sirni Abbaan irree waanuma nuffisiisaa kanuma kaleessaa fi dheengadda dalagaa ture irra deddeebi'ee hojjachuu malee dhaala haaraa dafee simatee itti of madaqsuu hin danda'u.
4. Qabeenyaa fi humni namaa dalagaalee karoormafaniif qabame bira dabree haaraa dalagsiisuu hin danda'u.

5. Abbaa Irruummaa gammachiisuuf jecha hojjattootni isaa gabaasaa dhugaa fi haala jiru ibsu dhiisanii waan Abbaa Irruummaa gammachiisu gabaasu. Kun ammoo akka Abbaa Irruummaa haala jiru hubatee murtii sirrii hin murteessine dhorka.
6. Bu'urri aydolojii sirna Abbaan irree soofamee akkaataan itti dalagamu raafamaa taha.
7. Aydolojii cimaan yoo jiraate akkaataa hubannaa irratti dhiibbaa qabaatee haala dhugaa jiruu hubachuu dhabuu irratti dhiibbaani qabaata.
8. Gahummaa fi shaffisaan dalaguun birkoraasii sirnichaa nyaatamee laaffatee ykn tohannoon godhamu cimee imaamatni sirnichi baasu akka hojii irra hin oolle taasisuu danda'a.
9. Caasaa sirnichaa gidduutti wal mormiin, qondaalota isaa giddutti wal dhabbii fi dorgommiin uumamee sirna Abbaa Irruummaa miidhuu ykn diiguu danda'a.
10. Ukkamsaa, uggura, tohannoo, hordoffii, h acuuccaa fi haala jiru irraa beektootii fi barattooti quufa dhabuun jeeqamuu malu.
11. Idileetti hawaasi yeroo keessa mootummicha irraa abdii fi dantaa dhabuu, shakkuu fi diineffachuu malu.
12. Garaagarumman godinaa, gitaa, aadaa fi sabummaa cimuu ni mala.
13. Muudamuun aangoo sirna Abbaa Irruummaa sabatawaa tahuu dhiisuu ni danda'a. siran kana keessatti namooti garii aangoon ol bahuu , kaan gad bu'u, bakka aangoo irraa kaafamuu, arihamuu, gara biraan bakka buufamuun sirnicha sabatiinsa dhorkata.
14. Humna waraanaa ykn polisii keessaa gartuun tokko fedhii isaa guuttachuuf akeekaa fi fedhee Abbaa Irruummaa ala socho'uu ykn fonqolcha godhuu mala.
15. Abbaa Irruummaa reef aangoo qabate yoo tahe gad of dhaabuuf yeroo isa barbaachisa.
16. Abbaa Irruummaa keessatti namooti muraasi murtii baayyee waan godhaniif imaammataa fi tarkaanfii fudhatamu irratti dogoggorri dhalachuu ni mala.
17. Mootummaan sun tohannoo fi murtii waaltessee ture laaffisee qaama gadiif aangoo yoo dabarsee kun caalmaatti isa dadhabsiisuu danda'a.

#### **4.3 Laafina Sirna Abbaa Irruummaa Haleeluu**

Dhaabni dimokraatawaa tahe tokko laafinoota sirna Abbaan irree olitti tarrifamanitti dhimma bahee faana Abbaa Irruummaa (Achilles Heel) waraanuu danda'a. Qaama laafina Abbaa Irruummaa baranii haleeluu dhaan akka inni geeddaramu ykn caccabee unkutaawu godhuun ni danda'ama.



#### 4.4 Xumura

Abbootiin Irree fagoo irraa kan sochoone jaboo fakkaatan illee laafina: waldorgommi qondaalotaa, caasaan wal danqee akka shaffisaan hin hojjanne godhuu, walmormii dameelee fi jaarmayaa qaama mootummaa gidduu qabaachuu danda'a. Laafinooti kun yeroo keessa mootummicha dadhabsiisuu dhaan, sirna kan qilleensi hin raafne fakkaataa ture garuu keessi isaa horsosso'ee diddaan ummataa itti ka'ee diiguu mala. Yeroo kana tahu karoorri mootummichi nan hojjadha jedhee baafatu tokko illee fiixa bahuu hin danda'u. Kanaaf fakkeenya gaarii kan tahu waan Hitler irra gahee dha. Ajajni Hitler olii dabarsu dabarsu sababa qondaaloti isaa gad jiran didaniif ajaja isaa hojii irra hin oolu ture. Mootummaan Abbaa Irruummaa yeroo tokko tokko, osoo hin beekamne, yeroo gabaabaa keessatti diigama. Haalli akkasii deddeebi'ee waanuma mul'atee dha.

Yeroo kana jedhamu sirni Abbaa Irruummaa wareegama fi balaa malee dhabama jechuun hin danda'amu. Daandiin bilisummaa kam iyyuu balaa qaba, wareegama, itti dhiphachuu fi rakkachuu gaafata. Battalatti osoo hin taane yeroo keessa galii isaa rukuta. Tarkaanfiin fudhatamu kamuu injifannoo yeroo gabaabaa keessatti argama jedhanii eeguun hin tahu. Haata'u malee laafina Abbaa Irruummaa adda baafatanii sana irratti qabsoo godhuun injifannoon xumuruuf carraa guddaa qaba. Waanti murteessaan akkaataa qabsoon sun itti gaggeeffamuu dha.

## Boqonnaa 5ffaa

### Aangootti Dhimma Bahuu

Boqonnaa 1ffaa keessatti Abbaa Irruummaa karaa waraanaan qabsoo irratti godhuuf bakka laafina isaa osoo hin taane bakka jabina isaa rukutuu dha jennee turre. Mormitooti haala meeshaan lolaa, dhiheessiin rasaasaa fi gara biraa hir'uu tahe keessatti Abbaan irree karaa waraanan dura dhaabbachuu filachuun aanjaa isaaniif hin qabaatu. Abbaan irree karaa humna waraanaa olaantummaa qabu. Humna alagaa irratti abdachuunis akka hin baafne ifaa dha. Boqonnaa lammaffaa keessatti Abbaan irree buqqisuuf walhaasa'uu irratti abdachuun maal akka of keessaa qabu dubbannee jirra.

Erga akkas tahee dadhabiinsa Abbaan irree saaxilee, dimokraatootaaf haala aanjaa malli uumu maaltu jira? Aangoo siyaasaa boqonnaa sadii keessatti dubbatame irratti hundaa'uun tooftaa akkamii hordofama? Filmaatni gara biraan diddaa siyaasaa ti.

Didnaan siyaasaa amaloota armaan gadii qaba.

- Abbaan irree loluu dhaaf tooftaa Abbaan irree filatu kan itti bahi isaa isaaf madaalu hin fudhatu
- Mootummaan diddaa siyaasaa ukkamsuuf ni rakkisa

- Diddaan siyaasaa dadhabiinsa Abbaan irree hammeessee, humna isaa jalaa cira.
- Tarkaanfiin naannoo bal'aa irratti fudhamu illee akeeki isaa ifaa dha.
- Akka Abbaan irree murtii fi tarkaanfii dogoggoraa fudhatu taasisa.
- Hawaasa guutummaatti, gartuulee fi dhaabbilee hawaasaa qabsoof sochoosee bulchiinsa jibbisiisaa Abbaan irree buqqisa.
- Aangoo harka hawaasaatti galchee sirni dimokraasii akka gad dhaabbatu godha.

### **5.1 Qabsoon Karaa Nagaa Maal Akka Dalagu**

Diddaan siyaasaa akkuma humna waraanaa dhimma adda adda irra ooluu danda'a: humni ittin morman dhiibbaan itti jabaatee akka tarkaanfi gara biraa fudhatu godhuuf, mormii karaa nagaa furuuf haala aanjeessuuf, ykn mootummaan ittin morman diiguuf ni taha. Diddaan siyaasaa qabsoo humnaan godhamu irraa karaa baayyee adda taheen gaggeeffama. Diddaan siyaasaa fi qabsoo humna maluma qabsoo ittin godhanii dha. Haata'u malee malaa addaa fi itti baha addaa argamsiisu. Mormii furuuf qabsoon hidhannon godhamu meeshaa lolaatti dhimma waan bahuuf lubbuun ni bada, qaamni ni hir'ata, qabeenyaa ni barbadaawa.

Qabsoon karaa nagaa gaggeeffamu wal xaxaa fi qabsoo humnaan godhamu irraa mala addaa hordofa. Qabsoon karaa nagaa yeroo godhamu qorqalbii ummataa, hawaasaa fi dinagdee irratti qiyaafata. Siyaasaa meeshaa godhachuun dhaabbilee hawaasaa fi ummata irratti hojjata. Tooftaan qabsoo kun maqootii akka: diduu, hojii dhaabuu, tumsa dhorkachuu, hiriira bahu, ajajamuu diduu, fi humna ummataa jedhamaniin beekamu. Akkuma amma dura jedhametti mootummaan kam iyyuu kan biyya bulchuu danda'u yoo ummata biraa tumsa qabaate, yoo ummatni ajajameef duwwaa dha. Qabsoo hidhanoo irraa addatti diddaan siyaasaa akka mootummaan jarreen kana dhabee agabu godha.

### **5.2 Naamusaa fi Meeshaa Qabsoo Karaa Nagaa**

Diddaa siyaasaa amma dura deemsifan irraa dogoggorri mul'ate tooftaa tokko ykn lama (hojii dhaabuu fi hiriira nagaa) duwwaatti dhimma bahuu dha. Diddaa sana waalteessu ykn wiirtuu hedduu irraa deemsisuu kan dandeesisan tooftaalee hedduutu jiran.

Haga ammaatti tooftaalee diddaa karaa nagaa gara dhibba lamaa bira gahamanii jiru. Isaan malee gara biraanis ni jiru. Tooftaaleen kun garuulee sadii jalatti qoodamuu danda'u. Isaanis: 1) mormuu fi amansiifachuu, 2) tumsa dhorkachuu fi 3) itti seenanii irraa hirmachuu tahu. Tooftaan karaa nagaa mormuu fi amansiisuu kan godhamu hiriira bahuu, waltajjii qabatanii taa'uu, baayyinaan bahanii karaa cufuu dha. Kun tooftaa 54 qaba. Tumsa dhorkachuun amma illee damee gad jalee saditti qoodama. Isaanis: a) karaa hawaasummaa tumsa dhorkachuu (tooftaa 16), b) karaa dinagdee tumsa dhorkachuu (tooftaa 26), fi hojii dhaabu (tooftaa 23), c) karaa siyaasaa tumsa dhorkachuu (tooftaa 38). Tooftaan itti seenanii irraa hirmaachuu kun kan qaamaan

keessaa hirmaatan kan akka nyaata lagachuu, waajjira qabatani taa'uu, fi caasaa mootummaa cinaatti mootummaa dirirfachuu dha. Inni mootummaa tolfachuu kun tarkaanfii isa dhumaa ti. Barreeffama kana gara dhumaatti tooftaaleen 198 maxxanani jiru.

Tooftaalee kana keessaa irra guddaan yoo of eeggannoon filaman, itti fufiinsaa fi bal'inaan, mala bilchaataan, namoota oggumaa qabaniin hojii irra oolan mootummoota seeraan hin deggeramnetti rakkoo guddaa uumuu danda'u. Kun Abbaan irree gosa kamii irratti ni hojjata.

Akka qabsoo karaa hidhannoo osoo hin taane tooftaan karaa nagaa qabsoo godhuu dhimma baayyee barbaachisaa tahe irratti xiyyeeffachuu danda'a. Fakkeenyaaf, Abbaan irree buqqisuun hundeen siyaasaa waan taheef, karaa nagaa qabsoo siyaasaa gaggeessuun baayyee murteessaa taha. Kunis Abbaan irree beekuu fi tumsa kennuufii diduu taha. Tumsa kennuu diduun imaammata addaa irratti tahuu danda'a. Osoo of irratti hin beeksifne dhibaa fi hojii hudhuu dhaan dadhabsiisuu, yeroo garii ammoo ifatti ajajamuu diduu fi hiriira bahuun diddaa agarsiisuu maloota dhimma itti bahamanii dha.

Qaamni dadhabiinsa Abbaan irree yoo dinagdee tahe, dinagdeen irratti ummatni gungummii qaba yoo tahe, hojii dhaabuu fi dhibaa'uun tooftaa mijjataa diddaa karaa nagaa taha. Fedhii saamicha dinagdee Abbaan irree qabu dura dhaabbachuuf hojii dhaabuu, hojii dadhabsiisuu, ogeessoti hojii irraa baduu faatti dhimma bahuu danda'ama. Fincilli hojii diduu gosa adda addaa warshaa, geejjiba fi dhiheessii irratti dhimma bahuun barbaachisaa dha.

Qabsoo karaa nagaa godhamu keessaa malli tokko hojjataan waajjira seenee garuu hojii lafa irra harkisu, ni dhibaa'uu, shaffisaa fi mirqaanaan hojjachuu dhabu faa dha. Hojii irratti dogoggorri beekaa dalagama. Na dhukkuba jechuun hoji dhiisuu ykn ammoo beekaa dadhabsiisuun ni jiraata. Yokaan ammoo tasuma hojjachuu dida. Namni garii diddaa agarsiisuuf bakka waaqeffannaa dhaqa. Ijoolleetu nu duraa rukutama olola jedhu sababfachuun akka ijoolleen mana barnootaa hin dhaqne godhame manatti barsiisama. Waldaalee ykn jaarmayaa kan yeroo nagaa miseensa itti tahamu amma diddaa agarsiisuuf seenun didama. Jireenya normal tahe akkasii jiraachaa garuu keessatti diddaalee armaan olii agarsiisuun qabsoo bilisummaatif hedduu gumaacha.

Qabsoo karaa nagaa godhamuu fi qabsoon hidhannoo dhaan gaggeeffamu baayyee wal irraa adda. Kana waan taheef, yeroo qabsoo karaa nagaa gaggeessan humnaatti dhimma bahuu irraa of qusachuu feesisa. Abbaan irree karaa humnaa olaantummaa qaba waan taheef yoo tarkaanfii humnaa fudhatan isaaf irra mijjata. Miidhaan Abbaa Irruummaa geessisu gara qabsoo hidhannotti nama harkisu illee qabsoon karaa nagaa gaggeeffamu injifachuuf naamusa cimaa hordofuu feesisa.

Abbaa irree humnatti dhimma bahu dura dhaabatani nama cimaa qabsoo karaa nagaa geessuun waan afur armaa gaditti ibsamu hordofuu feesisa. Qabsoo siyaasaa karaa nagaa godhamu keessatti naamusa jabaa hordofuun baayyee barbaachisaa dha. Ummata harka duwwaa qabsoo karaa nagaa godhu irratti tarkaanfii Abbaan irree fudhatu deggersa isa dhabsiisee, gartuu

isaa keessaa illee kannen mormitoota deggaran ni mul'atu, warri mormii godhu ammoo deggersa guddaa ummata irraa argataa deema.

Yeroo tokko tokko tarkaanfii humnaa Abbaan irree irratti fudhachuun ni barbaachisa taha. Jibbaa fi abdiin kutannaan mormiitooti akka gara tarkaanfi humnaatti cehan ni godha. Yokaan ammoo gartu tokko tokko osoo bu'aa qabsoo karaa nagaa gaggeessuu beekuu, qabsoo humnaan godhan dhiisuu dida. Yeroo akkas tahu, diddaan siyaasaa jalqabame dhiifamu hin qabu. Garuu haga danda'ametti, tarkaanfilee karaa nagaa fi humnaa fudhataman adda baasuun baayyisee barbaachisaa dha. Kana adda baasuuf teessuma lafaa, gartu ummataa, yeroo fi dhimma irratti hunda'uutu danda'ama. Yoo kun hin taane diddaan siyaasaa karaa nagaa godhamu akka hin milkoofne godhuu danda'a.

Didmaa siyaasaa yeroo gaggeessan madaawu, fi du'uun akka jiraatu beekamaa dha. Haata'u malee qabsoo hidhanoon godhamu irra ni xiqqaata. Qabsoon karaa nagaa godhamu marsaa dhuma hin qabne ajjeesuu fi gara jabeenyaatti hin gumaachu.

Qabsoon karaa nagaa godhamu sodaa of irraa dhabamsiisuu gaafata. Deemsa keessas sodaa mootummaa irraa ummatni qabu dhabamsiisa. Sodaa kana jalaa bilisa bahuun hundee aangoo Abbaan irree cira. A/irre ummata irratti aangoo qabu dhabamsiisa.

### **5.3 Banaa, Iccitii fi Hamilee Guddaa**

Iccitiin, gowwomsaa fi lafa jalaan shiruun qabsoo karaa nagaa godhamuuf rakkoo dha. Basaasotaa fi tikni mootummaa waan karoora karoorfame akka hin barre godhuun hin danda'amu. Sochii karaa nagaa godhamuu iccitaawaa taasisuun sodaa irraa kan maddu tahee sodaas kan cimsuu dha. Kun ammoo namoota silaa sochii diddaa irraa qooda fudhatan xiqqeessa, hafuura diddaas ni qabanneessa. Sochii godhamu iccitaawaa taasisuun namooti akka wal shakkan, wal balaaleffatan, abalu lukkee diinaati jedhanii akka wal baqatan godha. Sochii sana iccitaawaa taasisuun akka inni qabsoo karaa nagaa geggeeffamu hin taane taasisa. Karoora fi yaada qaban dhoksaa tokko malee ifa taasisuun sochiin sun akka jabaatu godhutti gumaacha. Rakkinichi baayyee wal xaxaa dha. Kanaaf sadarkaa tokkotti iccitii isaa eeguun ni barbaachisa. Namooti beekumsa qaban basaasi akka irratti hin barretti haala Abbaan irree fi tarkaanfii fudhatamuu qaban gad faginaan xiinxaluu qaban.

Waraqaa dhoksaan lafa jala facaatu qopheessuu fi baayyisuu, radio biyya keessaa seeraan ala dabrutti dhimma bahuu fi odeeffannoo tarkaanfii Abbaan irree fudhatu walitti qabun bifa dhokataa fi iccitaawaan tahuu qaba.

Sadarkaa qabsoo karaa nagaa godhamu hundaa irratti hamilee jaba qabaachuu fi hordofuun barbaachisaa dha. Sodaa of irraa balleessuu fi naamusa barbaachisu eeguun guddisee barbaachisaa dha. Jijjirama fiduu dhaaf lakkobsi namaa baayyee tahun barbaachisaa dha. Lakkobisa namaa baayyee argamsiisuuf ammoo warri irratti hirmaatan hamilee jaba qabaachuutu irraa eegama.

#### 5.4 Hariiroo Aangoo Bakka Geeddaruu

Diddaan siyaasaa haala qabsoo guyyuu jijjiiramu keessatti adeemsifama. Tarkaanfiin fudhatamu tokko kan fallaasaa isaa fudhatamuun jijjiirama. Waanti dhaabbatan hin jiru. Hariiroo aangoo shaffisaan geeddarama. Kun kan dhugoomu miidhaa fi hacuccaan jiraatu illee warri diddaa godhan qabsoo isaanii karaa nagaa osoo wal irraa hin kutne yoo itti fufanii dha.

Garaagarummaan aangoo gartuulee lamaan wal morman gidduu jiru, isa qabsoo hidhannoo caalaatti, wal irraa fagaataa, dhuma irratti itti baha siyaasaa bal'aa fi haaraa maddisisuu danda'a. Garaagarummaa kana irraa kan ka'e, tarkaanfiileen fincilotaan fudhatamu itti baha isaan yeroo sanatti hin yaadin as baasuu danda'a. Kun ammoo gama tokko jabeessuu, kaan laaffisuu ni mala.

Gamni qabsoo karaa nagaa godhu, tarkaanfii fudhatuun humna mormituu isaa laaffisuu ykn jabeessuu irratti dhiibbaa guddaa godhuu danda'a. Fakkeenyaaf mormitooti muratoo fi kutatoon, gochaa bineessummaa Abbaan irreef yoo jilbeeffachuu didan waraana isaa fi ummata keessatti deggersa dhabsiisa, sadarkaa tokkotti ammoo sadarkaa waraanni itti fincilu gahuu danda'a. Sochiin mormitooti godhan bal'atee akka hawaasi addunyaa Abbaan irree balaaleffatu fi abaaru taasisa. Diddaa siyaasaa ogummaan, naamusaan fi itti fufiinsaan yoo gaggeessan ummatni duraan Abbaan irree deggeru ykn moggaa dhaabbatu, akka baayyinaan qabsoo irraa hirmaatan godha, Abbaan irree deggersa ummataa akka dhabu taasisa.

#### 5.5 Jijjiirraa Fiduuf Mala Afur

Qabsoon karaa nagaa godhamu jijjiirraa karaa afuriin maddisiisuu danda'a. Malli inni duraa yeroo baayyee kan hin taane tahu illee garuu tahee jira. Finciltoota muratoo fi jagna kan miidhaan gosa fedhe iyyuu akeeka isaani irraa hin tochoofne tahuu gareen isaaniin morman yeroo argan kaayyoon finciltootaa haqa jechuu gadduufii jalqabani booda irratti isaan cinaa hiriiruu ni malan. Malli kun *amansiifachuu* jedhama. Malli kun dabree dabree kan mul'atu tahu illee mormii garii hiikuu dhaaf yeroo itti hin danda'amne tahu ni jira.

Yeroo baayyee kan tahu, qabsoon karaa nagaa gaggeeffamu haala mormii fi hawaasa geeddaree akka gareen faallaa dhaabbatu akka fedhe hin hojjanne taasisa. Jijjiirraa akkasii argamsiisuutu mallota sadan hafan: **ofitti fudhachuu** (accommodation), **karaa nagaan dirqisiisuu** (nonviolent coercion) fi **diigamuu** (disintegration) fida. Isaan kana keessaa isa kamtu dhalataa kan murteessu garuu hammam akka aangoon gara dimokraatootaati akka galuu dha.

Yoo kaayyoon qabatani ka'an kan bu'uraa hin taane, gaaffiin mormitooti qabatani ka'an kan sodaachisu waan hin taaneef, aangoo irratti gaaffiin ka'ee haga tokko kan jijjiirame yoo tahe, mormii sun walii galtee uumuu dhaan furamuu danda'a. Haala akkasiin mormii furuun *ofitti fuudhachuu* (accommodation) isa jedhan taha. Fincilli hojii dhaabuu yeroo baayyee bifa kanaan xumurama. Gamni lachuu akeeka isaanii irraa haga tokko waan argataniif walii galtee irra gahamee araaraan qadaadama. Mootummaan fincilli bifa kanaan xumuramuu ni fedha. Sababni isaa wal diddaa dhalate waan furee, mootummaa haqaa isa fakkeessuun maqaa isaa hawaasa

addunyaa biratti waan tolchuuf. Yeroo mala ofitti fudhachuu (accommodation) kanaan mormii furuuf yaalan of eeggannoo cimaa godhuu feesisa. Qabsoon Abbaa Irruummaa buusuuf godhamu mala kanaan hin gaggeeffamu waan taheef.

Qabsoon karaa nagaan mala amansiisuu ykn ofitti fudhachuu caalaatti humna qabeessa tahuu danda'a. Ummatni tumsa dhorkachuu fi diddaa agarsiisuun haala siyaasaa fi hawaasaa geeddaruu danda'a. Keessaafuu aangoo Abbaan irree dinagdee, hawaasaa fi politikaa irratti qabu ni geeddara. Humni waraanaa fi tiksaa mootummaan qabu mormitoota hachuucuu akka duraanitti ajaja fudhachuu dhiisuu amanamummaan isaa shakkisiisaa tahuu mala. Humni waraanaa fincilootaaf looguu jalqaba. Bulchitootaa fi abbootiin irraa akeeka isaani ganamatti cichan illee humni ittin hojii irra oolchan jalaa haxaawamee dhabamuu mala. Malli kun karaa nagaan dirqisiisuu (nonviolent coercion) isa jenne sana taha.

Karaa nagaan dirqisiisuun kun haala tokko tokko keessatti kana caalaa bal'atee deemu danda'a. Mootummaan sun aangoo ajajee waa hojjachiisuu guutummaatti dhabee caasaan inni diriirfate caccabe unkutaawa. Finciltooti diddaan agarsiisanii fi tumsi dhorkatan bakka gahee Abbaan irree isaan irratti aangoo tohannoo qabu guutummaatti dhaba. Birokraasin isaa ajajamuufii dida. Humni waraanaa fi polisii irratti fincilu. Deggertoota isaa kan turanii fi ummatni nu hogganuf mirga seeraa beekuufii didu. Duraan gargaarsi godhanii fi abbomamaa kan turan ni dhabama. Kun ega mala jijjiramaa isa afuraffaa diigamuu (disintegration) sana taha. Humni Abbaa Irruummaa qabu soofamee waan dhumeef harka kennuu duwwaatu isa hafa. Akka kanatti mootummaan sun kufee caccaba.

Tarsiimoo qabsoo bilisummaa yeroo diriirsan maloota afuran sana sammutti qabachuu feesisa. Yeroo garii akka tasaatti hojjatu. Haata'u malee, isaan keessaa eeggannoo yoo mala tokko ykn lama filan, qabsoo jijjiirraaf godhamu keessatti tarsiimoo kaan wajjin wal gargaaranii ija argamsiisuu danda'u. Mala tokko ykn baayyee filachun haala danuu irratti hunda'a. Isaan keessa tokko hariiroo aangoo, haalaa fi akeeka qabsoo karaa nagaan mootummaa fi mormitoota gidduu jiruu dha.

## **5.6 Dimokraasii Argamsiisuuf Qooda Diddaan Siyaasaa**

Karaa nagaan qabsoo godhuun siyaasaa hawaasa tokko dimokraateessuuf karaa hedduu gumaacha.

Karaa nagaan qabsoo godhuun dimokraateessuu irratti fafa qabaachuu danda'a. Warri diddaa siyaasaa kana hogganan ummatni akka isaan hordofu dhiibbaa godhuu danda'u malee humna waraanaa fi polisii waan of harkaa hin qabneef kan isaanii ajajamu didu hidhuu fi ykn ajjeessuuf hin danda'an. Haala akkasi ikeessatti gartuun tokko ka'ee abbaa irree tahuu danda'a jechuu dha. Dimokraasiin hawwame hafee abbaa irree bakka bu'uu danda'a jechu dha.

Diddaan siyaasaa dimokraateessu dhaaf qooda guddaa taphachuu danda'a. Kunis, qabsoon karaa nagaan gaggeeffamu ummatni mala addaan fincilee bilisummaa isaa akka gonfatuu fi tikfatu isa

dandeessisa. Haala akkasii keessatti kan abbaa irree tahuuf abjootu bakka hin argatu. Gadi kanatti qooda qabsoon karaa nagaa godhamu dimokraatessuu keessatti qabu tarrifna.

- Qabsoo karaa nagaa godhamu irraa muxannoo argamuun ummatni of irratti amantii horatee tarkaanfii fi sodaachisa mootummaan fudhatu dura dhaabbachuu danda'a.
- Qabsoon karaa nagaa godhamu ummatni tooftaa tumsa dhorkachuu fi finciluutti dhimma bahee hakuuccaa mootummaan mirga dimokraasii ukkamsuun ummata tohachuu barbaadu dura akka dhaabbatan gargaara.
- Ukkamsaa fi cunqursaan mootummaa osoo jiruu qabsoon karaa nagaa godhamu ummatni mirga dimokraasii kan akka haasa'uu, barreessuu, ijaaramuu fi walgahii gaggeeffachuu hojii irra oolfatu isa dandeesisa.
- Qabsoon karaa nagaa godhamu akka gartuulee walabni, dhaabbati hawaasaa bilisa tahe akka jabaatu, haaraan akka dhalatu godhuu irratti gargaara. Isaan kun dimokraasii dhugoomsuuf hedduu barbaachisa. Sababni isaa ummatni ijaaramee humna horatee isa abbaa irraa tahuuf abjootu hongeesa.
- Qabsoon karaa nagaa godhamu humna waraanaa fi polisii mootummaa abbaa irree dura akka dhaabbatu isa dandeesisa.
- Qabsoon karaa nagaa godhamu, warri bulchiinsa harkaa qaban akka gara hakuucanii bulchuutti akka hin tarkaanfanee ummataaf malaa fi tooftaa kenna. Kun ammoo dantaa dimokraasiif barbaachisa.

## **5.7 Qabsoon Karaa Nagaa Walxaxaa dha**

Akka armaa olitti lafa kaa'ametti qabsoon karaa nagaa gaggeeffamu tarkaanfii hawaasaa wal xaxaa, mala hedduu kan hordofu, jijjirama gosa adda adda kan fiduu danda'uu fi naamusa adda kan gaafatu utahuu dha. Diddaan siyaasaa injifannon xumuramee abbaa irree buqqisuu danda'uuf qophii gahaa fi karoora of eeggannon karoorfame gaafata. Warri qabsoo kana irraa hirmaatan dursanii maal akka isaan irraa eegamu beekuu qaban. Dinagdeen barbaachisu argamuu qaba. Warri sirritti xiinxalan akkaataa qabsoon karaa nagaa galii isaa rukutuu danda'u irratti hojjachuu qabu. Amma dhimma fardii- karoora tarsimoo- baafachu kan jedhutti fuula deebifana.

# **Boqonnaa 6ffaa**

## **Barbaachisummaa Karoora Tarsiimoo**

Abbaan irree fonqolchuu dhaaf diddaan siyaasaa bifa adda addaan jalqabuu danda'a. Baroota dabran keessa qabsoon diddaa siyaasaa kun osoo hin saganteeffatamin kan ofumaan ka'an turan. Sababooti diddaa kana kaasan waan adda addaa tahan illee yeroo baayyee hakuuccaa haaraa, nama beekamaa fi kabajamaa hidhuu ykn ajjeessuu, imaammata cunqursaa haaraa, hir'ina

nyaataa, amantii kabajuu dhabuu, fi haala barbaachisaa tahe ayyaanefbachuu tahuu danda'u. Yeroo tokko tokko gochaan Abbaan irree ummata aarsuu irraa itti bahani isaa maal taha jedhee osoo itti hin yaadin fincila jalqaba. Yeroo garii tarkaanfii namtokkee ykn gartuu xiqqoon jagnummaan fudhatu deggersa ummataa argatee fincila taha. Miiddaan addaa gartuu xiqqoon yeroo hubatamu, warra miidhaa fakkaataan isaan irraa gahee ture dammaqsee akka qabsootti seenan godha. Yeroo tokko tokko waamichi fincilaa gartuu xiqqoo ykn namtokkee dhaan godhamu deggersa guddaa itti yaadamin argachuu danda'a.

Hatattamaan ka'uun fafaa fi mishoomas qaba. Dimokraatoti yeroo diddaa kana jalqaban gara-jabina abbaa irree hagam akka gahu hubachuu dhabuu irraa miidhaa guddaan irra gahee fincilli sun illee dhaamuu danda'a. Dimokraatoti karoora gaarii baafachuu dhabuun, murtii garii akka haalli ykn carraan murteessu godhuun itti baha hamaan isaan qunnama. Fincilli sun milkaawee Abbaa Irruummaa buqqisu illee gara sirna dimokraasiitti cehuuf karoora cimaa lafaa yoo hin qabaanne, abbaa irree haaraan akka dhalatuuf karaa bana.

### **6.1 Karoora Qabatamaa**

Gara fuulduraatti osoo hin saganteeffatin fincilli ummataa abbaa irree rukutuu irratti bakka guddaa ni qabaata. Haata'u malee, har'a haala siyaasaa xiinxalauun, hamilee fi murannoo ummataa bilchaataa ykn qophii tahuu ilaaluun, abbaa irree kuffisuuf karoora cimaa lafa kaa'uun ni danda'ama. Bilisummaa gonfachuuf, akka gaaritti of eegganoon itti yaaduu, haala dhugaan lafa jiruu fi dandeetti ummataa xiinxalanii isa bu'ura godhachun barbaachisaa dha.

Namni waa hojjatee milkaawuu barbaadu, akkaataa itti hojjatu karoorfachuun qaroomina. Kufaatii hambisanii injifannoon xumuruuf karoora baasuun baayyee barbaachisaa taha. Karoora tarsiiimawe baafachuun qabeenyaa fi dandeetii jiru gurmeessanii akka gahaatti dhimma bahuu dandeessisa. Kana gochuun sochii dimokraasii kan abbaa irree buqqisuu akeekkateef baayyee barbaachisa. Sababni isaa dimokraatoti qabeenya xiqqaa qaban sirnaan dhimma itti bahu danda'u, balaa deggertoota irra gahu xiqqeessuf gargaara. Faallaa kanaa Abbaan irree humna guddaa, jaarmayaa cimaa fi dandeetii hammenya ittin hojjatu qaba.

Kaayyoo karoorsuu jechuun tarkaanfii har'a irraa kaasee bakka gahuuf hawwinuun nu gahu herreguu ykn qiyaasu jechuu dha. Afaan salphaa dhaan Abbaa irree irraa gara sirna dimokraasitti cehuu jechuu dha. Karoorri bahu tarkaanfiilee diddaa fi jaarmayaa fuula adda addaa qabu, kan cunqurfamoota irree jabeessaa, abbaa irree ammoo laaffisuu tahuu qaba. As irratti kan hubatamu qabu galiin jiru abbaa irree kuffisuu duwwaa osoo hin taane sirna dimokraasii bakka isaatti gad dhaabuu dha. Karoorri abbaa irree kaasuu duwwaa irratti of itti murteessuu balaa abbaa irree gara biraa as baasuu qabaata.

### **6.2 Karoorfachuuf Gufuulee Jiran**



Addunyaa kana keessaa warri bilisummaaf qabsaawan rakkoolee akeeka isaanii gonfachuuf isaan muudatu dursanii itti hin yaadan. Osoo sochii hin jalqabin karoora cimaa baafachuun akka barbaachisu hin hubatan. Yeroo baayyee karoora baafachuun osoo hin hojjatamin hafa.

Maaliif namooti ummata isaanii bilisummaa siyaasaa gonfachiisuuf kaayyo qaban karoora tarsimawe lafa hin kaa'atanii? Kan nama gaddisiisuu, namooti dimokraasiif qabsoo godhan barbaachisummaa karoora tarsimawe qabaachuu hin galuuf, ykn ammoo karoora baafachuu aadaa hin godhatan, sammuu tarsimaween hin yaadan. Karoora tarsimawe qopheessuun dalagaa ulfaataa dha. Hoggantooti diddaa ummataa abbaa irreen waan arihatamaniif, dirqamani isaani irra jiruuf ulfaataa waan taheef haala tasgabbaawe fi yeroo itti karoora baafatan hin qabaatan.

Kun hafee gochaa abbaa irree of irraa ittisu duwwaa taha hojiin. Yeroo akkas tahu mormitooti, sochii abbaa irree gufachiisuuf rakko haga tokko itti uumu malee yeroo hundaa ittisa irra jiraatu.

Namooti ykn gartuuleen garii sochii bilisummaatiif barbaachisummaan karoora yeroo dheeraa baafachu isaanitti hin mul'atu taha. Of karoorsuu dhiisanii, yoo akeeka keenyatti cichinee yeroo dheeraaf dura dhaabbanne haala ni geeddarra jedhanii yaadu taha. Akkasitti yaaduun ammoo gowwummaa dha. Namooti kaan ammoo rakkoo hundaa dandeenyee yoo akka kaayyoo fi amantaa keenyaatti jiraanne, isaan fiixa baasuuf kan nurraa eegamu godhaa jirra jedhanii yaadu. Kaayyoo fi amantaa ofiitti cichuun waan baayyee maalalchiisaa dha. Garuu abbaa irree buqqisanii bilisummaa gonfachuuf baayyee hanquu dha.

Namooti abbaa irreen mormani garii, yaada gowwaan kan humnaan qabsoo bal'aa yoo kaafne bilisummaan ni dhufa jedhu qabu. Akkuma amma dura kaafne, humnaan qabsoo godhuun milkaawuuf iggitee hin tahu. Injifannoo galmeessee, bilisummaa fiduun hafee kufaatii hamaa fi gaddaan xumuramuu danda'a. Humnaan qabsoo godhuu keessatti medaalli haalaa dimokraatootaaf osoo abbaa irreef aanjaa qaba.

Qabsaawoti garii tarkaanfii fudhatan miira gochuu nan danda'a jedhu irratti hunda'u. Akkaataa kanatti hojjachuun ofittummaa irratti kan bu'ureeffame waan taheef, bilisummaaf karoora bal'aa baafachuu dhorka.

Tarkaanfii fudhatamu yaada guddaa fi ifaa irratti hundeessuun hir'ina qabaata. Kan tahuu qabu, abbaa irree buqqisuuf tarkaanfiilee wal duraa duuba fudhatamuu qaban of eegganoon qiyaasuu dha. Xiinxala gad fagoo yoo hin goone, hoggantooti fincilaa tarkaanfii itti aanee fudhatamuu beekuu hin danda'an. Sababni isaa injifannoo galmeessuuf tarkaanfii wal duraa duubaan fudhatamuu qaban dursanii waan lafa hin kaawwatiniif. Yaada haaraa fi guddaa maddisiisuun baayyisee barbaachisaa dha. Garuu akkaataa dhimma itti bahamu irratti karoora tarsimawe qabaachuu feesisa.

Namooti garii tarkaanfiilee hedduu abbaa irree irratti fudhatamuu qaban keessaa isa kamiin akka jalqabuu qaban murteeffachuu dadhabuu irraa "hundaa wal faana hojjadhaa" yaada jedhu irra gahu. Akkasitti yaaduun bu'aa qabaatu illee sochiin lafaa reef jalqabuu raawwachuu hin

danda'u. Itti dabalees, akka kanatti jalqabuun eessaa akka jalqabamuu qabu lafa kaawwachuu hin dandeesisu, eessa irratti akka xiyyeeffatamuu qabu hin akeeku, qabeenya xiqqaa jiruu qusiin dhimma bahuuf hoggana kennu dadhabsiisa.

Namooti garii barbaachisummaa karooraan hojjatuu beekan illee karoorri isaan baasan kan yeroo gabaabaa fi tooftaa duwwaa taha. Karoora yeroo dheeraa fi bal'aa qabaachun akka barbaachisuu fi danda'amu hin argan. Dhimma xixxiqaan waan qabamaniif, ykn tarkaanfii mootummaan fudhatu of irraa deebisuutti waan yeroo dabarsaniif bal'isanii yaaduu fi karoorfachu hin danda'an. Jarri akkasii humnaa fi yeroo isaanii sochii yeroo gabaabaa irratti waan balleessaniif, gara fuulduraa maal tahuu mala, maal yoo goone wayya jedhanii yaaduu fi xiinxaluu dadhabu. Kun ammoo galii barbaadaniin isaan hin gahu. Sochiin dimokraatotaa garii abbaa irree buqqisuuf tarsiimoo bal'aa irratti qiyaafachuu dhiisanii, dhimmota harkaa qaban duwwaa irratti xiyyeeffatu. Keessa isaanitti abbaa irree buusuuf murteessaan sochii fi tattaaffi isaan godhan akka tahetti hin amanani. Kana waan taheef karoora baasuun yeroo ofii balleessuu fi bu'aa kan hin qabnee dha jedhanii yaadu. Namooti bilisummaaf qabsoo godhan abbaa irree humna waraanaa fi polisii cimaa qabu, kan waan barbaade godhu danda'u isaan qunnamuu mala. Akkasiis tahu abdii dhabuu irraas tahu namooti kabajaa namummaa isaaniitiif jecha ajaja diduu jalqabu. Abdii akka hin qabne garuu keessa isaanitti ukkamsanii qabatu malee ifa hin baasan. Warra akkasiif karoorri yeroo dheeraa bu'a qaba jedhanii hin yaadan.

Karoora tarsimawe qabaachuu dadhabuun itti baha hamaa: humni kee laaffataa deemuu, tarkaanfiin fudhattu bu'aa dhabuu, waan xixxinoo irratti yeroo dabarsuu, haala mijjataa dhalatutti dhimma bahuu dadhabuu, fi wareegama hin barbaachifne kaffaluutti geessa. Dimokraatooti yoo karoora tarsimawe hin baafanne akeeka ka'aniif bira gahuu dadhabuu malu. Karoorri dadhabaa tahee fi tarkaanfiilee wal hin fudhanne diddaa jalqabame of dura hin sochoosuu. Inumaa akka abbaan irree aangoo fi tohannoo isaa cimsu godha.

Qabsoo bilisummaattif karoorri bal'aa fi tarsiimawaan waan hin qophoofneef abbaa irree caalaatti kan lubbu dheeratu fi hin tuqamne fakkaachuu danda'a. Yeroo haga silaa jiraachuu qaban caalaa jiraatu.

### **6.3 Karoora tarsimawe baasuuf ulaagaalee fardii afur**

Sirrii yaaduu akka nu dandeessisuuf hiikaan ulaagaalee fardii afuran ifa tahuu qaba.

*Tarsiimo Guddicha* kan jedhamu qabsoo keessatti akeeka ka'aniif bakkaan gahuuf qabeenya jiru (dinagdee, humna namaa, hamilee, siyaasaa fi jaarmayaa) qindeessuu fi hogganuu kan gargaaruu dha.

Tarsiimo guddichi qabeenyaa fi akeeka gartuu mormituun qabu irratti xiyyeeffachuun, tarkaanfiin fudhatamu, kan waraanaa moo kan qabsoo karaa nagaa akka tahu murteessa. Hoggantooti diddaa yeroo karoora tarsiimoo guddicha baafatan maal yoo godhame akka

dhiibbaa guddaa mootummaa irraan akka gahuu danda'an xiinxalu. Itti dabales, tarsiimoo guddichi duulli diddaa haalaa fi yeroo itti jalqabu murteessuu of keessaa qaba.

Tarsiimoo guddichi qabsoo sana gaggeessuuf wannen bu'uraa filatanii murteessuu dha. Tarsiimoo guddichi gartuulee dhaaf dirqama qooda, qabeenya qabsoof barbaachisu raabsa.

*Tarsiimoo* kan jedhamu ammoo akeeka ka'ameef bakkan gahuuf murtiilee tarsiimoo guddicha keessatti wannen lafa kaa'aman keessaa osoo hin baane akkaataa itti hojjatamuu dha. Tarsiimoo kan jennu yoom, maaliif, akkamitti akka loluu fi galii keenya gahuuf waan godhamuu dha. Tarsiimoon kaartaa kaasuu wajjin wal fakkaata.

Tarsiimoon haala mijjataa uumuu dhaaf tattaaffi godhamu dabalachuu danda'a. Mormitooti qabsoo godhan keessatti waan aanjaa qabuu fi kan kufaatitti geessu hubachuuf isaan gargaara. Tarsiimoon wayyaawee qophaawe qabsoo milkiin xumurachuu dandeessisa. Tarsiimoon injifannoo galmeeffame akka gaaritti hojii irra oolchuuf gargaara.

Deemsa qabsichaa keessati, karoora tarsimawe jechuun duula godhamu akkaataa guddisaa itti deeman, qaamoti adda addaa akkaataa waliin qindeeffatani hojjachuun galii ka'aniif gahan jechuu dha. Karoorri tarsimawe humna qaban, gartuulee xixinnaan, akkaataa ogummaan bu'aa akka buusuuf bobbasanii dha. Tarsimoo cimaadhaaf karoora baasuuf qabsoo godhamu milkeessuuf tooftalee barbaachisan ilaalcha keessa galchuu gaafata. Tooftaan garii waan isa barbaachisu addaa qabaata. Wanneen barbaachisa duwwaa guuttachuun milkii argamsiisuu hin danda'u taha. Sana irratti waan dabalamu qabu ni jiraata taha.

Dimokraatooti yeroo tarsiimoo isaanii lafa kaa'an, akeeka isaanii gaariitti beekuu fi galii gahuuf tarkaanfiilee fudhatamuu qaban murteessuu qaban. Akeeka ka'aniif akka gaaritti beekuu fi xiinxaluu danda'uun galii gahuuf barbaachisa. Akeeka beekuu fi xiinxaluun karoora tooftaa baasuufis ni barbaachisa.

Tarkaanfiilee fudhatamanii tooftaa fi malli hordofaman, tarsiimoo hojii irra oolchuf gargaaru. *Tooftaan*, humna qaban, yeroo murtaawe keessatti akka bu'aa buusuutti qindeessun walitti hidhata. Tooftaan tarkaanfii murtaawaa, akeeka murtaawaa tokko galmeessuuf fudhatamuu dha. Tooftaa filachuun haala jiruu keessatti tarsiimoo galmaan gahuuf qabsoo godhamuuf aanjaalee jiranitti dhimma bahuu irratti hundaa'a. Tooftaa fi malli hordofaman tarsiimoo galmaan gahu irratti xiyyeeffachuu qabu. Injifannoon tooftaan argamu yoo akeeka tarsimoo galiin gahuu wajjin kan wal hin cimsine tahe humni bahe bilaasha taha.

Akkuma tarsimoon tarsiimoo guddichaa wajjin walitti hidhatu, tooftaan tarkaanfii murtaawaa tarsimo bakkaan gahuuf fudhatamuu dha. Tooftaan yeroo hundaa waan lolaa ilaala, tarsimoon ammoo lola irra waan bal'aa ilaaluu dabalata. Tooftaan lola bal'aa ykn duula guddicha keessaa qaama tokko tahuutti hubatama. Tooftaan yeroo gabaabaa, naannoo murtaawa, namoota xinnoodhaan, akeeka gabaabaadhaf dhimma itti bahama. Tarsiimoo kan yeroo dheeraa ti. Qabsoo

karaa nagaan godhamu keessatti garaagarummaan tooftaa fi tarsimoo akeeki tarkaanfii filmee guddaa ykn xiqqaa tahuu irratti hunda'a.

Hallellaan tooftaa fudhatamu akeeka tarsiimoo galmaan gahuuf tahuu qaba. Tarkaanfiin tooftaa fudhatamu mootummaa sana rukutanii injifannoo galmeessuuf kan haala aanjessuu dha. Warri duula tooftaa karoorsuu fi hojii irra oolchuuf dirqamni irra jiru haala gamaggamuu fi mala ni baasa jedhan filuun barbaachisaa dha. Warra irraa hirmaatan leenjiisuu fi qopheessuu feesisa.

**Mala** yeroo jennu meeshaa ykn akkaataa tarkaanfii ilaala. Qabsoo karaa nagaan godhamu keessatti mala kan jennu tarkaanfiilee akka hojii dhaabuu, dhibaa'uu, tumsa siyaasaa dhorkachuu, fi kkf dha. Kun boqonnaa 5ffaa keessatti ibsamee jira. (Appendix ilaali.)

Qabsoo karaa nagaattif karoora tarsimawe qopheessuun of eeggannoon tarsimoo guddichi, tarsimoo, tooftaa fi mala walitti qindeessuu fi unkeessuu gaafata.

Waan haga ammaatti dubbatame irraa kan barannu, hacuccaa abbaa irree jalaa bilisa bahuuf sammutti dhimma bahanii karoora tarsimawe karoorsuu barbaachisa. Qaroominaan karoorsuu dhabuun kufaatiitti geessa. Yoo sammuu ofitti dhimma bahanii daandii tarsimoo qabu qiyaaafatan, qabeenya qaban hundaa gurmeessanii hawaasa gara bilisummaa fi dimokraasitti ceesisuutu danda'ama.

## **Boqonnaa 7ffaa**

### **Karoora Tarsimaawe qabaachuu**

Irra-aantummaa argamu amansiisaa taasisuuf, ummata gita bittootaan dhamaasamaa jiru jabeessuuf, abbaa-irrootaa dadhabsiisuudhaan dhabamsiisuuf, sirna dimokiraatawaa hundeqabeessa tahe jabeessuuf karoora waliigalaa wixinachuun barbaachisaa dha. Karoora akkasii wixinachuuf garuu haallan qabatamoo tattahan akkaan xiinxaluu fi filmaata itti-baha gaarii argamsiisan adda baasachuu fedhsisa. Xiinxala eeggannoo guddaa qabuu irraa ka'uudhaanis Tarsimoo Bu'uraas tahe Tarsimoo Duula galii bilisummaa dhaqqabsiisan lafa kaayyachuutu danda'ama. Tarsimoon Bu'uraa fi Tarsimoon Duulaa hariiroo wal fakkaataa haa qabaatan malee garuu lamaan isaaniituu adda addummaa ni qaban. Dura Tarsimoon Bu'uraa erga wixinamee booda itti aansee Tarsimoo Duulaa ijaaruu fi qopheessuutu danda'ama. Tarsimoon Duulaas yeroo wixinamu bifa Tarsimoo Bu'uraa jabeessuu fi bakkaan gahuu dandeessisuun tahuu qaba.

Tarsimoon mormii gaaffilee fi dirqamoota hedduu kan tilmaammate tahuu qaba. As irratti sadarkaa Tarsimoo Bu'uraattis tahe Tarsimoo Duulaatti sababoota hedduu barbaachisoo tattahan ilaaluutu nu irra jira. Haa tahu malee tarsimoo kamuu wixinuuf seenaa dabre, ijaarsa mootummaa, humna loltummaa, aadaa, hawaasummaa, siyaasummaa, **sirna-qalbeessa**, dinagdee fi haala idil-addunyaa tolchanii hubachuun qabsichi garamitti akka deemuu qabu dursanii tilmaammachuuf hubannoo argachuun barbaachisaa dha, Tarsimoon kan wixinamuu danda'amanis roga qabsichaa tilmaammachuu fi eessa irraa akka ka'ame hubachuudhaan taha.

Hoggantootni dimokiraataawoo fi warreen tarsimicha qiyyaasan barbaachisummaa qabsichaa fi galii itti deemamu gamaaggamuun waan dursi itti kennamuu qabuu dha. Galii eegamu dhaqqabuufi qabsoo murteessoo tattahan gaggeessun ni barbaachisaa? Maaliif? Waan taheef, galii qabatamaa tahe kaayyachuun murteessaa dha. Akkuma olitti ilaalle abbaa-irrootni aangoo irraa buusamuu ykn ariyatamuu qofti gahaa miti. Akkeekni qabsichaa inni guddaan hawaasa bilisa mootummaa dimokiraatawaa taheen gaggeessamu ijaaruu dha. Yaada kana caalaatti ifaa taasisuuf Tarsimoo Bu'uraa akka walii galaatti fi tokkoo tokkoo tarsimoo adda addatti wixinachuutu danda'ama.

- Kanaaf, warreen egeree qabsichaa qiyyaasan gaaffilee bu'uraa kanaa gadii tilmaammchuun irraa eegama.
- Bilisummaa gonfachuuf danqaalee gudguddaan jiran maali?
- Sababootni gonfannaa bilisummaa saffisiisan maalfaa dha?
- Qaamni jabina mootummichi abbaa-irree kun qabu maalfaa dha?
- Qaamni dadahbiinsaa adda addaa mootummichi abbaa-irree qabu hoo maalfaa dha?
- Taayitaa mootummicha abbaa-irree sarbeessuuf hundee warreen tattahaniif haleellaaf hammam saaxilamoo dha?
- Qaamni jabaan humnoota dimokiraasiif sossa'anii fi kan ummataicha bal'aa maalfaa dha?
- Qaama dadhabiinsa humnoota dimokiraasiif sosso'anii akkamiin jajjabeessuun danda'ama?
- Ejeennoon humnoota 3fa sududaan qabsicha keessatti hin hirmatne garuu takkaahuu mootummicha abbaa-irreef ykn ummatichaaf baamsuu malan maal fakkaata?
- Karaa Kamis humnoota dimokiraataawoo tahan gargaaruu fi tumsuu danda'u?

### **7.1. Mala qabsoo filachuu**

Qiyyaason qabsichaa sadarkaa Tarsimoo Bu'uraatti walitti bu'iinsa gara duraatti tattahuuf deemu tilmaamuudhaan fala qabsicha mo'iinsa geessisuu filachuu qaban. Tooftaalee adda addaa jechuun fakkeenyyaf: humna loltuun wal dura dhaabbachuutti kan geessu yoo tahe, bifa riphee loltummaan qabsicha itti fufuun yoo fedhsise, mormii siyaasaa gaggeessuun yoo furmaata fakkaate, akkasumas faluma qabsicha siiqsuuf faayidaa qabaniif fi murteessoo tattahan madaaluutu barbaachisa.

Yaada kanaa olii irratti hundaahuudhaan warreen Tarsimoo qabsichaa qiyyaasan gaaffilee kanaa gadii xiinxaluun barbaachisaa taha.

- Bifni qabsoo filatamee humna dimokiraatotaan kan wal gituu dhaa?
- Tooftaan qabsoo filatamee qaama jabaan sabichaatti ni gargaaramaa?
- Tooftaan qabsoo filatamee qaama dadhabiinsa moo qaama jabinaa abbaa-irrootaa irratti qiyyaafate?

- Malli qabsoo filatame humnootni dimikiraasii sosso'an caalaatti akka of irratti amantii horatan kan taasisuu dhaa moo humnoota 3fa ykn humnoota alaa irratti akka hirkatan kan taasisuu dha?
- Malli qabsoo filatame abbaa irroota dhabamsiisuu irratti seenaan qabu maal fakkaata?
- Malli qabsoo filatame hubaatii fi miidhaa tarii deemsa qabsichaa keessa mummudatan kan tilmaamee dhaa?
- Malli qabsoo filatame abbaa irroota bakka dhabamsiisee mootummaa qabsicha keessaa dhalatu bakka buusu irratti to'annoo akkamii qabaata?

Tarsimoon Bu'uraa tuqaalee kanaa olii hin tilmaammannee fi itti-baha ifaas if duraa hin qabne keessa deebi'ee deemsa isaa ilaaluun barbaachisaa taha.

Boqonnaalee dabran keessatti mormii siyaasaa gaggeessuun tooftaalee qabsoon ittiin gaggeessamu, faayida-qabeessas akka tahe hubannee jirra. Kanaaf, warreen tarsimoo qabsichaa qiyyaasan haala lola deemuuf jiruu gad-fageenyaa xiinxalanii mormii siyaasaa deemaniif deebii gahaa itti kennuuf gaaffilee kanaa olitti tuxxuqamaniif deebii gahaa kennuu ni danda'aa isaa dura hubachuu qaban.

## 7.2. Dimikiraasii Qiyyaasuu

Akeekni Tarsimoo Bu'uraa abbaa-irroota taayitaa isaa buusuu qofa osoo hin tahin sirna dimokiraatawaa hundeessuudhaan abbaa-irree haaraan akka deebi'ee hin uumamne ittisuuf akka tahe dagatamuu hin qabu. Akeeka kana bakkaan gahuufis tooftaan qabsoo filatamu hawaasicha keessatti qoodumsaan aangoo haqaa akkaataa uumamu irratti kan fuuleffate tahuutu irra jira. Madaalii humna lolaan yoo ilaalame bulchiinsa abbaa-irrummaa jalatti hawaasni fi ummatni meesha-maleeyyiin akkaan dadhaboo yeroo tahan gama kaaniin garuu bulchiisni abbaa irrootaa akkaan jaba dha. Wal-caalmaan madaalii humnaa kun osoo wal hin qixxaatini mootummaa haaraan yoo bakka buusame kan bakka buusame kanas abbaa irree of taasisuu irraa wanni ittisu hin jiru. Yoo caalmaan humnaa harka hawaasichaa hin jiraatini masaraa mootummaa irratti finciluus tahe fonqolcha mootummaa gaggeessuunis fudhatama hin qaban.

Akkuma boqonnaa 5fa keessatti qabsoon siyaasaa hawaasicha sossoosuudhaan hawaasicha keessatti taayitaan wal qixa tahe akka uumamuu danda'u ilaallee jirra. Deemsi kunis karaa hedduu dhugoomuu danda'a. Mormiin laf-jalaa yoo jabaataa deeme abbaa-irrichi aangoo cunqursaa fi hiraarsa hawaasicha irra ittiin geessisaa ture duraa laaffataa deema. Hawaasni biyyattiis tarkaanfii cunqursaa of irraa ittisu danda'uutti dabalee al tokko tokkos of irraa qolachuu kan is dandeessisu humna horataa deemu danda'a. Dabalees bifa mormii siyaasaa qabateen hawaasicha sossoosuu danda'uun akka hawaasichi dhaabbata bilisa tahe kan mataa isaa ummatu dandeessisa. Muuxannoon akkasitti hawaasicha keessaa argamus saphlaatti kan dagatamu miti. Dabalees beekumsi fi muuxannoon bifa qabsoo hawaasaa kana keessaa argamu hawaasicha deebi'ee abbaa-irrootaaf akka hin bulleef karra saaqa. Jijjiiramni bu'uraa hiriira humnaa (*gama abbaa-irrummaa irraa gama hawaasichaatti dabruu*) akkasii hireen sirna dimokiraatawaan bu'ura irraa akka uumamuuf hiree amansiisaa gumaacha.

### **7.3. Deggersa Alaa**

Yeroo Tarsimoon Bu'uraa qopheessamu qabsoo abbaa-irroota kuffisuu taasisamu keessatti qabsoon keessaa fi dhiibbaan ala irraa gumaachamu hariiroo akka qaban gamaaggamuun barbaachisaa dha. Kana keessatti qabsoon innikkaa biyya keessatti akka tahu amanamaa dha. Kana jechuun deggersi idil-addunyaa yoo hin jiraanne illee qabsoon keessa biyyattiitti gaggeessamu jabaachaa deemuun dhiibbaa ala irraa godhamu dadammaqsuu danda'a.

Deggersi alaa kun akka humna duubbee qabsichaa tahees hawaasa addunyaa biraa dhimmoota mirga namoomaa, amantii fi hamilee ummatichaa tiksuu ilaalchisee dhiibbaan akka bulchiinsa abbaa-irree irratti taasisamu sossoosuu danda'a. Kana irraa ka'ees mootummootni alaa fi dhaabbatootni idil-addunyaa dhiibbaa fi qoqqobbii diplomaasii, siyaasaa fi dinagdee mootummaa abbaa irree irraan geesisuu danda'an. Tarkaanfiin kun qoqqobbii dinagdee fi waraanaa mootummicha irraan geesisuu, hariiroo diplomaasii waliin qaban hir'isuu, ykn dhaabuu gargaarsa dinagdee fi homishataa (investment) irraa dhorkuu fi mootummicha jaarmolee idil-addunyaa fi mootummooto gamtooman keessaa hanga ariisisuu kan gahu tahuu mala. Dabalees sadrakaa idil-addunyaatti gargaarsi maallaqaa fi hariiroo tumsaa humnoota dimokiraatwaoo tahanif argamuu danda'u.

### **7.4. Tarsimoo Bu'uraa utubeessuu**

Haallan jiran gahaatti gamaaggamuudhaan fala deemsa qabsichaa furgaasu fi aanjawina deggersi alaa qabsichaaf qaban tilmaama keessa galchuudhaan karaa itti qabsichi galii isaa dhaqqabu yaaduun utubeessitoota Tarsimoo Bu'uraa irraa kan eegamuu dha. Wixineen qopheessamus qabsichi sadarkaa irra jiru irraa hamma galii bilisummaa fi sirna dimokiraasii hundeessuutti akkamitti akka gaggeessamu qiyyaasuu kan dabaluu taha. Warreen Tarsimoo Bu'uraa kana qiyyaasanis gaaffilee adda addaa of gaafachuu isaan barbaachisa. Gaaffilee kanaa gadiis gaaffilee kanaa olitti ilaalle caalaatti Tooftaa Bu'uraa kana qopheessuuf kan gargaaranii dha. Gaaffilee tooftaa Bu'uraa qopheessuuf tilmaamamuu qaban kun:

Qabsoon yeroo dheeraaf gaggeessamu akkamitti yoo jalqabe irra filatama?

Ummatni cunqursame osooma haala murtaawe keessatti sosso'aa jira tahees of irratti abdiin akka horatuu fi jabina gahaa tahe akkamiin argachaa deemuu danda'a?

Ummatichi waltahiinsa walii isaa gidduu jiru damboomsataa, mormii mootummicha irraa qabu dhawataan akkamiin jabeessataa deemuu danda'a?

Sochii mootummaa abbaa irree ugguraa, dimokiraasii ummatichaas to'annoo qajeelaa itti tolchuuf duulli gaggeessamu maalfaa akeekkatuu qaba?

Tarkaanfii mootummaa abbaa irree hanga dhumaatti of irraa ittisanii kan itti milkaawan fi bilisummaa fiduuf kan qabsaawan dhaabbatootni bilisummaan sosso'an ni eenyufaa dha?

Utuma ittisa mootummicha abbaa-irree jala jiranii harkaa bahuuf kan qabsaawaniif ykn humnoota dimokiraataawoo bifa haarawaan of gurmeessuu danda'anii haallan toosisan fi dhaabbattootni jijjiran kamfaa dha?

Jabinni jaarmayaa deemsa qabsichaa keessa akkamiin uumamaa deemuu danda'a? Hirmaattotni hoo akkamiin leenjisamaa deemuu danda'u?

Deeminsa qabsichaa humneessuuf maallaqaa fi dinagdee k.k.f akkamii barbaachisa?

Ummaticha sossoosuuf fakkeenyi qabatamummaan dhidhihaatan maalfaatu jira?

Karaan itti humni abbaa irrootaa suuta laaffataa deemee xuuxamee dhumuu sadarkaa akkam akkamii fi tarkaanfiin akkamii yoo fudhatamee dha?

Ummatichii karaa naamusa qabeessa taheen akkamiin mormii fi qabsoo karaa nagaa wal maddii mootummicha irraatti gaggeessuu danda'a?

Hawaasichi deeminsa qabsichaa keessatti akkamiin fedhii isaa bu'uraa guuttataa deemuu danda'a?

Qabsicha keessatti seerrii fi sirni akkamiin eegamuu danda'an?

Erga mootummichi injifatameen booda sirna itti aansee ijaaramuuf yeroo cehumsaa wal-qixaawaa tahe akkamiin hundeessuun danda'ama?

Qabsoo abbaa irroota irratti gaggeessamu bifa akkanaa tahuu qaba kan jedhu falli *falchame (formula)* akka hin jirre dagatamuu hin qabu. Abbaa irroota dhabamsiisuu fi sirna dimokiraasii hundeessuuf qabsoon gaggeessamu tokko isa kaan irraa adda tahuu mala. Haallan tasumaa wal fakkaatan akka hin jirre hunda mootummootni abbaa irrootaas adda addummaa qabaatu. Humni ummaticha bilisummaa gonfachuuf tattaafatus akkasuma adda adda. Waan taheef Tarsimoon Bu'uraa yeroo qiyyaasamu haallan qabatamoo mormicha uumanii fi deemsisan xiinxaluu qaofa osoo hin tahina mala qabsichi ittiin gaggeessamu lafa kaayuu irrattis hubannoo qabsichaa gahaatti qabaachuun barbaachisaa taha.

Tarsimoon Bu'uraa qiyyaasames bal'inaan ummaticha biraatti akka hubatamu taasissun maaliif akka barbaachisan sababoota adda addaatu jiran. Kunis namootni hedduun qabsicha keessatti hirmaatan qabsichi maal akka tilmaammate yoo hubatan caalaatti gahaatti keessatti hirmaachuu fi of-kennummaan hojjachuu danda'an. Qabsicha irraa hubannoo gahaa yoo qabaatan hamilee qabsoof qaban ol guddisuutti dabalee of-kennummaa isaanii jabeessee qabsichaaf akka murteeffatanii hojjetan taasisuu dandeessisa. Gama kaaniin ammo Tarsimoon Bu'uraa qiyyaasamuu mootummichi abbaa-irree waan hubachuu maluuf cunqursaa ummaticha irraan geessisu laaffisuu mala. Tarsimoon Bu'uraa qindaawuun miseensota mootummicha abbaa-irree gidduutti mormii uumee kaan isaanii akka irratti fincilan ykn dhiisanii bahan taasisuus mala.



Tarsimoon Bu'uraa abbaa-irroota kuffisuu fi sirna dimokiraasii hundeessu erga wxinamee booda humnootni dimikiraatwoon sana dalagaa irra oolchuu danda'uu isaan barbaachisa. Tarsimoo qiyyaasame keessaa bahuun kan danda'amus kan yoo haalli dirqisiisuu fi hin eegamin mudate qofa. Tarsimoon Bu'uraa qiyyaasame hubannoo gahaa horachuu dadhabuun isaa yoo itti amaname ykn akki itti qabsichi gaggeessamu jijjiiruun yoo barbaachise qofa wanni jalqaba lafa kaayyame geddaramuu danda'a. Tarsimoon Bu'uraa sadarkaa fooyyessamuu qabu irra yoo gahe garuu gamaaggamni gahaan taasisamee tarsimoo haaraan wixinamee erga raggahen booda kan jalqaba lafa kaa'ame jijjiiramuu danda'ama.

### **7.5. Tarsimoo Duulaa Wixinuu**

Abbaa-irroota kuffisuu fi sirna dimokiraasii hundeessuuf Tarsimoo Bu'uraa irratti abdiin kan gatamu yoo tahe illee sun gara galiitti kan dhiheessuu dha malee mataa isaatiin galii sanaaf kan deemsisu waan hin taaneef tarsimoon deemsisu jiraachuu barbaachisa. Humna abbaa-irrichaa shororkeessuu kan tilmaammatee fi akka qajeelchaattis kan gargaaran tarsimooleen addaa qiyyaasamuu barbaachisa. Tarsimooleen akkasii dabaree isaanii abbaa-irroota irratti murtii maayyii kan dabarsan, dirqamoota tooftaa adda addaan deemsifaman kan dabalana tahuu danda'u. Fallii fi tooftaaleen galii tarsimoo kana bakkaan gahuutti gumaachanis eeggannoodhaan filatamuu qaban. As irratti mareen gaggeessinu sadarkaa tarsimoo qofatti kan murtaawe taha.

Namootni Tarsimoo Duulaa qiyyaasan akkuma namoota Tarsimoo Bu'uraa qiyyaasanii akkataa raawwii fi mala duulichii ittiin gaggeessamu irraa hubannoo gahaa kan qaban tahuutu irraa eegama. Ajajootni tarsimoo lolaa qiyyaasan akkaataa waraanni isaanii itti ijaarame, tooftaa fi dhiheessii sanaaf barbaachisan, aayinaa meeshaa lolaa hidhatan, teessuma lafaa keessa sosso'an akka gaariitti kan beekan, k.k.f. gadi fageenyaan kan tolchani beekan tahuu dha qaban. Haa tahu, malee akkasis tahee beekumsa qabsoo karaa nagaa gaggeessuu, gaaffilee barreeffama kana keessatti tuxxuqamaniif qofaa isaanitti tarsimoo maddisiisuu hin danda'an. Qabsichaaf tarsimoo qiyyaasuuf *waa-umteen (creativity)* beekumsa irratti hundaawe barbaachisaa dha.

Duula yeroo gabaabaaf waan murtaawe akeekkatee fi qabsoo bilisummaa eegalame ittiin fufiinsaan gaggeessuuf qajeelfama kennuuf warreen akkaataa itti mormiin siyaasaa gaggeessamu qiyyaasan wanneen hubannoo keessa galchuu qabantu jira. Kanneen hedduu keessaa warreen itti aanan kanatu argama:

- Galiin duulaa filataman Tarsimoo Bu'uraa mirkaneessuuf gahee gumaachan murteessuu;
- Tooftaa tarsimoo filataman waliin wal siman ykn meeshaalee siyaasaa toofticha waliin wal fudhatan hubachuu;
- Karoora duulaa hunda keessatti malli sasaphlaan mootummaa abbaa irree irraan dhiibbaa geessisuu danda'an akkamitti akka uumamuu danda'an murteessuu fi Tarsimoon Bu'uraa galii yaadame dhaqqabuuf tarkaanfileen akka sasaphlaatti ilaalaman eeggannoodhaan filatamuu fi hujii irras oolchamuun barbaachisaa tahuu;

- Hariiroo gaaffilee dinagdee fi siyaasaa ummatichi qabu adda baasachuu Gaaffiin dinagdee qabsoo gaggeessamu keessatti bakka maluuf akka qabatu kan barbaadamu yoo tahe erga mootummaan abbaa irree kufeen booda rakkoo dinageetti furmaatni gahaan akkamitti argama kan jedhu eeggannoodhaan dursamee xiinxalamuu qaba. Kan yoo jalqabuma deemsa qabsichaa keessatti furmaatni dinagdee akeekamee irratti hojjetamuun dadhabame yeroo cehumsaa keessa furmaatni gahaan itti kennamuu qaba. Yeroo cehumsaa jiru keessa furmaatni yoo itti hin kennamne ummatichi sirna haaraa bakka buusame irraa abdiidhabuu mala. Abdiidhabiinsa kanatti abdiidhorra jechuu irraa humni haaraan gara aangooti dhufes abbaa irrummaa haaraa ummachuuf hiree argachuu malu. [*Fakkeenyaaf diddaa fi mormii ummataa dhimma dinagdee ilaalu callisiisuuf humnaa fi doorsisafaatti dhimma bahuu k.k.f.*]
- Qabsicha itti fufuuf caasaa fi qunnamtiin akkamii akka ijaaramuu qabu dura murteessuun barbaachisaa dha. Caalaatti ammo mormitootas tahe ummatichaaf, deemsa qabsichaa keessa murtiileen akkamitti akka kennamanii fi hariiroon akkamii jiraachuu akka barbaachisu dursa murteessuu gaafata.
- Walumaa gala ummaticha qabsoon gaggeessamuufiif, humnoota waraanaa fi poolisii mootummichaaf, akkasumas hawaasa idil-addunyaaf karaa sab-qunnamtii (media) adda addaa sadarkaa qabsichi irra geessisame yero yerootti ibsuun barbaachisaa taha. Ragaan bifa kanaan dhihaatus kan dhaadhessamee fi hundee kan hin qqabne yoo tahe kaan irraa amantaa waan dhabsiisuuf raga qabatamaa fi dhugaa jiru irratti kan hundaawe tahuu barbaachisa.
- Qabsoo itti fufee godhamu keessatti fedhii ummatichaa guutuuf karaa of irratti abdachiisaa taheen sochii barmootaa, dinagdee fi siyaasaaf dursanii karoorsachuun barbaachisaa taha. Hamilata (*project*) kana gaggeessuuf garuu namootni kallattiin ykn sududaan qabsicha gaggeessuu keessatti hin hirmaatnes irratti hojjetuu danda'an.
- Duula addaa qabsichi yeroof ittiin gaggeessamus tahe walumaa gala jireenya qabsichaaf gargaarsi ala irraa fudhatamuu qabu kan akkamii akka tahe dursa itti karoorsamuun gaarii dha. Kunis osoo qabsoon biyya keessaa amansiisaa hin tahin gargaarsa biyyoota alaa irratti irkatamee kan gaggeessamu yoo tahe akka ummatichi fedhutti hojii irra ooluu hin danda'u. [*Kana jechuun qabsichi gargaarsa biyyoota alaa waan abdatuuf, fedhii gargaartota alaa kana guutuuf dirqama jechuu dha*]. Gartuulee biyyoota alaa irraa warreen kamfaa qabsicha yoo deggeran ummata biyyicha keessaaf bu'a qabeessa akka tahe jalqabuma irraa murteessuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf; dhaabbattootni gargaarsaa fi hawaasummaa gara garaa, dhaabbattootni amantii, gartuuleen siyaasaa, waldaan hojjetootaa k.k.f. mootummootni biyyoota adda addaas tahe Golli Tokkooma Mootummootaa (UN), akkasumas qaama Gola Tokkooma Mootummootaa waliin hariiroo ummachuun barbaachisaa taha.

Kanatti dabalees yeroo itti ummatni bulchiinsa abbaa irrootaa irratti finciluu eegalu humnootni dimokiraatwoon sirnaa fi seerri akka eegamu tiksuutti dabalee, jireenya ummatichaa guyya guyyaa qajeelchuu fi waan barbaachisu dhiheessuufiif tarkaanfii barbaachisu kan fudhatan

gahaatti jiraachuun barbaachisaa dha. Kana jechuun ummaticha bulchiinsa abbaa irroota jalaa bilisoomsuudhaan dhaabbata dimokiraatawaa tahee ummatichaaf hojjetu gadi dhaabuun barbaachisaa dha. Yeroo itti seerrii fi sirni cabu karaa itti cunqursaa fi miidhaa hin qabneen qajeelchuun akka danda'amu kan ummaticha barsiisaa deeman jiraachuu barbaachisa. Kunis seerrii fi sirni cabee qajeelchi sanaaf barbaachisu faana hin jiru yoo tahe ummatichi yaada sirnuma abbaa irrootaa duraanii wayya akka hin jedhneef gargaara.

## **7.6. Yaada Diddaa Babal'isuu**

Bakka gahiinsa mormii polotikaa mootummaa abbaa- irree irratti gaggeessamuuf barbaachisummaan diddaa maal akka tahe ummatichi akka hubatu taasisuun barbaachisaa dha. Boqonnaa 3fa keessatti fakkeenya "Mootii Jaldeessaa" jedhuun dhihaate saphlaatti yaada kana ibsa. Cunqursaan hagamuu yoo hammaate, ummatichi sirnichaan miidhamaa jiran mootummicha irraa walii galtee yoo qoqqoban sirnichi laaffatee kufuun isaa kan hin oolle taha.

Namootni sirna abbaa-irrootaa jala jiraatan yaada kanaaf haaraa tahuu dhiisuu malu. Namootni akkasitti yaada kanaaf haaraa hin tahin garuu yaadicha ummata keessa babal'isuutu irra jiraata. Hoduu durii kan 'Mootii Jaldeessaa' faffakkaatu bal'inaan ummaticha keessa akka babal'atu taasisuu qaban. Ummatnis hoduu-durii akkasii kana karaa saphlaa taheen hubatu; hin dagatanis. Ummatchi bifa akkasiin mootummaa abbaa irree waliin walii galuu yoo didaa deeme yeroo yaamichi qabsoo taasisamuuf yaamichichi haaraa itti hin tahu. Dabalees ummatichuu akka haalaa fi barbaachisummaa isaatti karaa itti diddaan mootummicha irratti babal'atu dabalee qiyyaasuu jalqabuu mala.

Bulchiinsa abbaa-irrootaa jalatti rakkisaa fi balaa kan geessisu tahuun yoo beekamaa tahe illee yaada wal geggeddaruu, ragaalee adda addaa dhiheessuu fi ajaja dabrsuun akka danda'amu biyyoota adda addaa keessatti hojiin mul'atee jira. Bara bulchiinsa Nazi German fi koministootaa namootni mata mataatti qofa osoo hin tahin ummatni akka ummataatti waltajjii argame hunda irratti, gaazexoota, waraqaa facaatuu, kitaabolee, booda irra ammo karaa raadiyoo fi bifa kaaseta videon yaada wal jijjiiraa ture.

Jalqaba irratti qajeelfamni deemsa qabsichaatti hundee horu bifa trsimaaween qopheessamee akka facaasamu taasisamuu dha qaba. Kunis ummatichi wanneen mormuu qabu akkamitti akka mormuu, kan deggeru bifa kamiin deggersa akka mul'isuu fi hojii irras oolchu, raawwii haallan kanneenii kan ibsu taha. Hogganoota qabsicha gaggeessan irraa kan yoo adda kutame ajajni barbaachisu yero yerootti dafee dhaqqabuu irraa yoo danqame illee dhimmoota jajjaboo tattahan irratti hawaasichi maal gochuu akka qabu ni hubata jechuu dha. Qajeelfamni deemsa qabsichaatti hundee horu ummaticha biratti akka gaariitti hubatamuun kan yoo mootummichi abbaan irree qajeelfama ummaticha dogoggorsu baase illee akka ummatichi saphlaatti hin gowwoomsamne taasisa. Dhugaa fi dharri isa kam akka tahe saphlaattis ummatichi adda baasata.

## **7.7. Cunqursaa fi Tarkaanfii Maluuf**

Kanneen Tarsimoo deemsa qabsichaa qiyyaasan sochii humnootni dimokiratawoon godhan ukkaamsuuf mootummaan abbaa irree tarkaanfii akkamii fudhachuu akka malu dursanii gamaaggamuu isaan barbaachisa. Humnootni dimokiraatawoonis miidhaa abbaa-irrootaaf osoo hin jilbeenfatin akkamitti of irraa dandamachuu danda'an, tarkaanfii ittisaa malu akkamitti akka fudhachuu danda'an ykn miidhaa hammaatu keessa (*fknf; funaanamuu fi hidhaatti guuramuufaa*) osoo hin seenin akkamitti irraa dandamachuun danda'amu karoorsamuu qaba. Tooftaan baasamu tarkaanfii ukkaamsaa mootummichi abbaa-irree gaggeessuu malu dursanii akka hubatan taasisuu fi deemsa qabsichaa keessattis balaan fi miidhaan akkamii geessisamuu akka malu ummatichi akka hubatu taasisuun gaarii dha. Sochiin qabsichaa humnaan itti fufuun kan hin oolle yoo tahe, kan yoo tarii namootni madaawanii akkamitti wal'aansa fayyaa akka argachuu danda'an dursanii qopheessuun barbaachisaa dha.

Humnaan wal dura dhaabbannaan kan jiru tahuu dursamee kan hubatamu yoo tahe illee warreen tarsimoo qabsichaa qiyyaasan galii ka'ame dhaqqabuuf tooftaa fi tarsimoo barbaachis baasuu qofa osoo hin taanee miidhaan garmaleen ummaticha irra akka hin geenyeef mala dhawuun barbaachisaa taha. Fakkeenyaaf abbaa-irroota sirna gara-jabinaa naatoo hin qabneen ummaticha dhiitanii bulchan mormuuf ummatni karaa cufee hiriira yoo baasame kan raajamu yoo tahe illee lubbuun kumaatamaan galaafatamuu danda'a. Haa tahu malee diddaan bifa hiriiraan daandii cufanii gaggeessan miidhaa inni mootummicha abbaa –irree irraan geessisu hamma isa ummatni yaamicha mootummichaa duraa callisuu, dalagaa dhaabuu, mootummichaan walii galuu diduu ykn hojjetootni mootummaa diddaa fi rincicummaa bifa adda addaan mul'isuu hin gahu.

Mormiin ifatti mootummicha irratti gaggeessamu akeeka tarsimaaweef kan dhaabbate tahuun osoma beekamuu illee balaa karaa mootummichaa geessisamuu malu xiinxaluu fi tilmaama keessa galchuun barbaachisaa taha. Haala akkasii keessatti ummatni karaa nagaa fi sirna qabeessa taheen mormii qaban mootummicha abbaa-irree irratti mul'isuu danda'uu? Tarkaanfii mootummicha abbaa-irreen isaan irratti fudhatamu irraa hoo dandamachuu ni danda'uu? Qiyyaason qabsichaa tarkaanfiin miidhaa mootummichaan yoo fudhatame illee qabsichi naamusa qabeessa tahee akka itti fufu taasisuuf tarkaanfii akkamii fudhachuu akka qaban tilmaammachuu barbaachisa. Fkkeenyaaf wanneen akka waadaa seenuu, ibsoota adda addaa babaasuu, waraqaa seeraa fi naamusa deemsa qabsichaa damboomsan facaasuu, hoggantootni hiriira nagaa akka dhiheenyaan jiraatan taasisuu fi gartuulee deemsicha gara dabsuuf tattaafatan yoo jiraatan irraa qoqqobuu fi sochii eegalame itti-baha gaariin gahuuf hojjechuu barbaachisa. Dhuma irratti hoggantootni qabsichaa qabsichi gara lolaa fi dhumaatii hin barbaachinetti akka cehu gartuulee shira xaxan yoo jiraatan jabaatanii irraa of eeguu barbaachisa.

## **7.8. Tarsimoo Qiyyaasameetti Amanuu**

Trsimoon ittiin deemamu gahaatti erga qiyyasameen booda humnootni dimokiraatwoon Tarsimoo Bu'uraa fi Duulaa lafa kaayyame keessaa ala bahanii sababoota hin barbaachisne irratti akka fuuleffatanii fi yeroo isaanii balleessaniif dhiibbaa karaa mootummicha abbaa-irree geessifamutti dursanii yaadaan of qopheessuu isaan barbaachisa. Yookaanis onnannaa akka

malee irraa kan ka'e Tarsimoo Bu'uraas tahe Tarsimoo Duulichaa hojiitti fasaruu keessatti kallattii dogoggoraa akka hin qabanne of eeggachuun barbaachisaa taha. Mootummichi abbaa-irree tarsimoo ummachaaf lafa kaayyame irraa dogoggoraasuudhaan akka ummatichi jarjaree gama tarkaanfii humnaatti of ceesisuuf onnatu taasisuu mala. Onnannaa ummataa tarsimoo irraa kaate akkasii kanas sababa godhatee mootummichi humnaan rukutee qabsicha dhaamsuuf humna qabu hawaasichatti bobbaasuuf shira xaxuu mala.

Tarsimoon qabsichi ittiin gaggeessamu sirrii tahuun erga hubatamee booda dirqamni humnoota dimokiraataawoo qabsichi dhawataan gara duraatti akka sosso'u dandeessisuu qaban. Sanas tahee garuu galii lafa kaayyame dhaqqabuuf tooftaa gara garaatti gargaaramuun waan hin oolleef hogganootni bilchina itti qaban hiree haharaa mummudatanitti gargaaramuu irraa of booda hin jedhan. Tooftaaleen yero yerootti jijjiiramuu malan kunis Tarsimoo Bu'uraa fi Tarsimoo Duulaa waliin wal duraa nama rukutuu hin qaban. Tarsimoon Bu'uraa fi Duulaa lafa kaayyaman akka hundeetti gargaaranii toofticha kan sossooan tahuutti dabalee galii akeekame dhaqqabuuf qooda guddaa qabaatu.

## **Boqonnaa 8ffaa**

### **Diddaa Siyaasaan Hojjachuu**

Haala ummatni sodaa fi humna dhabuun itti dhaga'amu keessatti tarkaanfii jalqaba fudhatamu kan ofi irratti amantaa ijaaruu fi gaaga'ama xiqqeessu tahuu qaba. Fakkeenyaaf tarkaanfii kan akka uffata sirna dur itti uffatamu irraa geeddaranii uffachuu (uffata gurraacha), rifeensa mataa gam tokko haaddachuu faa yoo fudhatan ummata harkisee akka diddaa keessaa qooda fudhatan gochuu danda'a. Tarkaanfii siyaasaa hin taane faa fudhachuun ummata kakaasuuf ni gargaara. Warri diddaa qindeessan qabxii ummata biratti fudhatamu, kan didamuu hin dandeeye filachuu qabu. Sochii sassalphaa akkasiin jalqabuun ummatni akka humna qabu barsiisuu danda'a.

Abbaa irree battalatti kuffisuu akeekkatani ka'uu irra injifannoo xixiqqaa galmeessaa fi kuufataa yeroo dheeraa keessa kuffisuuf qiyyaafachuu wayya. Sochiin godhamu keessaa ummatni guutummaattu hirmaachuu qaba jedhanii yaaduun hin tahu.

Warru duula siyaasaa kana qindeessan wanneen jalqaba irratti, giddutti fi xumura irratti hojjatamuu qaban tartiiba isaa lafa kaa'uu qaban.

### **8.1 Diddaa filachuu**

Jalqaba qabsiichaa irratti akeeka addaaf rukutuuf sochii sanaaf tahu filuun bu'aa qaba. Sochiin akkasii yeroo filamu akka wal duraa duuba qabaatan godhuu dha. Sochiin gosti tokko ykn lama wal irra bu'uu ykn wal faana deemuu danda'u.

Yeroo diddaa filatan dhimma beekamaa tokkicha ykn miidhaa jiru keessaa kan ummata hundaatti dhaga'amu adda baasuu fi waan abbaa irree saaxilu irratti xiyyeeffachuu dha. Dhimmooti akkasii akeeka guddicha keessatti ilaalamanii itti qiyaafachuun bu'a qabeessa.

Akeeki tarsimoo giddu galeessaa kan humna dimokraatootaa ol hin taanee fi kan hojii irra ooluu danda'u tahuu qaba. Kana godhuun akka Injifannoolee xixiqqaa galma'ee hamilee ol kaasu, aangoon suuta akka geeddaramee harka ummataa seenuu godhuuf gargaara.

Diddaa yeroo filan dhimmota hawaasaa, dinagdee ykn siyaasaa keessaa warra beekamaa tahan irratti xiyyeeffachuu dha. Kana godhuun dhimma hawaasaa ykn siyaasaa keessa garii akka abbaan irree hin tohanne godha; wanneen abbaan irree tohataa jiru keessa garii akka ummatni harka galfatu dandeessisa. Diddaan yeroo filatamu qaama dadhabiinsa abbaa irree tokko ykn lamma irratti qiyaafachuun barbaachisaa dha. Yoo akkas tahe dimokraatoti humna murtaawaa qabaniin dhiibbaa cimaa geessisuu danda'u.

Jalqaba fincila sanaa irratti qindeessitooti tarsiimo isaa karoorsuu qaban. Akeeki duula diddaa kun maal? Akeeka guddicha bira gahuuf akkamitti gargaara? Yoo ni danda'ama tahe duula marsaa tokkoffaa, lammaffaa jedhamee lafa kaa'amuun ni gargaara. Fincilli karoorfamu masaka idilee lafa kaa'ame hogganamuun kaayyoo guddicha galmaan gahu irratti hojjachuu qaba.

## **8.2 Didhaa Agarsiisuu**

Duula haaraa aangoo abbaa irree tuffachuu yeroo jalqaban gaaffii siyaasaa kan akeeka murtaawa qabuun jalqabuu dha. Tarkaanfiin dura fudhatamu kun kan ummata hamilee kakaasuu tahee, qabsoo diddaa kan akka tumsa dhorchuu fi diddaa siyaasaa itti fufanii gaggeessuuf kan isaan qopheessu tahuu qaba.

Yeroo jalqabaa irratti tarkaanfiin diddaa fudhatamu kan itti fakkeessuu, yeroo gabaabaa tahuu danda'a. Yoo namooti didda kana irraa qooda fudhachuuf fedhii qaban xiqqaa tahe tarkaanfiin fudhatamu salphaa kan akka daraaraa awwala gootootaa ykn bakka beekamaa fi mul'ataa tahe irra kaa'uu faa tahuu danda'a. Yoo ammoo namooti qooda irraa fudhatan guddaa tahe ammas tarkaanfiin fudhatamu salpaa kan akka daqqiqaa shaniif sochii fi hojii dhaabu ykn daqqiqoota haga tokkof haasa'uu dhaabuu tahuu danda'a. Haala garii keessatti, namooti murtaawoon nyaata lagachuu, ifaa qabatani bakka beekamaatti wal gahuu, baratootii barnoota dhaabuu fi waajjira tokkotti seenanii qabachuun gad dhiisuu diduu faa taha. Abbaan irree tarkaanfiilee kana humnaan ukkaamsuutti seena.

Yeroo diddaa kana jalqaban masaraa abbaa irree ykn waajjira siyaasaa beekama duratti walitti qabamanii deemuu diduun balaa waan qabuuf tarkaanfii akkasii fudhachuun hin jajjabeeffamu.

Yeroo jalqabaa didhaa agarsiisuuf tarkaanfin hiriira guddaa bahuu faa ilaalcha addunyaa harkisuu danda'a. Fakkeenya bara 1988 keessa hirirri guddaan Burmaa keessatti bahame, bara 1989 Chaniya keessatti baratootii waltajjii Tiananman qabachuu dhaggeetti addunyaa isaanii

argamsiisee ture. Balaa guddaan fakkenyota kana lamaan irra gahee dimokraatooti osoo duula diddaa hin jalqabin karoora tarsimawe baafachuu akka qaban barnoota taha. Diddaalee akkasi agarsiisuun qorqalbii ummataa ol kaasuuf gargaara malee abbaa irree buqqisuu hin danda’u.

Qabsichi yeroo jalqabu battalumatti humna abbaa irree ciree kan hongeessu tahuu hin danda’u. Humna abbaa irree ciranii hongeessuun ummatni duran boquu gad qabatee bulu yeroo ajajamuu didu, tumsa dhorkatu , ummatni guutummaan itti fincilee, jaarmayaan mootummaa ajajamuufii yeroo didu duwaa dha. Haalli akkasii uumamuun salphaatti kan danda’amu miti. Duula diddaa yeroo jalqaban battalumatti ummatni mootummaa tumsa dhorkata, ka’ee irratti fincila jedhanii yaaduun dhugaa irraa fagaachuu taha.

### **8.3 Dirqama babal’isuu**

Yeroo duula diddaa jalqabamu dirqamni namoota murtaawoo ykn gartuu hawaasaa xiqqoo irra jira. Akka qabsichi babal’ateen ba’aan qabsoo murna hawaasaa gara garaatti qoodama. Fakkeenyaaf baratootti dhimma barnootaa irratti fincilu, hoggantooti amantii fi amantooti dhimma mirga amantii irratti duwaa irratti xiyyeeffatu, hojjatooti baabura hadiidaa irratti hojjatan of eegganno jabeessina jedhanii sochii qabbaneessu, gaazexeessitooti *sansurii* diduuf gaazexaa irraa fuula tokko faa duwaa baasu, ykn polisiin namoota qabi jedhaman qabuu dhiisa. Fincila diddaa siyaasaa fuula fuulaan akka gaggeeffamu godhuun gartuun hawaasaa tokko yeroo fincilu kaan akka hafuura fudhatu taasisa. Akka kanatti fincilli sun itti fufiinsa qabaata.

Diddaa filamuu gaggeessuun, jaarama hawaasaa, dinagdee, fi gartuu siyaasaa tohannoo abbaa irree jala turan harkaa baasee ummatni akka tohatu taasisa. Jaarama akkasii harka abbaa irree keessa baafachuun bu’u irratti of ijaaranii tohannoo abbaa irree itti of irraa ittisan taha. Abbaan irree kana hanqisuuf xiyyeeffate hojjata.

### **8.4 Aangoo Abbaa Irreetti Qiyaafachuu**

Akka qabsoon diddaa siyaasaa sadarkaa jalqabaa irra dabree jabaachaa dhufeen hoggantoti fincila akkaataa madda humna abbaa irree gu’aa deemu irratti xiyyeeffachu qaban. Ummatni walii galatti akka tumsa dhorkatu gochuu irratti hojjachuun dimokraatootaaf aanjaa gaarii uuma.

Humni dimokraatoota akka cimaa deemeen, hoggantooti daran karaa itti tumsa dhorkatan fi diddaa siyaasaa bal’isan irratti hojjachuu qabu. Kana gochuun humna abbaa irree huqqisaa deemee, karaa siyaasaa laamishaa’ee, maayii irratti bulchiinsi abbaa irree akka diigamu taasisa.

Deggarsaa fi gargaarsi ummatni abbaa irreef kennaa turee suuta hir’ataa akka deemu godhuuf of eeggannoo karoora baafachuu feesisa. Gochaa hammeenya abbaan irree raawwate saaxiluun deggersa ummatni godhuuf ni hir’isaa? Saamicha dinagdee abbaan irree raawwataa jiru ummatni akka beeku godhuun deggersa ni hir’isaa? Moo akka ummatni maalummaa abbaa irree beeku godhutu deggersa hir’isa? Ummatni deggersa al tokkotti dhaabuu dhaa yoo baate illee akka

shakkin itti seenee gar-lamee tahu godhun barbaachisaa dha. Akka ummatni sochii farra abbaa irree deggeru godhuun ammoo irra filatamaa dha.

Yeroo diddaa siyaasaa fi tumsa dhorkachuu karoorsanii fi hojii irra oolchan, deggertoota abbaa irree, gargaartoota isaa, paartii politikaa, humna polisii, birokraasii fi keessattu humna waraanaa isaa irratti xiyyeeffachuu fi hordofuun baayyisee barbaachisaa dha.

Qondaaloti humna waraanaa fi loltooti hagam tokko abbaa irreef amanamoo akka tahan gahaatti gamaggamuu feesisa. Gamaggama kana irraa ka'uun dimokraatooti qondaalotaa fi loltoota hawwachuuf haalli mijjataa tahuu fi dhiisu murteessuu irra gahuu danda'u. Loltoon gara gadii jiruu mufannaa adda addaa qabaatinaa? Qondaaloti fi loltoon sababa ilaalcha siyaasa, gosaa, waldhabii namtokkee irraa fi waan gara biraa irraa moggaatti dhiibamanii jiruu? Waan akkamiitu akka dimokraatooti qondaalotaa fi loltoota hawwatan isaan dandeessisa?

Yeroo dhuma qabsoo bilisummaa jalqaban waraanaa fi jaarmayaa abbaa irree qunnamuuf tarsiimoon diriirfamuu qaba. Humni dimokraatootaa humna waraana abbaa irree barreeffaman, mallattoon, fi gochaa dhaan fincilli gaggeeffamu galii isaa gahu malee kan of duuba hin deebine tahu beekuun barbaachisaa dha. Humni waraana abbaa irree qabsoon gaggeeffamu amala adda kan qabu, abbaa irree buqqisuuf malee jireenya isaaniif kan sodaachifne tahuu beeksifamuu qaban. Akka kanatti humna waraana abbaa irreetti dhihaachuu hamilee isaanii irratti dhiibbaa qabaata. Deemsa keessa ammoo gara finciltootaa akka goran godha. Mala fakkaataa dhaan humna polisaa fi hojjataa mootummaa irratti xiyyeeffatanii hojjachuu barbaachisa.

Humna waraanaa abbaa irree irraa mararfannoo argachuun, maayii irratti akka isaaf hin ajajamne godhuun akka humni waraanaa tarkaafii shaffisaa fudhatee abbaa irree humnaan buqqisu godhutti fudhatamuu hin qabu. Fonqolcha gaggeessuun sirna dimokraasii fida jedhani yaaduun hin tahu. Maaliif akka tahe amma dura irratti dubbatamee jira. Kanaaf qondaaloti waraanaa abbaa irree buqqisuuf fonqolchi mootummaa ykn lolli biyya keessaa (civil war) akka hin barbaachifne fi hin feesifne gahaatti hubachisuun barbaachisaa dha.

Qondaaloti waraanaa sochii dimokraatootaa mararfachuu ykn deggeruun qooda guddaa qaba. Yoo isaan fincila mararfatan ajaja hojii irra oolchuu dhiisu, waraanichi akka hamileen bu'u godhuu danda'u, akkasumas tarkaanfii cunqursaan fudhadhu jedhu fiixa baasuu didu. Qondaaloti waraanaa sochii dimokraasii odeesa, nyaata, qoricha kennuu fi karaa irra miliqan agarsiisuun qabsoo karaa nagaa godhamu gargaaruu danda'u.

Waraanni naamusaan bula waan taheef, meeshaas hidhatee qaba waan taheef abbaan irree humna kanatti dhimma bahee ummata isaaf ajajamuu dide rukutee adaba. Warri fincila diddaa siyaasaa qindeessan yoo humni waraanaa fi polisii, birokraasii fi tikni guutummaatti abbaa irreef amanamoo fi kan ajajaman tahan, abbaa irree buqqisuun guddisee rakkisaa taha. Hoggantooti dimokraasii dursa kan kennuufii qaban akka humni waraanaa abbaa irree isaaf hin ajajamne godhuu irratti hojjachuu dha.



Seeraa fi naamusi waraanaa jabaa waan taheef humna waraanaa fi polisii keessaa gartuun diddaa agarsiise adabamu mala. Adabni waraana ajaja didee ammoo ajjeesuu dha. Kanaaf dimokraatooti humni waraanaa ammuma akka fincilu gaafachu hin qaban. Daandii qunnamtii diriirfameen yeroo jalqabaa kanatti abboomamuu diduuf maloota danuun akka jiran itti hubachiisuu dha. Fakkeenyaaf humni polisii fi loltuu ajaja finciltoota rukutu itti dabru shaffisaan hojjachuu dhabuu, nama haa qabamu jedhame bakka jiru wallaalle jedhanii akka miliqu godhuu, finciltootaaf hidhaan, ukkamsaan akka jiru odeessa kennuu, odeessa barbaachisu dafanii ol hogganatti dabrsuu dhabuun mala ittin finciltoota gargaaranii dha. Qondaalli finciltootaaf naasuu qabu ammoo caasaa irraan ajaja ykn tarkaanfii fudhatamuu qabu osoo hin dabarsin hafa. Akkasumas hojjatoti mootummaa dosee barbaachisu dhabamsiisuun ni bade jedhu, garaa guutuun hin hojjatan, na dhukkuba jedhanii hojii irraa hafu. Akkas gochuun finciltoota gargaaruu danda'u.

## **8.5 Tarsiimoo Jijjiirrachuu**

Hoggantooti fincila siyaasaa, tarsimo guddichii fi duulli isa milkeessuuf godhamu akka wal fudhataniif yeroo hundaa haala gamaggamuu qaban. Qabsoon akka silaa barbaadametti deemuu dhiisuu ni mala. Haalli yeroo akkas tahu tarsiimoo keessaa isa kam akka jijjiirrachuun barbaachisu xiinxaluu feesisa. Maal yoo godhame humnaa fi hamilee finciltootaa jabeessaa fi cimsaa deemuun danda'ama? Haala akkasi keessatti waanti godhamu qabu: rakkoo jiru dafanii adda baafachu, xiinxala bilchataa godhachuu, dirqama namootaa geeddaruu, humna haaraa itti dabaluu, daandii qabsoo itti godhan gara biraa faluu taha. Erga sakkatta'aa fi jijjiirraa kana godhame karoorri bahu dafee hojii irra ooluu qaba.

Gama kaaniin ammoo qabsichi furga'ee, abbaan irree yeroo tilmaamame dura gara kufaatiin deemaa jira yoo tahe, maal yoo godhan dimokraatooti injifannoo argame jabeeffachaa diigamu abbaa irree xumuran gahu? Deebii gaaffii kanaa boqonnaa itti aanu keessatti ilaalla.

## **Boqonnaa 9ffaa**

### **Sirna Abbaa Irree Caccabsuu**

Didnaan siyaasaa xixxiqan walitti kuufamanii milkii yeroo galmeessan, hawaasi hamilee horateen humni isaa jabaatee akka abbaan irree tohachuu hin dandeenya taasisa. Duula diddaa kana irraa akkamitti akka tumsa dhorkatani fi fincila finiinsan muuxannoon argama. Muuxannoon akkasitti argamu tarkaanfii isa maayii ummatni walii galatti fudhatuuf gudda gargaara.

Akka boqonnaa sadaffaa keessatti ibsame abbaan irree humna qabeessa tahuuf ummatni ajajamuufii, tumsa kennuufii fi tole jedhee buluufii qaba. Abbootiin irree madda aangoo isaanii kana yoo hin qaban tahe dadhabanii dhuma irratti diigamu. Kanaaf, deggersa dhorkachuun abbaa

irree caccabsuuf qabxii isa baayyee jabaa dha. Yoo barbaachisaa tahe, akkaataa diddaan siyaasaa madda aangoo abbaa irree soofu irra deebi'anii ilaalu dha.

Aangoo karaa siyaasaa fi seeraa abbaan irree ummata irratti qabu sharafuun kan jalqabamu ajajamuu diduudhaan taha. Ummata biraa deggersii fi abbomamuun abbaan irree qabu yoo guddaa tahe aangoon isaas akkasuma jabaa fi cimaa taha. Diddaan moralaa tarkaanfii dhaan yeroo mul'atu jireenya abbaa irref gudda sodaachisa. Tumsaa dhorkachuu fi ajajamuu diduun madda aangoo abbaa irree guddaa dadhabsiisa.

Maddi aangoo jabaan gara biraan dhala-namaa ti. Kunis baayyinaa fi ayinaa namoota ykn gartuulee abbaa irreef hojjatan, tumsan, abboomamanii fi gargaaranii dha. Yoo ummata keessaa namootii baayyee tumsa dhorkatan mootummaan sun rakkoo guddaa keessa seena. Fakkeenyaaf yoo hojjattooti mootummaa hamileen guutummaatti hin hojjataman tahe, yoo hojii dhaquu dhiisani mana oolan, caasaan bulchiinsaa ni jeeqama.

Akkasumas yoo namooti ykn gartuuleen tumsa dhorkatan warra hojii ogoomte hojjatan tahe abbaan irree guddisee laaffata. Dandeettiin murtii bilchaataa dabarsuu fi imaammata baasanii hojii irra oolu ni xiqqaata.

Yoo dhiibbaan karaa qorqalbii fi idolojii kannen akka ummatni abboomamuu fi mootummaa akka deggeran godhan laaffate, ummatni daran akka diduu fi tumsa dhorkatu hamilee jabeessa.

Abbaan irree qabeenya biyyaa harkaa qabaachuun humna isaa ni jabeessa. Yoo maddi maallaqaa, sirni dinagdee, qabeenyi uumamaa, geejjibaa, fi wal qunnamtii tohannoo abbaa irree jalaa bahani haga tokko harka mormitootaa galan, maddi aangoo abbaa irree hafan kaan illee ni dadhabu, salphaatti bakkaa ka'u. Hojii dhaabuu, finciluu fi dinagdee, qunnamtii fi geejjiba haga tokko tohannoo jalaa baasuun mootummaa sana ni dadhabsiisa.

Akkuma amma dura ibsame, hundeen aangoo abbaa irree warra isa irratti fincilanii ajajamuufii didan sodaachisuu, hidhuu fi adabuu danda'uu isaa ti. Maddi aangoo isaa kun karaa lama dadhabsiifamuu danda'a. Tokkoffan, yoo ummatni sababa finciluu isaattin gaaga'ama irra gahu fudhachuuf of qopheesse, akeeki abbaan irree ummata humnaan rukutee fi sodaachisee jilbeeffachisuu ni fashala. Lammaffaa, yoo humni waraanaa fi polisii finciltootaaf mararfannoo agarsiisan, akka namtokkeetti ykn gartuu dhaan ajaja finciltoota rukuti, itti dhukaasi, ajjeesi fi hidhi jedhu hojii irra oolchuu didanii dha. Yoo humni waraanaa fi polisii abbooti irree ajaja ummata irratti tarkaanfii fudhachuu hojii irra oolchuu didan, abbaan irree haala hamaa keessa jira jechuu dha.

Xumuruudhaaf, aangoo fi dandeetii abbaa irree jabaa laaffisuu fi bakkaa kaasuuf, tumsa dhorkachuu fi diddaa wal irraa hin citne godhuu gaafata. Abbaan irree madda aangoo isaa sharafamaa jiruu bakkatti deebifachuu hin danda'u yoo tahe ni laaffata, maayii irratti caccabee unkutaawa. Kanaaf, warri fincila ummata hogganan yoo qaroo tahan madda aangoo abbaa irree gogsuu irratti qiyaafatanii hojjatu.

## 9.1 Bilisummaa Babal'isuu

Didnaan siyaasaa jalqabame; fi dhaabbileen hawaasummaa, dinagdee, aadaa fi siyaasaa akka jabaataa fi walaba tahun walitti kuufamee dimokraasii bal'isaa, tohannoo abbaan irree godhu shuntursu. Akka dhaabbileen hawaasaa jabaataa deemaniin waanti abbaan irree fedhu laaffataa deemu; ummatni tohannoo abbaa irree jalaa bahaa deema. Bilisummaa babal'ataa deemu kana abbaan irree ugguruu yoo yaale, ummatni qabsoo karaa nagaa godhu finiinsuun injifannoolee argame ittisa, kun ammoo abbaa irree irratti qabsoo haaraa kaasa ykn kan jiru jabeessa.

Injifannoo argame jabeessuu fi dhaabbilee barbaachisan ijaaraa deemuun bilisummaan akka hin hafne dursee labsa. Kufaatiin abbaa irree kan hin hafne taha. Medaalli aangoo hawaasa keessa jiru waan geeddaramaaf sirni dimokraasii gad dhaabbachuun kan of duuba hin fonqolchamne taha.

Kanaaf fakkeenya gaarii kan tahu bara 1970ta fi 1980ta keessa biyya Poland keessatti diddaa ummatatiin injifannoo argamee dha. Waldaan KIRSTAANA KATOLIKII GUDDAA arihatamu illee warra komunistiif jilbeenfatee tohannoo isaanii jala galee hin beeku. Bara 1976 keessa hojjattootii fi beektooti gartuu xiqqoo Koree Ittisa Hojjattootaa (Workers Defense Committee) jedhamu dhaabaniif politikaa barsiisuu fi babal'isuu eegalan. Jaarmayaan *“The Solidarity Trade Union”* jedhamu ammoo bara 1980 seeraan beekame. Qotee bulaan, barattooti, fi gartuuleen hawaasaa kaan jaarmayaa walaba mataa isaani dhaabbatan. Warri komunistii gartuuleen kun ijaaramuu oggaa hubatan, bu'urri aangoo geeddaramuu isaa arganii jaarmayaa “Solidarity” seeraan dhorkani seera waraanan biyya bulchan.

Bulchiinsa seera waraanaa (martial law) jalatti hidhaa fi arihatamuu guddaan irra gahu illee jaarmayooti hawaasuu dalaguu itti fufan. Fakkeenyaaf gaazixaalee fi barruuleen adda addaa dhoksaan maxxanfamuu itti fufan. Manni maxxansaa kitaabotaa dhoksaan hojjatan kitaabota dhibbootaan lakkaawamu maxxansanii baasan. Barreessitooti beekamoon barruu warra komunistii irratti barreessuu fi mana maxxansaa isaanitti dhimma bahuu lagatan. Sochii fakkaataan hawaasa keessatti itti fufe.

Mootummaa waraanaa Jaruselski jalatti, hawaasa mataa irra malee keessa akka hin seennetti ibsamaa ture. Qondaaloti mootummaa wajjira ni seenu. Mootummichi tarkaanfiilee akka hidhuu, ukkaamsuu, mana maxxansaa cufuu, fi kkf fudhatu illee abbaan irree sun hawaasicha tohachuu hin dandeenye. Ficinillii fi diddaan ummataa sadarkaa sana irra oggaa gahe, kufaatiin abbaa irree guyyaa lakkawata malee kan xumurame tahe.

Osuma abbaan irree barcuma bulchiinsa mootummaa irra jiruu, cinaa isaatti mootummaa dimokraatawaa dhaabuun ni danda'ama. Kun tahuun, dorgommii ummatni mootummaa isa kamiif akka amanamu, deggeruu fi tumsu dhalcha. Akkuma bubbuluun abbaan irree ulaagaalee mootummaa isa taasiisu dhabaa deema. Dhuma irratti mootummaan dimokraatotaa kan cinaan hojjatu guutummaatti bakka abbaa irree fudhate gara sirna dimokraasitti cehama. Yeroo cehumsaa kana heerri biyyaa wixinamuu fi filmaati gaggeeffamuutu dalagama.

## **9.2 Abbaa Irrummaa Caccabsuu/Unkuteessuu**

Yeroo ijaarsi hawaasaa jijjiramaa jiru kanatti diddaa fi tumsa dhorkachuun finiinuu danda'a. Hoggantoti humnoota dimokraasii jalqaba irraa kan mataatti qabachuu qaban, yeroon itti diddaan dhimma filame irratti godhamu irraa gara diddaa walii galaa kan ummata hundaa hirmaachisu akka dhufuu dha. Diddaa walii galaa kana uumuu, ijaaruu, fi bal'isuu dhaaf yeroo akka fudhatu beekamuu qaba. Waggooti dheeraa illee gaafachuu mala. Haga diddaa isa dhumaa gahamutti, duula diddaa akeeka siyaasaa beekamaa tokkof qindeeffamu qaba. Ummatni sadarkaa hundaa jiruu, lakkobsa guddaa dhaan, keessaa hirmaachuu qaba. Diddan ykn fincilli kun murannoo fi naamusa cimaan yoo finiine, dadhabiinsi abbaa irrumaa salphaatti dirree baha.

Diddaan siyaasaa cimaa fi dhaabbileen hawaasaa walabni jiraachuun walitti eda'amanii humnoota dimokraasiiif akka hawaasa addunyaa biratti dhaggeetti argatan taasisu. Akkuma Poland keessatti tahe, hawaasi fi diplomaattooti addunyaa mootummaa sana abaaruu, lagachuu fi wixii irra kaa'uu jalqabu.

Hoggantooti diddaa ummataa abbaan irree battalatti kufuu akka danda'u sammuu keessaa qabaachuu qaban. Haalli akkasi bara 1989 Jarmanii Bahaa keessatti tahee jira. Haalli akkas kan tahuu danda'u yeroo ummatni guutummaatti tumsuu didee, aangoon abbaa irree hundee dhaan gu'uu dha. Haalli akkasi yeroo hundaa kan hin argamne tahu illee karoora yeroo dheeraa qabsoof karoorfamu keessa galchuun barbaachisaa dha. Kunis itti qophaa'uuf nama gargaara.

Yeroo bilisummaaf qabsoo godhan injifannoon waanuma xiqqaa tokko irratti yeroo galmaa'u ayyaanefachuu fi gammaduun barbaachisaa dha. Warri injifannoo sana galmeessan badhaafamuu qabu. Ayyaanefachuun godhamu qabso fuuldura jiru akka hin irraanfachiifnetti of eeggannon tahuu qaba.

## **9.3 Injifannoo fi milkii sirnaan qabu**

Warri tarsimo guddicha karoorsan, akka abbaan irree gara biraan hin dhalanneetti, qabsoon sun mikiin xumuramee, sirni dimokraasii gad dhaabbuuf iggitti kan jedhan dursanii tilmaamuu qaban.

Xumura qabsichaa irratti, dimoktaatooti akkaataa abbaa irrummaa irraa gara mootummaa yerootti cehamu itti qabamu irratti dursanii itti yaaduu qaban. Mootummaa haaraa hojjatu daddaffin ijaaruu irratti hojjachuu barbaachisa. Mootummaa duraani kan namooti haaraan itti geeddaraman tahuu hin qabu. Caasaa mootummaa keessaa qaama kam akka diigamuu qabuu fi qaamni kam akka turfamuu qabu dursanii herreguu feesisa. Fakkeenya caasaan polisii kan farra dimokraasii tahe battalatti diigamuu qaba. Caasaa mootummaa guutummaatti diiguun jeequmsa hin barbaachifne uuma, ykn abbaan irree haaraan akka as bahuuf karaa saaqa.

Mootummaan abbaa irree oggaa kufu qondaalota isaa maal goona kan jedhu irratti dursanii yaada qabaachu feesisa. Fakkeenyaaf abbootiin irree fuula abbootii seeratti dhihaachuu qabuu?

Akka biyyaa bahaniif ni eeyyamamaa? Injifannoo booda biyyicha deebisanii ijaaru fi dimokraasii gad dhaabuuf akeeka diddaa sana osoo hin faalleessine malli adda addaa maaltu jiraa? Dhiiga dhangalaasuun tasumaa hin barbaachisu. Kun sirna dimokraasii gad dhaabbatuuf jirutti gufuu guddaa taha.

Yeroo abbaan irree dadhabuu fi caccaabuu jalqabu karoorri ifaan akkaataa gara sirna dimokraasitti itti cehan lafa jiraachuu qaba. Karoorri akkasii jiraachuu gartuun gara biraa fonqolchaan akka aangoo mootummaa hin qabanne dhorka. Sirna mootumaa dimokraatawaa heera irratti hundawe kan mirga siyaasaa fi namtokkee kabaju gad dhaabuuf karoorri qophaawuu barbaachisaa dha. Injifannoon wareegama guddaan argame karoora dhabuu dhaan akka hin fashallee godhuu feesisa.

Abbootiin irree ummata aangawee fi jaarmayaa dimokrasii jabaate, kan ofii tohachuu hin dandeenye oggaa argan barri isaanii akka dhumatetti fudhatu. Ummatni baayyinaan bahee diddaa ogaa agarsiisu, hojii dhaabu, manaa bahuu didu, hiriira diddaa guddaa bahu, fi tarkaanfiilee diddaa fakkaataa fudhatu caasaa fi jaarmayaa abbaa irre akka hin hojjanne taasisa. Diddaa fi tumsa dhorkachuu bilchinaan qindaawe kun yeroo dheerina keessa abbaa irree humna dhorkatee dimokraatooti qabsoo karaa nagaan akka injifatan taasisa. Abbaan irrummaa fuula ummata dideetti caccabee unkutaawa.

Qabsoon akkasii yeroo garii hin milkaawu taha. Yokaan salphaatti hin tahu. Yokaan dafee hintahu. Kan yaadatamuu qabu lola injifannoon xumuramee kan kufantu danata. Haata'u malee, diddaan siyaasa carraa injifannoo fi milkiin xumuramuu ni qaba. Carraan sun gabbifamuu fi cimuu kan danda'u, akkuma amma dura ibsame, qaroominaan tarsimoo guddicha lafa kaa'u, karoora tarsimawe baafachuu, jabina, naamusa cimaa fi abdi guutuun gootumaan hojjachuu barbaachisa.

## **Boqonnaa 10ffaa**

### **Dimokraasii Gad Dhaabuuf Hojii Durfamuu Qabu**

Abbaan Irrummaa diigamuun gammachuu guddaan kan ayyaanefatamuu dha. Ummatni yeroo dheeraaf dararamaa turee fi wareegama guddan qabsoo godhe injifate yeroo itti gammaduu, bashannannuu fi walii kuudhuu dha. Warri qabsoo godhe injifannoo siyaasaa galmeesse fi ummatni bal'aan ofitti boonuu qaba. Warri qabsoo godhe hundi lubbuun jiraatee guyyaa kana hin argu. Warri wareegamee fi lubbuun jiran hundi, gootota seenaa jijjiiranii bilisummaa fidan jedhamanii yaadatamu.

Akkanas tahee ammoo yeroo of eeggannoo laaffisan miti. Diddaa siyaasaatiin abbaa irrumaa diiguun injifannoon argame nama daguu hin qabu. Kufaatii abbaa irree booda jeequmsa dhalatuun mootummaan cunqursaa haaraan akka hin dhalannef of eeggannoo cimaa godhutu barbaachisa. Hoggantooti fincilaa sun dursanii cehumsi gara dimokraasi haala tasgabba'en akka tahuuf of

qopheessuu qaban. Caasaaleen abbaa irruummaa diigamuu qaban. Dimokraasii cimaa ijaaruu fi heera fi seera irratti hunda'an caasaa tolchuu feesisa.

Abbaan irree akkuma kufeen battaluma sanatti hawaasi gara dimokraasitti dhibdee tokko malee ceha jedhani amanuun hin tahu. Abbaan irree caccabee unkutaa'uu jalqaba malee dhuma miti. Itti aansee fedhii namootaa fi hawaasa jijjiiruuf bilisummaa argametti dhimma bahanii yeroo dheeraaf hojjachuu gaafata. Rakkoon siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa cimaan yeroo dheeraaf itti fufa. Rakkoo kana buqqisuuf tumsaa fi hirmannaa ummataa fi gartuulee adda addaa gaafata. Sirni siyaasaa haaraa diriiraa jiru, namooti ilaalcha garagaraa qaban biyya ijaaru fi imaammata dagaaginaa diriirsuu keessatti carraa akka qabaatan godhuu qaba.

### **10.1 Sodaa Abbaa Irree Haaraa**

Aristotle bara dheeraan dura “ cunqursaan tokko cunqursaa gara biraatti geeddarama” jedhe jira. Seenaa addunyaa keessaa mootummaan cunqursaan tokko kufee namooti garii fi gartuuleen carraa dhalatetti dhimma bahanii yeroo aangootti ol bahanii gooftaa haaraa tahan kan akka biyya Farnsaa (Jacobins fi Napoleon), Iraan (Ayatollah), Burma (SLORC), keessatti tahe ragaa guddaa dha. Fedhii fi hawwiin gooftoota haaraa adda adda tahuu mala. Garuu itti bahi isaa tokkuma. Abbootiin irree haaraan isa duraan ture caalaatti hammenyaa fi tohannoon gadhee tahuu danda'u.

Osoo abbaan irree hin kufin, miseensoti sirna isaa, qabsoon dimokraasiif godhamu akka fiixa hin baaneef fonqolcha gaggeessun gufachiisuu yaaluu malu. Fonqolcha kanaan abbaa irree buufne jedhani labsu, garuu sirnuma isaa haaromsanii itti fufuu barbaadu.

### **10.2 Fonqolcha Ittisuu**

Sirna haaraa gad dhaabbataa jiru fonqolchuuf yaali godhamu karaan itti ittisan ni jira. Akkaataa ittisa itti godhan irratti beekumsa qabaachuun akka fonqolchi hin kaane ni hanqisa. Qophii jalqabuun iyyuu ittisa taha.

Akkuma fonqolcha gaggeessaniin, warri mootummaa fonqolche sun, bulchiinsa itti fufuuf beekumsa argachuu barbaadu. Tarkaanfii farra fonqolchaa inni duraa warra fonqolcha gaggeesseef beekumsa dhorkachuu dha.

Warri mootumma garagalche sun ummatni akka isaan deggeru, ykn waan godhu wallaalee jaanja'ee harka maratee akka taa'u barbaadu. Warri mootummaa fonqolche tohannoo isaani cimsuuf warri oggeeyyotaa, birokraatootaa, hojjattoota mootummaa, bulchitoota, fi abbootii seeraa isa gargaaranii hawaasicha akka qabbaneessaniif barbaadu. Warri mootummaa garagalche, namooti baayyeen sirna siyaasaa, dinagdee, polisii, fi humna waraanaa keessa jiran akka cal'isani harka kennanii, sochii osoo hin goone, sirnaa fi ajaja fonqolchitooti baasan fudhatanii, hojii isaanii guyyu guyyaa itti fufan barbaadu.

Fonqolcha ittisuuf tarkaanfiin lammaffaan diddaa tumsa dhorkaachuu fi finciluu dha. Tumsaa fi gargaarsa jarri barbaadan kennuu diduu dha. Tooftaa fi malli abbaa irree kuffisuuf dhimma itti

bahame, warra fonqolcha mootummaa gaggeesse irratti daddaffiin dhimma bahamuu qaba. Yoo beekumsii fi tumsi dhorkatame fonqolchi sun deggersa siyaasaa agabee du'uu danda'a. Akeeki hawaasa dimokraatawaa dhaabuu bakkatti deebi'a.

### **10.3 Heera Mootummaa Wixinuu**

Sirni dimokraatawaa haaraan, heera caasaa mootummaa dimokraatawaa utubuu fi diriirsu qabaachuu qaba. Heerri; akeeka mootummaa maal akka tahe, aangoo mootummaa haga eessaa akka tahe, qondaaloti mootummaa yoom fi akkamitti akka filaman, mirga bu'uraa ummatni qabu maal akka tahe, hariiroo qaamota mootummaa olii fi gadii jiru, ifa taasiisu qaba.

Mootummaan waaltan yoo akka dimokraatawaa tahu fedhame, aangoon qaama mootummaa Hojii Raawwachiftuu, Seera-tumeessaa fi Seera-ilaali adda qoodamee ifa tahee beekamuu fi taa'u qaba. Polisiin, tiknii fi humni waraanaa dhimma siyaasaa keessa akka hin seenne uggurri jabaan godhamuu qaba.

Sirna dimokraasii sana jabeessuuf, bulchiinsi abbaa irree akka hin deebine godhuuf, heerri tumamu sirna federaalaa hordofee, aangoo mootumma waaltaa, godinaa fi gad-jaleetti kan qoodu tahuun barbaachisaa dha. Haala garii keessatti fakkeenya biyya Swiss kan aangoo guddaa qaama isa gad-jalee dhaa kennu, garuu akka biyyatti kan hojjatu hordofuun ni danda'ama.

Seenaa biyya sanaa keessati, heerri aangoolee olitti tuqaman qabu yo amma dura jira tahe, sanuma fudhatanii, bakka wayyeessuu barbaachisu wayyeessanii, ittin hojjachuun fafa hin qabu. Yoo heerri gaariin amma dura hin jiruu tahe, heera yeroo cehumsaa tolchuu dha. Kanaa achi heera haaraa qopheessuu feesisa. Heera haaraa qopheessuun yeroo fudhata, itti yaaduu guddaas gaafata. Ummatni heera haaraa qopheessuu irraa hirmaatee yaada akka itti kennatu godhuunis barbaachisaa dha. Yeroo heera wixinan abdiin bor hojii irra olchuuf nama rakkisu akka itti hin galle of eeggannoo guddaa godhuu feesisa. Akkasumas aangoo heeraa kan mootummaa baayee waaltomeen malee dalagaa irra hin oolle keessa galchuun abbaa irree haaraa maddisisuutti gumachuu danda'a.

Heerri kun jechoota salphaa ummataaf galuu danda'uun barreeffamuu qaba. Heerri baayyee xaxaa, hiikkaan isaa kan hin ifne, kan namooti seeraa malee kaan beekuu hin dandeenye tahuu hin qabu.

### **10.4 Imaammata Ittisa Biyyaa Dimokraatawaa**

Biyyi qabsoo dhaan bilisome humna alaan weeraramuu danda'a. Humni alaa karaa dinagdee, siyaasaa ykn waraanaa biyyicha tohannoo isa jala galchuuf tattaafachu ni mala. Kun biyya reef bilisomeef baayyee sodachisaa dha.

Sirna dimokraasii lafaa ka'aa jiru jabeeffachuuf, ittisa biyyaatiif kaayyoo diddaa siyaasaa bu'ura tahetti dhimma bahun ni barbaachisa. Ummatni akka biyya ittisuuf ijaaruu malee humna

waraanaa guddaa, kan baasii guddaa gaafatuu fi sirna dimokraasiif yaaddeessa tahuu malu ijaaruun hin barbaachisu.

Gartuuleen garii, heera biyyaa irra ejjetanii, akeeka abbaa irree haaraa tahuu tarkaanfachiisuu danda'u. Kanaaf ummatni yeroo hundaa qabsoo diddaa siyaasaa fi tumsa dhorkachuutti dhimma bahee dimokraasii ijaaraa jiru tikfachuu fi warra abbaa irree tahuuf abjootan of irraa ittisuu qaba.

### **10.5 Diqama ykn gaafatama Kabajaa gonfachiisu**

Akeeki qabsoon karaa nagaa godhamu, abbaa irree dadhabsiisee bakkaa kaasuu duwwaa osoo hin taane, cunqurfamoota aangoo gofachiisuu dha. Qabsoon kun ummata duraan humna hin qabne, bulchitooti akka barbaadan godhan bilisoomsee, aangoo kennuufii dhaan akka bilisummaan jiraatan taasisa. Qabsoo keessatti muxannoon argataniin ummatni duraan dadhabaa kan humna hin qabne, qorqalbiin isaa geeddaramee, of irratti amantii horatee, dandeettii isaan hojjachuu akka danda'u isa barsiisa.

Bu'aan yeroo dheeraa, mootummaa dimokraatawaa utubuuf qabsoo karaa nagaa godhamu qabu, ummatni rakkoollee jiran fi gara fuulduraa isa qunnaman irratti itti fufiinsaan qabsaawuu isa dandeessisa. Rakkoolen kun afoollummaa, aangoo mootummaatti garmalee dhimma bahuu, gartuun sirnaa ala dalaguu, miidhaa dinagdee, mirga siyaasaa xiqqeessuu faa tahuu danda'a. Ummatni muxannoo diddaa siyaasaa qabu calaqqinsa abbaa irree deebisuu barbaadu dura dhaabbachuuf hin rakkatu.

Bilisummaa booddee iyyuu akkaataa qabsoo karaa godhan beekuun dimokraasi, mirga namoomaa, mirga murna bicuu akka hin tuqamne tiksuu fi dhaabbileen godinaa, biyyaa, mootumma gad-jalee fi miti-mootummaa akka tikfaman godhuuf ni gargaara. Mala qabsoo itti godhan kana beekuun ummata keessaa gartuun tokko ka'ee qabsoo riphee lolaa ykn tarkaanfii shororkeessuu fudhachuu jalqabe illee rakkinicha karaa nagaa furuuf ni gargaara.

Diddaa siyaasaa ykn qabsoo karaa nagaa gaggeessuu yeroo qorannu cunqursaa abbaa irree kaasuuf duwwaa osoo hin taane sirna dimokraasii amansiisaa kan mirgoota bu'uraa kabajuu fi bilisummaa raggaasee hawaasa haaromsuu fiduuf kan gargaaru tahuu isaa ti.

Asitti xumura qabxii sadii qabu irra gahuutu danda'ama:

- Bulchiinsa abbaa irrummaa jalaa bilisa baasa;
- Kana milkeessuuf of eeggannoon itti yaaduu fi karoora tarsimawe karoorsuu gaafata;
- Qabsoo dammaqiinsa, jabaatanii hojjachuu fi naamusa jabaa qabu fi wareegama qaalii kaffalchiisuu gaggeessuu gaafata;



Jechi “bilisummaan tolatti hin dhufu” yeroo baayyee jedhamu dhugaa dha. Ummata cunqurfameef humna alaa dhufee bilisummaa gonfachuu hin jiru. Ummatni akkaataa itti bilisummaa sana argatu ofii isaa beekuu qaba. Kun ammoo salphaa hin tahu.

Yoo ummatni bilisummaaf wareegama barbaachisu hundaa kaffaluuf murteeffate, daandii isaa hamaa, qabsoon isaa hadhaawaa tahu illee bilisummaa barbaadu ofii isaa gonfachuu ni danda’a. Yeroo akkas tahu sirna dimokraasii dammaqinaan ijaara, ittisa godhuufis of qopheessa. Kunis ummata cichaa fi murataa sirna isaa tiksuu fi guddisuun argama.

# Sutaa (*Appendix*)

Maloota Diddaa Karaa Nagaa (nonviolent)

Maloota Fincila Karaa Nagaa fi Amansiisuu

Ibsa adda addaa

1. Waltajjiitti Hasawa godhuu
2. Xalayaa mormii ykn deggersaa
3. Labsii jaarmiyotaa fi dhaabbilee
4. Yaada ummataa mallattoodhaan deggeramee funaaname
5. Balaaleffata himatnaa mootummaan ummata irratti dhiheessuu
6. Gartuu ykn ummatni bal'aan himannaa dhiheessuu

Daawwatoota Baayyee waliin hariiroo ummachuu

7. Dhaadannoolee, fakkoolee raajamanii fi mallattoolee adda addaa mormii mul'isan fannisuu
8. Dhaadannoo wuccu irratti katabame fannisuu, laalimee (*poster*) fi do'ii diddaa adda addaa
9. Waraqaa facaatu, Kitaabbilee fi kitaabban waa'ee mormii fi diddaa mul'isan facaasuu
10. Gaazexootaa fi barruulee
11. Waraabbii galmee diddaa, raadiyoo fi Televizyina
12. Samii fi dachee gubbaatti, utubaa fi bantii manaa irratti dhaadannoo barreessuu fi fannisuu

Gartuulee bakka bu'uu

13. Bakka bu'iinsa
14. Badhaasa baacoo ykn qoosaa – *diddaa fi mormii ittiin mul'isan*
15. Gartuulee hawwachuu, mooqsuu, shooshiluu fi ofitti qabachuu
16. Naannoo ofii tiksuu fi to'achuu – *Akka mootummaan balaa ummata irraan hin geenyeef dammaqanii naannoo ofii tiksachuu*
17. Filmaata baacoo fi qoosaa – *Baacoo mootummaa abbaa-irree irratti ittiin qoosan garuu ummataaf barmoota dabarsu*

## Mallattoolee Tarkaanfii Ummataa ibsan

18. Alaabaa fi halluu adda addaa mormii mul'isan fannisuu
19. Asxaalee fi mallattoolee mormii ibsan uffachuu
20. Kadhannaa fi lallabbii manneen kadhannaa amantiitti taasisuu
21. Mallattoolee mi'oota gargaraa bakka bakkatti harcaasuu
22. Uffata of irraa yaasuun (qullaa of dhaabuudhaan – *fknf; qomee of irraa yaasuudhaa* - mormii agarsiisuu
23. 23. Qabeenyaa ofii akka mootummichi dhimma itti hin baane dhorkachuu – Fkn dhabamsiisuu ykn barbadeessuufaadhaa
24. Ibsaa (ifa) diddaa mul'isu bobbobeessuu (*decoration*) – fkn ibsaa calaaqqee barreessama mormii qaban bakka bakkatti qaabsiisuufaa
25. Fakkoolee diddaa mul'isan bakka bakkatti fafannisuu
26. Fakkoo diddaa agarsiisan bakka mumul'atanitti kaasuu ykn diddibuu
27. Maqaa fi moggaasa mootummaan dhimma itti bahu irraa adda tahe babaasuu
28. Qooqa fakkii adda addaa (*symbolic sounds*) mormii mul'isan uummachuu
29. Fakkii (*symbolic*) mootummaa yaadessu babbasuu
30. Abbootii taayitaa mootummaa (*akka matayyaatti - individuals*) duchiisuu, aarsuu fi gochaa isaanii ummata biratti saaxiluu

## Dhiibbaa Akka nam-tokkeetti

31. Abbootii taayitaa ija jibbaa fi cigoon ilaaluu
32. Abbootii taayitaa tuffachuu fi arraba qisuu (*taunting*)
33. Namoota abbootii taayitaa jibban waliin firummaa jabeessuu
34. Bakka beekamaatti bahanii ibsaa qabsiifatanii taa'uu, eegumsa godhu

## Diraamaa fi Muziqaa

35. Qoosaa, baaltii fi xaba cabsaa (*hamilee abbootii taayitaa cabsufaa*)
36. Do'ii fi agarsiisa adda addaa taasisuu – Guyyaa ayyaanefataa fi kabajamnaatti diddaa ummata daddammaqsuu – vigils
37. Faaruu fi wallee mormii dhageessisuu – bakkayyutti babal'isuu

## Hiriira

38. Jigiin (tuutaan) deemuu – Daandii guutanii yaa'uu k.k.f
39. Hiriiraan (toora galanii) karaa irra yaa'uu
40. Hiriira ayyaanefata amantii fakkeessuudhaan ummatni akka daandii irra yaa'uu taasisuu – itti qabata amantii fakkeessanii hiriira bahuu

41. Amantootni imala bahuu – Naannoo irraa fagaatanii akka dhageettii horatutti imala deemuufaa
42. Naannoo mijjatutti Konkolaattota hedduminaan akka daandii cufanii bifa hiriiraan bahan taasisuu –(Deliberate Traffic junction)

### **Wareegamtoota Yaadachuu**

43. Gadda siyaasummaa of keessaa qabu taa'uu
44. Yaa'ii gaddaa -bifa mareetiin – ummta yaasanii mariyachiisuu ykn gaggeessachuu
45. Bifa fakkeessaa qabuun awwaalcha gaddaa fi mormii of keessaa qabu gaggeessuu – Gadduu fi wawwaachuu irra bifa dheekkamsaa fi dhadannootiin awwaaluu
46. Awwaala wareegamtoota biratti tuutaan yaa'anii yaadachuu fi yaadannoo adda addaa awwaalatti irkisuu

### **Wal-gahii ummataa**

47. Yaa'ii deggersaa ykn mormii ummataa taasisuu
48. Wal-gahii diddaa – waltajjii mormiin ummataa itti dhageessifamu qopheessuu
49. Wal-gahii mormii bir'achiisaa fi naasisaa tahe ooffachuu
50. Walghii lallabbii, maree fi wal barsiisuu gaggeessachuu

### **Gad-dhiisuu fi Haaluu/Abaaruu**

51. Dhiisanii ykn dhiitanii bahuu – fkn walgahii yaamame
52. Duraa Callisuu
53. Kabajaa dhorkachuu – Saphlisuu
54. Fuula irraa deebisuu – Dugda itti gatuufaa

### **Maloota tumsa gamtaa dhorkachuu**

#### **Nam-tokkee halabuu**

55. Gamtaadhaan lagachuu
56. Gamtaan lagachuu filatame gaggeessuu
57. Lysistratic nonaction
58. Hawaasa keessaa baasuu,
59. Dhorkannaa (interdict)

## **Qophiilee, dhaabbilee fi tattahiinsa adda addaa tumsuu diduu**

60. Sochii gamtaa fi sportii irraa qooda fudhachuu diduu
61. Haajota gamtaa mootummaan qopheessu lagachuu
62. Hiriira Diddaa Bartootaa qopheessuu
63. Gamtaadhaan ajajamuu diduu mul'ifachuu
64. Miseensummaa Dhaabbilee gamtaa dhiisuu

## **Sirna Gamtaa Keessaa Bahuu**

65. Mana ooluu ykn taa'uu
66. Gargaarsa akka nam-tokkootti gumaachan dhaabuu ykn dhiisuu
67. Dalagaa (hujii) irraa ooluu, fagaachuu fi sababoota funaananii dhiisanii irraa deemuufaa
68. Mata mataatti dhokachuu, miliquu fi hin jiru jedhanii dhaamuufaa
69. Akka gartuutti wal gurmeessanii dalagaa irraa miliquu, sababa adda addaa dhiheessanii argamuu dhiisuu
70. I mala mormii deemuu, akka ijaa namootaa ykn ummataa harkisu taasianii karaa dheeraa imala deemuu – Fakkeenyaaf uffata addaa uffatanii akka ija namootaa harkis taasisuudhaan mormii qaban ibsachuufaa dabala.

## **Maloota gargaarsa dinagdee dhorkachuu**

### **(1). Laguu (boycott) Dinagdee –**

#### **Tarkaanfii maammilootaa**

71. Laguu maamilootaa – Waan kan mootummaa fakkaatu irraa fudhachuu ykn bitachuu diduu k.k.f.
72. Meeshaalee fi mi'oota akka lagataman jedhamanitti dhimma bahuu dhaabuu
73. I maammata rakkoo, dhiphina jireenyaa fi mufii mul'isu hordofuu, yeroo hunda rakkoo jiru mul'isuu fi ummata kakaasuu – (Fk.f. mootummichi itti fakkeessuuf kn ummatatti tolaa jiru kan yoo of fakkeessee sanaan gowwoomsamanii rakkoon akka furamaa jirutti hubachuu diduufaa)
74. Kiraa ykn gatii mootummaa baasuu diduu fi bacancarsuu
75. Mootummaa irraa kireeffachuu diduu
76. Laguu biyyoolessaa bittaa fi gurgurtaa fi fayyadamtootaa gaggeessuu

77. Laguu fayyadamtootaa idil-addunyaatti dhageessifachuu fi dhageettii horachiisachuu

### **Tarkaanfii Hojjettootaa fi omishtootaa**

78. Laguu hojjettootaa gaggeessuu
79. Laguu omishtootaa gaggeessuu

### **Tarknaafii sharshaarotaa (middlemen)**

80. Laguu dhiheessitootaa fi raabsotaa gaggeessuu

### **Tarkaanfii Abbootii Qabeenyaa fi gaggeessitoota qabeenyaa**

81. Daldalootni laguu (boycott) gaggeessuu
82. Qabeenya kiressuu ykn gurguruu diduu
83. Dhaabbilee fi jaarmota daldala gaggeessan cuccufuu
84. Deggersa homishummaa dhorkachuu – Akka gurmuu homishtootaatti gargaarsa mootummaan irraa barbaadu dhorkachuu
85. Bittaa fi gurgurtaa guutummaatti dhaabuu

### **Tarkaanfii Burqaa Maallaqaa**

86. Maallaqa Baankiitti kuusatan keessaa baafachuu ykn fudhachuu
87. Qaraxa, baasii fi gibira mootummaa baasuu diduu,
88. Liqaa ykn dhala maallaqaa kaffaluu diduu
89. Baasii dabalaa mootummaan yero yerootti itti eda'u mormuu fi baasuu diduu
90. Gibira galii mormuu, Waan daldalame irratti baasuu gaafatamu diduu
91. Maallaqa mootummichaa harkaa fuudhachuu diduu – Harkaa fuudhanii ittiin hojjachuu diduu k.k.f.

### **Tarkaanfii mootummootaan fudhatu**

92. Biyyattii keessatti qoqqobbii/wixii gaggeessuu
93. Daldaloota mootummicha waliin hojjetan akeekkachiisuu, doorsisuu fi addatti galmeessuu
94. Daldaloota alatti gurguran qoqqobuu
95. Daldaloota ala irraa bitan qoqqobuu
96. Qoqqobbii daldala idil-addunyaa

## **Mala ittiin gargaarsa dinagdee dhorkatan**

### **(2) Hojii Dhaabuu (strike)**

#### **Hojii dhaabuu mul'ataa**

- 97. Fincilanii hojii dhaabuu
- 98. Tarkaanfii sardamaa fudhatamu (shaffisaan hojii dhaabu)

#### **Hojii dhaabuu qonaa (agricultural strike)**

- 99. Hojii dhaabuu qottootaa
- 100. Hojjattooti qonnaa hojii dhaabuu

#### **Hojii dhaabuu gartuu addaa**

- 101. Hujii dirqamaan mootummaan kennu diduu fi bakkayyutti mormuu
- 102. Hojii dhaabu hidhamtootaa gaggeessuu ykn taasisuu
- 103. Warreen ogummaa harkaa qaban fi waa tolchan hojii dhaabuu
- 104. Warreen beekumsaa fi dandeettiin gomaachan hojii dhaabu

#### **Hojii dhaabuu Warshaa**

- 105. Hojii dhaabuu fi mormii hojjettoota ijaarsaa (*Construction workers*)
- 106. Hojii dhaabuu fi mormii hojjettoota warshaa
- 107. Hojii dhaabuu deggersaa gaggeessuu

#### **Mormii Tarkaanfii qabu gaggeessuu**

- 108. Dollotaa fi Mormii bifa adda addaan karuma karaa finiinsuu
- 109. Karaa ykn daandii beekaa muddisiisuu fi cufuu, (*traffic jam and chaos*) keessattuu yeroo dalagaa irraa bahamu akka daandiin wal muddee ummata nuffisiisuu fi mootummicha irratti guungummii heddummeessanii sanumaan sababa godhatanii hiriiran taasisuu.
- 110. Beekaa boodatti hrkisachuu, dhibaawuu fi tutturuu – Bakka deemanii fi waan raawwachuuf jiran daddaffiin xumuruu diduu – Beekaa talisaawuu
- 111. Seera hujii (dalagaa) mootummichaa mormuu fi sakaaluu
- 112. Beekaa dhukkuba himatanii dalagaa irraa hafuu ykn ooluu
- 113. Hujii gadi lakkisuu ykn yoo hujii irraa baasaman mormii kakaasuu

114. Yero yerootti bifa adda addaan sababoota uumanii mormii gaggeessuu – callisanii sababa uumuu fi funaanuu
115. Gaggeessitoota keessaa namoota adda baasuun qofa qofaatti mormii irratti gaggeessuu

#### **Dollota Warshaa walii-galaa**

114. Guutummaan Warshaa dollotuu
115. Dollotnaa walii-galaa – Dollatnaa warshaa deggeruun waliin hiriiruu dabala

#### **Sochii Dollotnaa fi Burqqa Diangdee wal tumsiisuu**

116. Sochii Dinagdee ugguruu fi dhaabuu ykn dhaabsisuu

#### **Mala Waltahiinsa Siyaasaa Dhorkachuu**

#### **Abbootii Taayitaa fi taayitaa isaanii tuffachiisuu, jibbisiisuu fi beekuufii diduu**

117. Deggersa siyaasaa dhorkachuu fi mormii itti kakaasuu
118. Deggersa ummataa irraa ugguruu- akka umamtni hin deggerre jibbisiisuu
119. Haasawa waltajjii mormii qabu ummataaf gochuu, ibsa mormii adda addaa babaasuu fi faffacaasuu

#### **Lammiileen biyyattii keessa jiraatan akka mmoottummaachaaf hin tumsine taasisuu**

120. Qaamota hujii seeraa mootummichaa gaggeessan irratti dollotuu
121. Filmaata diduu fi irrattis dollotuu
122. Hujii mootummaa (*employment*) fudhachuu diduu fi gonfaa (*promotion*) mootummichi kennus diduu
123. Dhaabbilee mootummichaatti dhimma bahuu diduu fi kan duraan itti gargaaramaa turan irraa dhaabuu
124. Dhaabbilee barmootaa mootummaa keessaa yaa'uu, dhiisuu
125. Dhaabbilee mootummicha waliin hidhata qabanitti gargaaramuu diduu fi keessaa bahuu
126. Dhaabbilee mootummicha deggeran irratti mormii kakaasuu
127. Mallattoo deggersaa mootummichaaf qaban duraa kaasachuu fi bakka mootummichaan wal argan irraa dhaabuu
128. Gonfamtoota mootummaa fudhachuu, beekuu diduu fi ittiin mormuu



129. Dhaabbilee mootummaa dalagaafii jiran dadhabsiisuu, diiguu fi akka hin jbaatne irratti hojjachuu- yero yerootti mormii itti hedduummeessuu

### **Lammiin biyyattii essatti akka ajajaman filmaata tolchuufii**

130. Mootummicha duraa callisiisuu fi danqaa itti taasisuu  
131. Bakka to'annoon hin jirretti ofiin hojjachuu diduu fi beekaa talisaawuu  
132. Fincila diddaa umamtaa gaggeessu, akka ummatni bitamuu didu taasisuu  
133. Dugda duubaan diddaa isaa akka mul'isu taasisuu  
134. Wal-gahii gumii mootummichaa sadarkaa adda addaatti tatta'an jeequudhaan gar gar bittimsuu , keessattuu yaadaan akka wal dhiban fi wal dhaban taasisuu  
135. Diddaa ummataa jajjabeessuu, ummatni walitti fufiinsaana diddaa isaa akka hin qabbaneessine taasisuu  
136. Yaamicha hatattamaa biyyoolessaa mootummichi godhuuf owwaachuu diduu  
137. Akka ummataatti wal gurmeessanii fi dhaamsa waliif dabarsanii naannoo jiranitti rirriphuu,  
138. Seerota mootummaa seerawaa hin taane irratti finciluu - fknf kan mootummichi aangoo isaa ittiin tiksachuu fi ummata ittiin to'achuuf babaasu

### **Tarkaanfii Hojjettoota Mootummn fudhatamuu qaban**

139. Deggersaa fi gargaarsa mootummichi taasisu keessaa filuudhaan mormii itti kakaasuu  
140. Caasaa ajajaa fi odeeffata mootummichaa keessa seenanii jeequu fi duraa dadhabsiisuu danda'uu  
141. Gochaa fi sochii mootummichaa hunda guyya guyyaatti balaaleffachuu fi gufachiisuu irratti hojjachuu  
142. Walumaa gala dhimmoota bulchiinsa mootummichaa fakkaatan hundaan mormuu fi tumsa barbaadamu gochuu diduu  
143. Tumsa seerawaa fi haqaa akka ummataatti mootummaaf godhamuu qabu hunda irraa dhaabuu  
144. Warreen hojii mootummaa qindeessan hawwachuun akka isaan talisan ykn dhibaawan taasisuu - karaa isanii danqaa uumuu  
145. Finciluu, ajajamuu diduu fi kachachaluu

### **Tarkaanfii Bulchiitoota mootummaa irraa eegamu.**

146. Seeratti qabatani beekaa dhibaawuu, talisaawuu fi hojii sirriitti gaggeessuu dhiisuu
147. Qaamota mootummaa kaan naannoo isaanii jiran waliin hojjachuu diduu - fknf. Dhaabbatni poolisii bulchitoota mootummichaa naannoo waliin walii galuu diduu, k.k.f.

### **Tarkaanfii mootummaa Idil-addunyaa**

148. Karaa Diplomaasii fi bakka bu'iinsa adda addaatti jijjiiramni akka taasisamu biyyoota alaa hawwachuu
149. Dalagaa diplomaasii fi raawwii isaanii lafa irra harkisuu fi tuttursuu
150. Mootummicha beekumsa Diplomaasii dhorkachiisuu ykn duraa hir'isiisuu
151. Hariiroo diplomaasii ugguruu fi lafa irra harkisuu
152. 152. Dhaabilee fi miseensummaa idil-addunyaa mootummichaaf baamsan keessaa of baasuu - mormii agarsiisuu
153. Miseensummaa idil-addunyaa mootummichaa mormuu
154. Gaafatama, taayitaa fi hirmaatnaa keessaa mootummicha baasuu fi qoqqobuu

### **Akkaataa karaa nagaa diddaa finiinsan fi keessa seenan - Qor-qalbii hatuu**

155. Akka abbootiin taayitaa mootummichaa mata-mataatti of qeeqan, waan dalaganitti gaabbanii dubbatan taasisuu
156. Kakuu waliif seenuu fi of hagabsuu (fasting)
157. a. Hamilee wal jajjabeessuuf waliin hagabuu
158. b. Duula bia fincilaan hagabuu ooluu gaggeessuu
159. Murtii dabre fudhachuu diduu
160. Diddaa nagaan doorsisuu - Bifa naga qabeessa fakkaatuun hiriira bahanii garuu doorsisas gaggeessuu

### **Qaamaan akkataa itti fincila keessatti hirmaatan**

161. Karaa ykn daandii cufanii tattaa'uu
162. Daandii danquu, tuutaan, gurmuu gurmuun dhadhaabbachuu
163. Jeequmsa fi wajjabbara (mess) uumuu
164. Wal-muddamsaa fi dhiibboo ummuudhaan naannoo dhiphisuu
165. Karaa fi daandii irratti waa daddaakuu fi caccabsuu
166. Bifa dirreetti ykn daandittii bahuutiin naannicha dhuunfachuudhaan akka daandiin irraa jal'atu taasisuu

167. Hiriira nagaan fakkeessanii jeequmsaa fi wajjabbara uumuu
168. Hiriira nagaan fakkeessanii samii irratti mallattoo jeequmsaa facaasuun kun kan yoo humni qilleensaa (xayyaaraa) keessatti hirmaate saphlata. Ykn afuuffee laastikaa baraa samii keessa facaasuun ni gargaara
169. Hiriira nagaadhaan qabatanii weerara dhuunfannaa gaggeessuu – naannoo to'achuu
170. Hiriira nagaan diddaa fi dheekkamsaan wal make gaggeessuu
171. Hiriira nagaan diddaa fi dheekkamsa qabuun jeequu, karaa cufuu fi akka hin dabarre ittisuu
172. Hiriira nagaan diddaa mul'isuun bakka dhuunfatanii qabachuu fi bakka hir'ate tuuta ummataa guuttachuu, naannoo qabamee jirutti akka ummatni yaa'u gochuu

**Bifa hawaasummaan akkaataa fincila keessatti itti hirmaatan:**

173. Hariiroo hawaasummaa mootummaan duraan gaggeessaa ture irraa adda kan tahe haaraa hundeessuu
174. Dhaabbilee tajaajila adda addaa ummachuu
175. Sochii hawaasummaa mootummaan qabu bacancarsuu, tajaajila akka sirriitti hin gumaachine danquu
176. Haasawa bakka buutota mootummaa ummataaf taasisamu gidduu seenanii danquu, afaanitti kutuu fi jeequu
177. Agarsiisa ykn do'ii faallaa gochaa mootummaa dhiheessuu – hawaasa daddammaqsuu
178. Waldaa Tajaajila Hawaasaa kan biraa fi fakkaattii kan mootummaa dhadhaabuu, I'ijaaruu
179. Daandii fi karaa daldalaa kan mootummaa irraa adda tahe baasuu, barbaaduu fi ummataaf akeekuu

**Karaa Dinagdee akkaataa itti fincila keessatti hirmaatan:**

180. Fincila mootummaan hammeessuu barbaadu dura dhaabbachuu fi akka ummatni hin gaaga'amne gochuu
181. Dollota itti fufuu fi tursiisuu, hamma deebiin barbaadamu argamutti addaan kutuu diduu fi itti cichuu
182. Sochii diddaa fi mormiidhaan bakka dhuunfachuu, qabachuu
183. Ittisaa fi qoqqobbii mootummaan geessisuun mormuu fi diddaa durumaan eegalameef akka sababa dabalaa tahu gochuu

**Didmaa siyaasaa fi muddama (*tension*) siyaasaa gaggeessuu,**

184. Bittaa fi Gurgurtaa mootummichaa jeequu, akka ciccitu taasisuu
185. Qabeenyaa dhuunfachuu, fuudhuu fi akka hin sossoone ittisuu
186. Qabeenyaa bakka tokkotti walitti guuruu, cancaluu fi akka itti hin gargaaramne taasisuu
187. Mootummicha keessaa fo'anii kanneen ummataaf tumsan deggeruu fi jajjabeessuu
188. Bakka bittaa fi gurgurtaa addatti baasuu, haaraa baasuu ykn uumuu
189. Akkaataa fi sirna geejjibaa haaraa uumuu fi barbaaduu
190. Dhaabbilee dinagdee haharaa fi akka filmaataatti ummata gargaaran dhaabuu ykn uumuu

**Akkataa itti fincila dhuunfataniif fi finiinsan**

191. Sirna bulchiinsa mootummichaa mudduu fi dhiphisuu – akka inni jeeqamu taasisuu
192. Basaasotaa fi warren dhokataniif mootummaaf hojjetan, oduu deddeebisan saaxiluu
193. Bakka namoota bebbeekamoo fi fincilicha sochoosuu keessatti qooda gudguddaa qaban akka hin hidhamne ofiif itti dabruu, beekaa haasawa fincilaa gochuun akka qiyyaafannoo mootummaa isaan irra tahu taasisuu, namoota ija fincilichaa tattahan irraa ilaalcha mootummaa gara dabarsuuf ofiif gaafatamaummaa fudhachuuf of kennuu
194. Seerota hin baamsine jedhamnatti golgamaniif fincila ummataa kakaasuu
195. Mootummichaan wal tahiinsa didanii dalagaa ofii qofaatti itti fufuu, ajajamuu diduu
196. Caasaa mootummaa addatti of danda'e qabu qofaatti uummachaa deemuu.